Of Jajuu Irraa Of Eeggachiisuu Isaa

13 Isin warra, "Har'a yookiis bor mandara akkasii fi akkasii dhaqnee waggaa tokko achi in teenya, in naganna, in buufannas" jettanitti waanan dubbadhu qaba*. 14 Isin waan bor ta'uuf jiru, jireenyi keessanis attam akka ta'u hin beektan; isin akka hurrii yeroo muraasaaf argamee deebi'ee dhabamuu ti*. 15 Kanaa mannaa, "Gooftaan yoo jedhe in jiraanna, kana yookiis sana in goonas" jechuutu isiniif ta'a ture*. 16 Amma garuu waan guddaa of se'uu keessaniin isin of in jaju; of jajuun akkasii kun hundinuu hamaa dha. 17 Namni wanta gaarii hojjechuu beeku, wanta gaarii sana yoo hojjechuu dhiise, cubbuu itti in ta'a*.

**13 Luq 12:13-21; Fak 27:1*
**14 Far 144:4; 39:6,12; Luq 12:20*
**15 HoE 18:21*
**17 Luq 12:47*

Sooressota Of Eeggachiisuu Isaa

5 1 Isin warri sooressonni immoo gadadama isinitti dhufuuf jiruuf boo'aa, wawwaadhaas*! 2 Soorumni keessan in tortora; uffanni keessanis biliidhaan in nyaatama*. 3 Warqeen keessanii fi meetiin keessan sameera; inni same kunis dhugaa isin irratti in ba'a, akka ibiddaas foon dhagna keessanii in nyaata. Guyyoota gara dhumaa kanatti badhaadhummaa walitti qabattaniittu. 4 Kunoo, dadhabbiin warra isin maasii keessan keessaa midhaan haamsifattanii gatii isaanii dhowwachiiftanii in iyya; boo'ichi warra midhaan isiniif sassaaban kanaa gurra Waaqayyo gooftaa maccaa bira ga'eera*. 5 Qannoo fi gammachuutti lafa irra jiraattaniittu; guyyaan gorra'amuu jala ga'ee utuma jiruu, isin ittuma fuftanii nyaattanii of gabbiftaniittu*. 6 Nama qajeelaatti faraddanii ajjeeftaniittu; inni immoo mormee isin harkatti hin qabu.

**1 Luq 6:24*
**2 Mat 6:19*
**4 Lew 19:13; Kes 24:14-15; Mil 3:5*
**5 Luq 16:19,25; Er 12:3; 25:34*

Obsaan Akka Dandaa'an Gorsuu Isaa

7 Ammas obboloota ko, hamma gooftaan deebi'ee dhufutti obsaan danda'aa! Kunoo, qottuun hamma lafti bokkaa isa dura robuu fi isa booddee roobu argatutti, obsaan danda'uudhaan ija lafaa isa gati-jabeessa in eeggata*. 8 Isinis immoo obsaan danda'aa! Deebi'ee dhufuun gooftaa waan dhi'aateef garaa keessan jajjabeessaa*. 9 Obboloota ko, akka isinitti hin faradamnetti wal rakkiftanii bin aadinaa! Kunoo, abbaan firdii balbala dura dhaabatee jira! 10 Waa'ee waan hamaa isa namatti dhufu baachuu fi waa'ee obsaan danda'uu immoo obboloota ko, fakkeenya raajota warra maqaa gooftaatiin dubbatanii fudhadhaa*! 11 Warra obsa-qabeeyyii turan sana, nuyi akka warra gammachuu qabaniitti isaan in ilaalla. Iyoob attam akka obse dhageessaniittu; wanta gooftaan ittiin raawwates argitaniittu. Kunis gooftichi gara-laafessa, oo'a-qabeessas ta'uu isaa in argisiisa*.

**7 Tit 2:13; Kes 11:14; Yoe 2:23*
**8 1Phe 4:7*
**10 Mat 5:12*
**11 Iyo 1:21-22; 2:10; 42:10-16; Far 103:8; 111:4; Bau 34:6*

12 Caalaadhumatti immoo hin kakatinaa! Yaa obboloota ko; waaqaan, lafaan, waan biraatiinis hin kakatinaa! Firdii jala akka hin buunetti, wanti "Eeyyee" jettan eeyyee haa ta'u, wanti "Waawuu" jettanis waawuu haa ta'u*.

**12 Mat 5:34-37*

Kadhanni Humna Akka Qabu Yaadachiisuu Isaa

13 Isin keessaa namni rakkinni itti dhufe jiraa? Inni haa kadhatu! Namni gammadu immoo jiraa? Inni immoo faarfannaadhaan galata haa dhi'eessu*. 14 Isin keessaa namni dhukkubsate jiraa? Inni jaarsolii waldaa kristiyaanaa haa waamsifatu; isaan immoo maqaa gooftaatiin dibata dibanii kadhata haa godhaniif*. 15 Kadhanni amantiidhaan godhamu kun, isa dhukkubsataa in fayyisa; gooftaan isa in kaasa, cubbuu hojjeteera yoo ta'es in dhiisaaf*. 16 Yoos dhukkubattii akka fayyifamtanitti cubbuu keessan walitti himadhaa, waliifis kadhadhaa! Kadhannaan nama qajeelaa waan baay'ee hojjechuu in danda'a*. 17 Eliyaas nama akka keenyaa ture; kadhata isaa keessatti bokkaan akka hin roobneef yommuu kadhate, waggaa sadii fi ji'a ja'aaf bokkaan biyya sanatti hin roobne*. 18 Yeroo inni deebi'ee kadhatetti immoo, waaqni bokkaa in kenne, laftis midhaan in baase*.

**13 Far 50:15; Qol 3:16; Efe 5:19*
**14 Mar 6:13*
**15 Mar 16:18*
**16 Far 145:18-19; Fak 15:29; HoE 12:5*
**17 HoE 14:15; 1Mot 17:1; 18:1; Luq 4:25*
**18 1Mot 18:42-45*

19 Obboloota ko! Isin keessaa namni tokko dhugaa irraa yoo jal'ate, namni biraa deebisee kan isa fidu jiraachuun in ta'a*. 20 Inni nama cubbamaa karaa jal'aa irraa deebise kun, lubbuu du'a oolchuu isaa, baay'ina cubbuus deebi'ee akka hin argamne gochuu isaa haa beeku*!

**19 Gal 6:1*
**20 Mat 18:15; Far 51:13; Fak 10:12; 1Phe 4:8*

Ergaa Phexros Erge
Isa Duraa

Nagaa

1 1 Ani Phexros ergamaan Yesus Kristos kana caafuu koo ti.
Haa ga'u gara warra fo'amanii, isaanis warra biyyaa baafamanii kutaa biyya Phonxositti, Galaatiyaatti, Qaphadooqiyaatti, Asiyaatti akkasumas Bitiiniyaatti tamsa'anii jiranii*. 2 Isin akka akeeka Waaqayyoo abbaatti, Yesus Kristosiif abboomamuuf, dhiiga isaatiinis qulleeffamuuf, hafuura qulqulluudhaan qulqulleeffamtanii fo'amtaniittu.

Ayyaannii fi nagaan isiniif haa baay'atu*!

**1 Yaq 1:1*
**2 Rom 8:29; Ibr 12:24*

Abdii Jiraatu Akka Qabaa Yaadachiisuu Isaa

3 Waaqayyo abbaa gooftaa keenyaa Yesus Kristosiif galanni haa ta'u! Inni araara isaa isa guddaadhaan, Yesus Kristos warra du'an keessaa ka'uu isaatiin, abdii isa jiraataa kanatti qabamnee akka jiraannuuf haaraa godhee nu dhalachiiseera*. 4 Waan hin badne, waan xurii hin qabne, waan gad deebi'aa hin adeemnes, isa waaqa keessatti isiniif eegamee jirutti darbitanii akka fudhattan godheera*. 5 Kunis, isin warra, karaa amantii fayyina bara booddeetti mul'achuuf qophaa'ee taa'u sanaaf, humna Waaqayyootiin eegamtanii jirtaniif in ta'a*. 6 Amma yeroo gabaabduudhaaf qorama garaa garaatiin gaddisiifamuun keessan kan hin oolle yoo ta'e iyyuu, isa sanatti immoo baay'iftanii in gammaddu*. 7 Warqeen inni baduuf jiru iyyuu ibiddaan in qorama; amantiin keessan inni warqee caalaa gati-jabeessi immoo, guyyaa Yesus Kristos itti mul'achuuf jiru sanatti, jajamee guddinaa fi ulfina akka argatutti qoramee in ilaalama*. 8 Isin isa mul'achuuf jiru sana hin argine yoo ta'e iyyuu, isa in jaallattu; amma yoo isa arguu dhaabaattan iyyuu, isatti in amantu akkasumas gammachuu akkas jedhamee hin dubbatamnee fi gammachuu ulfina guddaa qabuun in gammaddu*. 9 Fayyina lubbuu keessanii, isa amantiin keessan bira ga'uudhaaf akeekkachaa jiru argachuuttis in gammaddu*.

**3 Efe 2:4-6*
**4 Qol 1:5*
**5 1Qor 2:5; Yoh 10:28-29*
**6 4:12-13; 5:10; Yaq 1:2; Ibr 12:11*
**7 Fak 17:3; Mil 3:3; Yaq 1:3*
**8 Yoh 20:29; 2Qor 5:7*
**9 Ibr 10:39*

10 Raajonni warri waa'ee ayyaana isiniif kennamuuf ture sanaa raajii dubbatan, fayyina kana barbaadanii waa'ee isaa qoratan*. 11 Isaan waa'ee dhiphina Kristosin argatuu, waa'ee

ulfina booddeedhaan isaaf dhufuuf jiruu, duraan dursanii yeroo dubbatan, hafuurri Kristos inni isaan keessa ture, gara nama attamii yookiis yeroo attamii akka inni argisiisaa ture in qoratan*. 12 Wanti isaan hojjechaa turanis mataa isaaniif utuu hin ta'in, isiniif akka ture mul'ifameera*. Kunis hafuura qulqulluu isa waaqa irraa ergameen, amma karaa warra wangeela lallabanii, isinitti himame; kana immoo ergamoonni Waaqayyoo iyyuu keessa lixanii ilaaluu in hawwu turan*.

**10 Mat 13:17; Luq 10:24*
**11 Luq 24:26; Far 22:1-31; Isa 53:1-12*
**12 Efe 3:10*

Gara Jireenya Qulqullaa'aa Jiraacbuutti Waamuu Isaa

13 Kanaaf mudhii yaada keessanii jabeeffadhaa, warra of qaban ta'aa, abdii keessan guutummaatti ayyaana isa yeroo Yesus Kristos mul'atutti isiniif dhufu irra kaa'adhaa*! 14 Akka ijoollee abboomamanii ta'aa malee, kajeellaa foonii isa bara gowwummaa keessanii duukaa hin lunucca'inaa*! 15 Inni isin waame qulqulluu akkuma ta'e, isinis adeemsa keessan hundumaan qulqulloota ta'aa!

16 Inni caaffata qulqullaa'aa keessatti,
"Ani qulqulluu waanan ta'eef,
isinis qulqulloota ta'aa!"
jedheera*.

**13 Luq 12:35*
**14 Rom 12:2; Efe 4:17-18*
**16 Lew 11:44-45; 19:2*

17 Isa nama utuu wal hin caalchisin, adduma addaan akka hojii isaatti faradu sana "Abbaa" jettanii in waammattu yoo taatan, bara itti akka ormaatti jiraattan hundumaatti isa safeeffachuutti jiraadhaa*! 18 Akka jireenya keessanii isa abboota keessan irraa isinitti darbee, isa waa'ee hin baafne sana jalaa, wanta badu waan akka meetii yookiis warqeetiin akka hin furamin, isin iyyuu in beektu*. 19 Garuu Kristos dhiiga isaa isa gati-jabeessaan, isin fureera; inni akka hoolaa mudaa yookiis xurii hin qabnee ti*. 20 Inni uumamuu biyya lafaa dura yaadaan qabame; gara dhuma baricbaatti immoo isiniif jedhee mul'ifame*. 21 Karaa isaa isin immoo Waaqayyo isa du'aa isa kaasetti ulfinas kenneefitti, warra amanan taataniittu; akkasumas amantiin keessanii fi abdiin keessan Waaqayyotti jabaachuu isaa ti.

**17 Mat 6:9; Rom 2:11*
**18 1Qor 6:20*
**19 Ibr 9:14*
**20 Rom 16:25-26; 2Xim 1:9-10*

22 Isin dhugaadhaaf abboomamuu keessaniin, jireenya keessan qulleeffattanii, obboloota garaa qulqulluudhaan jaallachuu bira geessaniittu; ammas jaalala ho'aa isa garaa keessaa dhufuun wal jaalladhaa*! 23 Isin sanyii baduttii utuu hin ta'in, sanyii hin badnettii sagalee Waaqayyoo isa jiraataa fi isa akka jirutti hafuun, haaraa taatanii dhalattaniittu*. 24 Kanaaf caaffanni qulqullaa'aan,

"Namni foon uffate hundinuu
akka margaa ti,
ulfinni isaa hundinuus akka
daraaraa margaa ti;
margichi in coollaga,
daraaraan isaas in harca'a*.

25 Dubbiin gooftichaa garuu,
hafee bara baraan in jiraata" in
jedha;
dubbiin kun immoo isa
misraachoo isinitti
himamee dha.

**22 4:8; Rom 12:10; 1Yoh 3:18*
**23 Yoh 1:13; Yaq 1:18*
**24 Isa 40:6-8; Yaq 1:10-11*

Dubbii Isa Dhuga-Qabeessaan Akka Guddatan Gorsuu Isaa

2 1 Ammas hammina hundumaa, haxxummaa hundumaa, of arguu dhabuu, weeunoo, maqaa namaa balleessuu hundumaas of irraa fageessaa*! 2 Akka mucooliin reefuu dhalatan aannan barbaadanitti, isinis fayyinaaf ittiin guddachuudhaaf yeroo hundumaa dubbii hafuuraa isa haxxummaan keessa hin jirre akka aannanii sana dharra'aa*! 3 Isin gaarummaa gooftaa miyeeffattaniittu yoo ta'e, kana in gootu*.

**1 Efe 4:22; Yaq 1:21*
**2 Ibr 5:12-13*
**3 Far 34:8*

Kristositti Cimanii Saba Waaqayyoo Akka Ta'an Yaadacbiisuu Isaa

4 Gooftichi inni isin gara isaa dhuftan kun akka dhagaa jiraataa ti;

namoonni dhagaa sana in tuffatan; inni garuu Waaqayyo biratti fo'amaa dha gati-qabeessas*. 5 Isinis luboota qulqullummaa ta'uudhaaf; aarsaa hafuuraa isa karaa Yesus Kristos Waaqayyo duratti fudhatamu dhi'eessuudhaaf, akka dhagoota jiraatootti ijaarsa mana isa hafuuraa sanaaf ta'aa*!

6 Caaffata qulqullaa'aa keessa,
"Kunoo, dhagaa mataa golee
qajeelchu,
isa fo'amaa, isa gati-qabeessas
Xiyoon keessa nan kaa'a;
inni isatti amanatu immoo hin
yeella'u"
kan jedhu jira*.

7 Isin warra itti amantaniif dhagaan kun gatii guddaa qaba; warra itti hin amanneef garuu, caaffanni qulqullaa'aan akkuma jedhutti,

"Dhagichi, mana ijaartuun
tuffatan,
inni dhagaa mataa golee
qajeelchu ta'e"*.

8 Akkasuma immoo, "Inni dhagaa
nama gufachiisu,
kattaa nama kuffisus ta'e" in
jedha;
isaan sababii dubbichaaf
abboomamuu didaniif in
gufatu, kunis isaan irratti
yaadamee ture*.

**4 Far 118:22; Mat 21:42*
**5 Efe 2:21-22; Rom 12:1*
**6 Isa 28:16; Rom 9:33*
**7 HoE 4:11; Far 118:22*
**8 Isa 8:14-15*

9 Isin garuu qomoo fo'amaa dha, luboota mana mootummaa ti, saba qulqullaa'aa dha, warra dhuunfaa Waaqayyoo ta'anii dha. Waaqayyo hojii isaa isa jajamaa akka labsitaniif dukkana keessaa, gara ifa isaa isa dinqisiisaatti isin waame*. 10 Isin takka saba Waaqayyoo hin turre, amma garuu saba isaa taataniittu; isin araara Waaqayyoo hin argatin turtan, amma garuu araara isaa argattaniittu*.

**9 Bau 19:5-6; Kes 4:20; 7:6; 14:2; Isa 43:20-21; Mul 1:6; Efe 5:8; Tit 2:14*
**10 Hos 1:6,9; 2:1,23; Rom 9:25*

Waan Hojjetoota Waaqayyoo Irraa Barbaadamu Gorsuu Isaa

11 Michoota ko! Isin warra ormummaatti jiraattan, warra biyyaa baafamtanis nan gorsa; fedha foonii isa lubbuu keessan lolu irraa fagaadhaa*! 12 Akki isin warra saba Waaqayyoo hin ta'in keessa itti jiraattan gaarii haa ta'u! Akka waan isin hamaa hojjettaniitti warri maqaa keessan balleessan kun, hojii keessan isa gaarii arganii, guyyaa itti Waaqayyo namoota isaa ilaaluu dhufutti, isaaf ulfina haa kennan*!

**11 Far 39:12*
**12 Mat 5:16*

13 Gooftaadhaaf jedhaatii harka warra aboon kennameefii jala of galchaa, mootii isa hundumaa irratti aboo qabuuf abboomamaa*! 14 Warra abboota biyyaa ta'anii namoota waan jal'aa hojjetan adabuuf, namoota waan qajeelaa hojjetan immoo galateeffachuuf isa biraa ergamaniifis abboomamaa! 15 Waaqayyo waan qajeelaa hojjechuu keessaniin namoota warra qalbii malee wallaalummaadhaan dubbatan akka isin afaan qabachiiftan in barbaada*. 16 Akka warra birmaduu Waaqayyoof garboota ta'aniitti jiraadhaa! Garuu birmadummaan keessan kan ittiin hamaa hojjettanii dhoksitan hin ta'in*. 17 Namoota hundumaaf ulfina kennaa; obbolummaa amantootaa jaalladhaa; Waaqayyoon sodaadhaa; mootiidhaaf ulfina kennaa*!

**13 Rom 13:1-7; Tit 3:1*
**15 3:16*
**16 Gal 5:13*
**17 Rom 12:10; Fak 24:21; Mat 22:21*

Dbiphiuui Kristos Fakkeenya Isaanlif Ta'uu Isaa

18 Isin warri garbummaa jala jirtan, gooftota keessaniif ulfina kennuudhaan ajaja isaanii jala bulaa! Kanas warra babba'eeyyii fi garraamotaaf duwwaa utuu hin ta'in, warra gaggadheefis immoo akkasuma godhaa*! 19 Namni Waaqayyoon yaadachaa miidhama sababii malee isa irra ga'u yoo baate, ayyaana in argata*. 20 Balleessaa keessaniif isa rukutamtan yommuu obsitan, galata maalii qabdu? Garuu gaarii gochuu keessaniif isa dhiphattan yommuu obsitan, Waaqayyo biraa ayyaana in argattu*. 21 Isin kana gochuudhaaf waamamtaniittu; Kristos immoo isiniif dhiphatee, faana isaa duukaa akka buutaniif fakkeenya isiniif kenneera*. 22 Caaffata qulqullaa'aa keessa, "Inni cubbuu hin

hojjenne, dubbii isaa keessatti haxxummaan hin argamne" kan jedhu jira*. 23 Inni yommuu arrabsame deebisee hin arrabsine; yommuu dhiphates Waaqayyo isa firdii qajeelaa faradutti kennate malee, warra isa dhiphisan hin doorsifne*. 24 Nnyi cubbuu jalaa duunee qajeelinaaf akka jiraannuuf, inni ofii isaatii cubbuu keenya dhagna isaatiin baatee fannootti ol ba'e; madaa'uu isaatiin isin in fayyifamtan*.

**18 Efe 6:5; Tit 2:9*
**19 Mat 5:10*
**20 3:14,17; 4:13-14,16*
**21 Mat 16:24; Yoh 13:15*
**22 Isa 53:9; Yoh 8:46; 2Qor 5:21*
**23 3:9; Isa 53:7*
**24 Isa 53:5; Rom 6:11,18*

25 Isin akka hoolotaa karaa irraa baddanii turtan, amma garuu gara tiksee fi ilaaltuu lubbuu keessaniitti deebitaniittu*.

**25 Isa 53:6; Yoh 10:11,14*

Haati Manaa Abbaa Manaaf Fakkeenya Gaarii Ta'uu Danda'uu Ishee

3 1 Akkasumas isin dubartoota nana, warra dhiiraa keessaa kaan dubbii Waaqayyoo hin amanne yoo ta'an iyyuu, isin waan tokko tuuu hin dubbatin, amala isin warri haadhota manaa isaanii taatan argisiiftaniin akka mo'amanitti, abboota manaa keessaniif abboomamaa*! 2 Isaan amala keessan isa qullaa'aa fi isa sodaa Waaqayyoo argisiisu in argu. 3 Of kuuluun keessan, wanta alaan mul'atu, mataa tolfachuudhaan, warqee naqachuudhaan, uffata babba'eessa uffachuudhaanis hin ta'in*! 4 Garuu of kuuluun keessan inni hin badne keessa namummaa keessanii isa dhokataadhaan haa ta'u! Kunis hafuura garraamummaa fi gabii isa Waaqayyo duratti guddaa gati-jabeessa ta'e sanaan haa mul'atu! 5 Bara duriitti dubartoonni Waaqayyoof qulqullaa'anii isa abdatan, akkasitti abboota manaa isaaniitiif abboomamuudhaan of kuulaa turan. 6 Saaraan akkas Abrahaamiif abboomamaa, gooftaa koo jettees isa waamaa turte; ammas isin gaarii yoo gootan, doorsisa tokkos hin sodaattan yoo ta'e, ijoollee ishee ta'uu keessan*.

**1 Efe 5:22; Qol 3:18; Tit 2:5*
**3 1Xim 2:9*
**6 18:12*

7 Akkasuma isinis dhiirota nana, dubartoota keessaniif beekaatii wajjin jiraadhaa! Walii wajjin jireenya isa tola isiniif kennamutti galuuf waan jirtaniif, kadhanni keessan gufuu argatee akka hin ittifamnetti, dubartii keessan akka gar tokko dhagna keessanii isa dadhabaatti ulfina kennaaf*!

**7 Efe 5:25; Qol 3:19*

Sababli Waan Gaarii Hojjetaniif Dhipbachuun Bu'aa Qabaachuu Isaa

8 Ammas hundumti keessan hafuuraan, dhageettii yaada garaatiinis tokkummaa qabaadhaa! Dbboloota jaallachuudhaan, gara-laafinaan, gad of deebisuudhaanis walii wajjin jiraadhaa*! 9 Hamaa, hamaadhaan, abaarsas, abaarsaan hin deebisinaa! Garagalchii iyyuu eebbisaa! Isin eebba akka argattaniif waamamtan*.

10 Caaffanni qulqullaa'aan,
"Namni jireenyatti gammaduu barbaadu,
inni bara gaarii arguu fedhus,
arraba isaa hamaa dubbachuuttii,
afaan isaas haxxummaadhaan dubbachuuttii haa ittisu!
11 Inni hamaattii garagalee gaarii haa godhu,
nagaa haa barbaadu, duukaas haa bu'u!
12 Iji gooftichaa,
gara warra qajeelotaa in ilaala;
gurri isaas kadhata isaanii in dhaga'a;
garuu fuulli gooftichaa warra hamaa godhanitti
nyaara gunreera" in jedha*.

**8 Filp 2:2-3*
**9 2:23; Mat 5:44; 1Tas 5:15; Rom 12:14,17*
**10-12 Far 34:12-16; Yaq 1:26*

13 Wanta gaarii gochuudhaaf warra hinaafan yoo taatan, eenyutu hamaa isin irratti hojjeta ree? 14 Wanta qajeelaadhaaf utuu dhiphattanii iyyuu immoo attam gammaddu laata! Sodaachisa warra isin sodaachisanii hin sodaatinaa! Hin raafaminaas*! 15 Kristosiif garuu akka gooftaatti garaa keessan keessatti ulfina addaan ba'e kennaaf! Waa'ee abdii isin keessa jiruuf, nama isin gaafatee, deebii isin irraa barbaaduuf, deebii ga'u deebisuudhaaf yeroo hundumaa qophaa'oo ta'aa! 16 Deebiin keessanis

arraba laafaadhaan nama safeeffachuudhaanis baa ta'u! Warri hamaa isin irratti dubbachuudhaan maqaa keessan balleessan, amala keessan isa gaarii, isa erga kan Kristos taatanii argisiiftan sana bammeessan akka yeella'aniif, yaadni garaa keessanii akka isin bin ceephaanetti jiraadhaa*! 17 Isa hamaa godbaniif dhipbachuu mannaa, jaalala Waaqayyoo taanaan, sababii wanta gaarii godhaniif dhiphachuu wayya*.

**14 2:20; Mat 5:10; Isa 8:12-13*
**16 2:15*
**17 2:20; 4:13-14,16*

18 Kristos immoo gara Waaqayyootti isin fiduudhaaf jedhee, yeroo hundumaaf akka ta'utti al tokkicha, cubbuu namoota baay'eetiif dhiphateera; inni qajeelaan foon uffatee, qooda warra jal'ootaa ajjeefame, hafuuraan jiraachifameera*. 19 Hafuuruma sanaanis dhaqee hafuurota warra mana hidhaa keessa jiranitti lallabe*. 20 Isaan hafuurota namoota warra dura bara Nohitti, yeroo markabni tolfame, yommuu Waaqayyo obsaan isaaniif eeggachaa turetti, isaaf bin abboomamin bafanii dha. Markaba kanaan namoonni muraasi, kana jechuun lubbuun saddeet bishaan keessaa oolan*. 21 Kunis fakkeenya cuuphaa isa isin amma ittiin ooltanii ti; cuuphaan waan ittiin karaa du'aa ka'uu Yesus Kristos, yaada garaa nama hin ceepbaane argachuudhaaf, Waaqayyotti himatanii dha malee, waan ittiin xurii dhagnaa dhiqatan miti*. 22 Inni du'aa ka'e sun gara waaqaatti ol ba'ee, gara mirga Waaqayyoo jira; ergamoonni Waaqayyoo, warri aboo qabu jedhamanii sodaataman, humnoonnis harka isaa jala jiru*.

**18 2:21-24; Rom 6:10*
**19 4:6*
**20 Uma 6:1-22; 7:1-24; 2Phe 2:5*
**21 Ibr 10:22; Efe 5:26*
**22 Efe 1:20-21*

Akka Jaalala Waaqayyootti Akka Jiraatan Gorsuu Isaa

4 1 Kristos namummaa fooniitiin erga dhiphatee, isinis immoo akkuma isaa yaaduudhaan, akka nama lolaaf mi'a hidbateetti taa'aa! Namni namummaa fooniitiin dhiphatu cubbuutti of kennuu dhiiseera*. 2 Egaa foon akka uffattanitti bara si'achi itti jiraattanitti akka jaalala Waaqayyootti malee, akka hawwa namaatti jiraachuun keessan haa hafu! 3 Wanta warri saba Waaqayyoo hin ta'in hojjechuu jaallatan hojjechuudhaan, yeroon isin dabarsitan in ga'a. Bara sanatti gad-dhiisatti, hawwa keessan raawwachuutti, machiitti, gar-malee nyaachuutti, gar-malee dhuguutti, waaqayyolii tolfamaniif sagaduu keessattis karaa baay'ee seera Waaqayyoo irra daddarbuutti jiraachaa turtan*. 4 Isa isin amma isaanitti dabalamtanii lolaa jireenya ittisa hin qabneetiin fudhatamuu dhiiftan in dinqifatu, maqaa keessanis in balleessu. 5 Isaan immoo waan godhan sababii isaa wajjin isa warra jiranii fi warra du'anitti faraduuf qophaa'etti himuuf jiru*. 6 Kanaaf warra du'aniif iyyuu wangeelli in lallabame; warri du'an sun sababii nama ta'aniif fooniin du'uun yoo itti faradame illee, hafuuraan jireenya Waaqayyo kennuufitti in jiraatu*.

**1 2Qor 5:14-15; Rom 6:6-7*
**3 Efe 2:2-3; Tit 3:3*
**5 2Xim 4:1*
**6 3:19*

Kennaa Waaqayyootiin Akka Hojjetan Gorsuu Isaa

7 Dhumni waan hundumaa dhi'aateera; egaa warra of qaban, kadhata gochuufis warra eeggatan ta'aa*! 8 Baay'inni cubbuu akka deebi'ee hin argamne kan godhu jaalala waan ta'eef, bundumaa dura immoo jaalala ho'aa waliif qabaadhaa*! 9 Wal simachuu keessatti namoonni guungummii malee keessummoota simachuu haa jaallatan*! 10 Akka hojii adeemsiftuu gaggaariin kennaa Waaqayyoo isa garaa garaa hojii irra oolchanitti, namni adduma addaan kennaa ayyaanaa isa argate, warra kaaniifis akka waa'ee baasutti ittiin haa hojjetu. 11 Inni dubbatu, isa Waaqayyo jedhe haa dubbatu; inni waa hojjetus, humna Waaqayyo isaaf kenneen haa hojjetu; Waaqayyo waan hundumaan karaa Yesus Kristos ulfina haa argatu! Isaaf ulfinnii fi aangoon baraa bamma bara baraatti haa ta'u! Ameen*.

**7 1Qor 10:11; 1Yoh 2:18*
**8 1:22; Fak 10:12; Yaq 5:20*
**9 Ibr 13:2*
**11 Rom 12:7; 1Phe 5:11*

Kristosiif Dhiphachuutti Akka Gammadan Gorsuu Isaa

12 Michoota ko, wanti akka ibiddaa gubu isin qoruudhaaf yommuu isin irra bu'u, waan takkaa ta'ee hin beekne waan isin irra bu'e fakkaatee, isin hin dinqifachiisin*! 13 Kristos ulfina isaatiin yommuu mul'atu, gammaddanii akka ililchitanitti, hammuma dhiphina isaa keessaa hirmaattuu taatan, isinis hammasuma gammadaa*! 14 Maqaa Kristosiif jettanii yommuu arrabsamtan, isin warra gammadanii dha; hafuurri ulfinaa inni kan Waaqayyoo isin irra in boqota*. 15 Garuu isin keessaa tokko iyyuu nama gumaa yookiis hattuu, nama hamaa hojjete yookiis nama namatti darbe ta'ee hin dhiphatin! 16 Kristiyaana ta'uu isaatiif yoo dhiphate garuu hin yeella'in! Maqaa Kristosiin waamamee isa hojjete sanaan Waaqayyoof ulfina haa kennu*!

**12 1:6-7; Yaq 1:12*
**13 Rom 8:17; Yaq 1:2*
**14 2:20; Mat 5:10-11; HoE 5:41*
**16 HoE 11:26; Filp 1:20*

17 Yeroon firdiin kennamu ga'eera; firdiin kunis warra mana Waaqayyoo kcessaatti in jalqabama; erga dura nutti in jalqabama ta'ee, dhumni warra wangeela Waaqayyoo amanuu didanii maal haa ta'u ree*? 18 Caaffanni qulqullaa'aan, "Namni qajeelaan fayyuun rakkinaan erga ta'ee, namni Waaqayyo malee jiraatuu fi namni cubbamaan attam ta'uuf jira ree?" jedha*. 19 Kanaafis warri akka jaalala Waaqayyootti dhiphatan iyyuu, gaarii hojjechuudhaan luhbuu isaanii uumaa isaanii isa amanamaatti hadaraa haa kennatan*!

**17 Er 25:29; His 9:6; 2Tas 1:8*
**18 Fak 11:31*
**19 Far 31:5; Luq 23:46*

Warra Karra Waaqayyoo Eegan Gorsuu Isaa

5 1 Ani akkuma isaanii maanguddoo, dhuga-baatuu dhiphina Kristos akkasumas hirmaattuu ulfina isa mul'achuuf jiruu ta'ee, maanguddoota isin gidduu jiran nan gorsa*. 2 Karra hoolotaa isa Waaqayyo tikaaf isinitti kenne sana, giddiidhaan utuu hin ta'in, jaalalaan, akka Waaqayyo barbaadutti, bu'aa nama yeellaasisu irraa argachuuf utuu hin ta'in, of kennuudhaan egaa*! 3 Hoolota karra sanaaf fakkeenya ta'uudhaan egaa malee, warra tika keessan jala jiran irratti gooftummaa argisiisuudhaan miti*. 4 Gaafa angafni tiksootaa sun mul'atutti, isinis immoo gonfoo ulfinaa isa gad deebi'aa hin adeemne in argattu*.

**1 Mul 1:9*
**2 Yoh 10:12; 21:17; HoE 20:28*
**3 2Qor 1:24; Filp 3:17; Tit 2:7*
**4 Ibr 13:20; 1Qor 9:25; 2Xim 4:8*

5 Akkasuma isin warri gara ijoollees, maanguddootaaf abboomamaa! Hundumti keessanis gad of deebisuu akkuma uffataatti uffadhaatii, walii keessanii wajjin jiraadhaa! Caaffanni qulqullaa'aan, "Waaqayyo warra kooraan ol of qabaniin in morma, warra gad of deebisaniif immoo ayyaana in kenna" in jedha*.

**5 Efe 5:21; Fak 3:34; Yaq 4:6; Mat 23:12*

6 Kanaafis Waaqayyo yeroon isaa yommuu ga'u akka ol isin qabutti, harka isaa isa aango-qabeessa jalatti gad of deebisaa*! 7 Inni isiniif waan yaaduuf, yaaddoo keessan hundumaa Waaqayyotti gataatii dhiisaa*! 8 Of qabaa, dammaqaas! Seexanni hamajaajiin keessan akka leenci yeroo beela'utti aadaa naanna'utti, nama liqimsuu barbaadee in naanna'a*. 9 Dhiphinni sanyiin isa kan keessanii kun, obboloota keessan warra guutummaa biyya lafaa keessa jiraatanitti akka dhufu beekaatii, warra amantiitti jabaattan ta'aa, Seexanaan mormaas*! 10 Yeroo gabaabduudhaaf erga dhiphattanii booddee garuu, Waaqayyo inni ayyaanni hundinuu biraa argamu, inni karaa Kristos gara ulfina isaa bara baraatti isin waame, ofii isaatii iddootti isin in deebisa, isin in dhaaba, isin in jabeessa, hundee keessanis in cimsa*. 11 Aangoon baruma baraan isaaf haa ta'u! Ameen*.

**6 Yaq 4:10; Mat 23:12; Luq 14:11; 18:14; Iyo 22:29*
**7 Far 55:22; Mat 6:25; Filp 4:6*
**8 1Tas 5:6; Yaq 4:7*
**9 Efe 6:11-13*
**10 Efe 3:16-17*
**11 4:11*

Gara Dhumaatti Nagaa Dhaamuu Isaa

12 Ani harka Silwaanos isa ani obboleessa amanamaatti fudhadhu sanaan, ergaa gabaabduu kana ittiin isin gorsuudhaaf, kun ayyaana Waaqayyoo isa dhugaa ta'uu isaas dhugaa ba'uudhaaf isiniif caafeera. Ayyaana kanatti jabaadhaa dhaabadhaa*! 13 Waldaan akkuma keessan fo'amtee Baabilon jirtu, nagaa isiniif in ergiti; Maarqos ilmi koos akkasuma nagaa isiniif in dhaama*. 14 Jaalala obbolummaatiin wal dhudhungachuudhaan nagaa wal gaafadhaa!

Nagaan isin warra kan Kristos taatan hundumaaf haa ta'u!

**12 HoE 15:22,40*
**13 HoE 12:12,25; 13:13; 15:37-39; Qol 4:10; Film la 24*

Ergaa Phexros Erge
Isa Lammaffaa

Nagaa

1 1 Ani Simoon Phexros, Yesus Kristosiif hojjetaa, ergamaas ta'ee, warra karaa qajeelina Waaqayyo keenyaaf fayyisaa keenyaa Yesus Kristos amantii gati-jabeessa isuma nuyi argaane sana argataniif caafuu koo ti.

2 Waaqayyoon, gooftaa keenya Yesusinis beekuu hira ga'uu keessaniin ayyaannii fi nagaan isiniif haa baay'atu.

Isa Itti Waamamanli Fo'amanittl Akka Jabaatan Gorsuu Isaa

3 Nuyi, Waaqayyo isa ulfina isaa fi humna isaa isa dinqisiisaadhaan nu waame beekuu hira ga'uudhaan wanta nu barbaachisu hundumaa arganneerra. Gooftaan humna waaqayyummaa isaatiin gara jireenyaatti nu geessuuf, namoota Waaqayyoo nu godhachuudhaaf kana hundumaa nuuf kenneera*. 4 Kennaa kanaan isin badiisa, isa sababii kajeellaa fooniitiif biyya lafaa kana keessa jiru jalaa baatanii, dhagna hafuuraa isa kan Waaqayyoottii hirmaattuu akka taataniif abdiin gati-jabeeyyiinii fi gurguddoonni nuuf kennamaniiru. 5 Ammas dhama'uu hundumaan dhama'aa! Amantii qabdan gaarummaadhaan argisiisaa, gaarummaa keessaan beekumsa argisiisaa*! 6 Itti dabaltanii immoo beekumsa keessaan of qabuu, of qabuu keessaan obsaan danda'uu, obsaan danda'uu keessaan nama Waaqayyoo ta'uu keessan argisiisaa! 7 Nama Waaqayyoo ta'uu keessaan obboloota jaallachuu, obboloota jaallachuu keessaan nama hundumaa jaallachuu argisiisaa*! 8 Wanti kun hundinuu isin irraa argamanii baay'achaa yoo adeeman, gooftaa keenya Yesus Kristosin beekuutti warra dhimma baasan, warra ija godhatanis in taatu*. 9 Namni wanti kun hundinuu irraa hin argamne immoo, nama of irraa hutee hin ilaalle, jaamaa dhas; inni cubbuu isaa isa duriittii qulleeffamuu isaa irraanfachuu isaa ti*.

**3 1Phe 2:9*
**5 Gal 5:6,22*
**7 Gal 6:10; 1Tas 3:12*
**8 Yoh 15:16*
**9 1Yoh 2:9,11*

10 Kanaafis obboloota ko, waamamuu keessanitti, fo'amuu keessanittis jabaachuudhaaf caalchisaa dhimmaa! Kana yoo gootan matumaa hin kuftan. 11 Akkasitti mootummaa gooftaa keenyaa fi fayyisaa keenyaa Yesus Kristos isa bara baraa sanatti galuun isiniif in kennama. 12 Kanaafis utuma isin wanta kana hundumaa beektanii, dhugaa isin bira jiru sanattis utuma jabaattanii, ani waa'ee kanaa yeroo hundumaa isin yaadachiisuuf nan jedha. 13 Dhagna koo isa akka godoo kana keessa hamma ani jirutti, yaadachiisee isin dammaqsuun koo qajeelaa dha jedhee fudhadheera*. 14 Gooftaan keenya Yesus Kristos akka anatti argisiisetti, dhagni koo inni akka

godoo kun dafee buqqifamuuf akka jiru ani beeka*. 15 Erga ani godaanee booddee immoo, wanta kana yeroo hundumaa akka isin yaadachuu dandeessan gochuudhaaf nan dhama'a.
**13 2Qor 5:1,4*
**14 2Xim 4:6; Yoh 21:18-19*

Kristos Isa Raajotaan Dubbatame Ulfina Isaa Arguu Isaa

16 Gooftaan keenya Yesus Kristos humni isaa, deebi'ee dhufuun isaas isin biratti akka beekamu yommuu goone, nuyi surraa guddina isaa ija keenyaan arginee beeksifne malee, mammaaksa ogummaadhaan yaadame duukaa buune miti*. 17 Inni Waaqayyo biraa ulfinaa fi guddina yommuu fudhate, sagaleen, "Kun ilma koo isa ani jaalladhu, isa gammachuun koo itti raawwatamuu dha" jedhu, isa guddicha surra-qabeessa sana biraa dhufeeraaf. 18 Nuyi warri gaara qullaa'aa gubbaatti isaa wajjin turre immoo, sagalee waaqa irraa isaaf dhufe kana dhageenyeerra*.
**16 Mat 17:1-2; Luq 9:43*
**17-18 Far 2:7; Isa 42:1; Mat 3:17; 17:1-5; Mar 9:2-7; Luq 9:28-35*

19 Ammas dubbiin raajonni dubbatan kun caalchisee nuuf cime; isinis hamma boruun baqaqutti, bakkalchi garaa keessan keessa ibsus hamma ba'utti, dubbii kana akka ibsaa iddoo dukkanaatti ibsuutti yaadaan duukaa yoo buutan gaarii gochuu keessan. 20 Caalaadhumatti immoo raajiin caaffata qulqullaa'aa akka namni tokko yaada ofii isaatiin kennutti hiikamuun akka hin taane beekuun isin irra jira. 21 Raajii dubbachuun takkaa jaalala namaatiin hin taane; garuu namoonni hafuura qulqullaa'aa geggeeffamanii, wanta Waaqayyo biraa fudhatan dubbataniiru*.
**21 2Xim 3:16-17; 1Phe 1:10-12*

Barsiisonni Sobduun Dhaamni Isaanii Maal Akka Ta'e Yaadachiisuu Isaa

2 1 Akkuma raajonni sobduun saba sana gidduu turan, akkasuma barsiisonni sobduun isin gidduu in jiraatu. Isaan warra utuu irratti hin beekamin, barsiisa wanta amaname irraa kaachisee nama balleessu fidanii, goofticha isa isaan fure iyyuu gananii, ofii isaanii irrattis badiisa ariifachiisaa fidanii dha*. 2 Namoonni baay'eenis gad-dhiisatti jiraachuu isaanii kana duukaa in bu'u; sababii isaaniitiifis karaan dhugaa sun maqaa gadhee in argata*. 3 Sassata isaaniitiin immoo dubbii mataa keessaa fuudhanii odeessaniin isin irraa in nyaatu; firdiin bara duriitii jalqabee isaan irratti kenname hojjechuu hin dhiifne, badiisi isaaniis dhibaa'ee hin rafne*.
**1 Kes 13:1-3; Mat 24:11; Yih la 4*
**2 Rom 2:24*
**3 1Xim 6:3-5*

4 Waaqayyo ergamoota iyyuu warra cubbuu hojjetan gad darbatee, boolla dukkanaa keessatti funyoo sibiilaatiin hidhamanii guyyaa firdiitiif akka kaa'aman godhe malee, isaan hin qusanne*. 5 Bara biyya lafaa isa kan warra Waaqayyo malee jiraatanii, bishaan irra lolaases, Nohin isa qajeelina lallabu, namoota biraa torbaa wajjin oolche malee, biyya lafaa isa bara durii sana hin qusanne*. 6 Inni mandaroota Sodoomii fi Gomoraatti faradee, ibiddaan balleessee daaraa gochuu isaatiin, warra Waaqayyo malee jiraatanitti wanta dhufuuf jiru fakkeenya isaanii irraa akka argan godheera*. 7 Looxin nama qajeelaa, isa gad-dhiisatti jiraachuu warra jal'ootaatti yaadaan rakkachaa ture immoo in oolche*. 8 Namichi qajeelaan sun yeroo isaan gidduu jiraatu waan arguu fi waan dhaga'uun, lubbuun isaa isheen qajeeltuun sababii hojii isaanii isa seeraan walii hin galleef guyyaa guyyaatti isa keessatti in rakkatti turte. 9 Egaa gooftichi, namoota Waaqayyoof bulan qorama keessaa baasuu, warra jal'oota immoo hamma guyyaa firdiitti adabaaf kaa'uu in beeka*. 10 Caalaadhumatti immoo warra kajeellaa foonii isa nama xureessu duukaa bu'an, warra gooftummaa Waaqayyo isaan irraa qabu tuffatan adabaaf in kaa'a. Isaan warra addaggee, warra of gammachiisanii dhas; warra akka ergamootaa waaqa keessatti ulfina qaban in arrabsu malee hin safeeffatan*.
**4 Uma 6:1-2; Yih la 6*
**5 3:6; Uma 6:1-22; 7:1-24; 8:18; 1Phe 3:20*
**6 Uma 19:24-25; Yih la 7*
**7 Uma 19:1-16,29*
**9 1Qor 10:13; Mul 3:10*
**10 Yih la 7,8,16*

11 Ergamoonni Waaqayyoo warri barsiisota sobduu kana caalaa aangoo fi humna qaban illee, warra akka ergamootaa kana arrabsanii akka isaanitti faradamuuf gooftaa duratti isaan irratti hin dubbatan*. 12 Warri adabaaf kaa'aman sun garuu akka bineensota waa yaadanii gargar hin baafnee, warra uumamuu isaaniitiin qabamuuf, ajjeefamuufis dhalatanii ti; wanta ofii isaaniitii hin hubanne in arrabsu, isaan akkuma badiisa bineensota sanaatti baduuf jiru*. 13 Gatii jal'ina isaaniis jal'inni irratti in raawwatama. Isaan guyyaa guutuu jireenya keessa-ba'aa jiraachuudhaan kajeellaa isaanii isa hamaa raawwachuutti in gammadu; kajeellaa isaanii isa hamaatti jireenya keessa-ba'aa jiraachaa, yeroo isinii wajjin nyaatan, isaan xurii fi mudaa isinitti in ta'u*. 14 Ijji isaanii yeroo hundumaa hawwaan gara ejjituu in ilaala, cubbuu hojjechuu irraas aara hin galfatan. Namoota jabaatanii hin dhaabatin wallaalchisanii kiyyoo isaaniitti in galfatu; garaa sassatatti bare qabu; isaan warra abaarsa jala jiranii dha. 15 Karaa isa qajeelaa dhiisanii karaa irraa kaataniiru; karaa Bala'aam ilma Be'or, isa jal'ina hojjechuudhaan bu'aa argachuu jaallate irra bu'aniiru*. 16 Garuu inni irra-daddarbaa isaatiif in ifatame; harreen dubbachuu hin dandeenye sagalee namaatiin dubbattee, maraatummaa raajichaa ittifteetti*.
**11 Yih la 9*
**12 Yih la 10*
**13 Yih la 12*
**15-16 Lak 22:4-35; Kes 23:4; Nah 13:2; Mul 2:14; Yih la 11*
**16 Lak 22:28*

17 Isaan kun akka burqituu bishaan hin qabnee ti, akka hurrii bubbeen oofuu tis; iddoon dukkana limixii isaaniif kaa'amee jira*. 18 Dubbii gowwummaa isaaniitiin guddisanii of in jaju, akka kajeellaa foon isaaniitti gad-dhiisatti jiraachuu isaaniitiinis, warra irraa kaachuutti jiraatan keessaa namoota reefuu baqatanii ba'an wallaalchisanii kiyyoo isaaniitti in galchu*. 19 Warra kana birmadummaa in abdachiisu, garuu ofii isaaniitii iyyuu garboota badiisaa ti; namni waanuma akka gooftaatti isa mo'eef garbicha in ta'a*. 20 Gooftaa keenyaa fi fayyisaa keenya Yesus Kristosin beekuudhaan, xuraa'ummaa biyya lafaa duraa baqatanii erga ba'anii, deebi'anii ittiin qabamanii yoo mo'aman, akki isaan itti jiran inni booddee isa duraa irra in hammaata*. 21 Karaa qajeelummaa erga beekanii booddee, abboommii qulqulluu isa isaaniif kenname irraa garagaluu irra, takkaa utuu hin beekin hafaniiru utuu ta'ee, isaaniif in wayya ture*. 22 Jechi inni, "Sareen diddigee diddiga isaatti in deebi'a" akkasumas, "Booyyeen dhiqatee dhoqqee keessa gangalachuutti in deebi'a" jedhu dhugaa ta'uun isaa, waan isaan kana irra ga'uun in mul'ata*.
**17 Yih la 12-13*
**18 1:4; Yih la 16*
**19 Yoh 8:34; Rom 6:16*
**20 Mat 12:45*
**21 Luq 12:47-48; Ibr 10:26*
**22 Fak 26:11*

Waa'ee Ahdii Deebi'ee Dhufuu Gooftaa Yaadachiisuu Isaa

3 1 Michoota ko! Ani amma ergaa lammaffaa isiniif caafuu koo ti; isaan keessatti isin yaadachiisee yaada keessan isa qullaa'aa nan dammaqsa*. 2 Wanta raajonni qulqulloonni duraan dursanii dubbatan, abboommii gooftaa keenyaa fi fayyisaa keenyaa isa karaa ergamoota warra isiniif hojjetanii argattan yaadadhaa*! 3 Guyyoota gara dhumaatti ga'iftoonni akka kajeellaa foon isaaniitti jiraatan ka'uuf akka jiran, duraan dursaatii beekaa! Isaan isinitti ga'isuudhaaf*, 4 "Deebi'ee dhufuun isaa abdachiifamee ture mitii? Meerree kan raawwatame ree? Erga abboonni keenya iyyuu du'anii, wanti hundinuus akkuma yeroo biyyi lafaa uumametti hafee in jiraata" in jedhu*. 5 Jarri kun bantiiwwan waaqaa durii jalqabanii akka uumaman, laftis sagalee Waaqayyootiin bishaaniin uumamee, bishaan keessaas ba'uu isaa yaadachuu dadhaban*. 6 Bishaanuma sanaan immoo biyyi lafaa inni yeroo sana ture sun liqimfamee akka balleeffame hin yaadanne*. 7 Bantiiwwan waaqaa fi lafti, warri amma jiran kun immoo sagalee Waaqayyoo sanaan ibiddaan balleeffamuudhaaf qopheeffamanii, hamma guyyaa warri Waaqayyo malee jiraatan firdii argatanii badaniitti kaa'amanii jiru.

**1 1:13*
**2 Yih la 17*
**3 1Xim 4:1; Yih la 18*
**4 His 12:22; Isa 5:19*
**5 Uma 1:2,6-9*
**6 2:5; Uma 7:4,11,17-21*

8 Michoota ko! Guyyaan tokko goofticha biratti akka waggaa kumaa, waggaan kumnis akka guyyaa tokkoo ta'uu isaa yaadatti qabadhaa*! 9 Gooftaan wanta abdachiise raawwachuudhaaf hin seesu; akka namoonni tokko seesuutti isa lakkaa'an miti. Inni, namoonni hundinuu yaada garaa isaanii akka geddaratan malee, garri tokko iyyuu akka badan waan hin barbaanneef obsaan isiniif in danda'a*.

**8 Far 90:4*
**9 His 18:23; 33:11; Anb 2:3; Rom 2:4; 1Xim 2:4*

10 Guyyaan gooftaa immoo akka hattuun dhuftutti in dhufa; guyyaa sanatti bantiiwwan waaqaa sagalee guddisee didichuun in dhidhimu; ijoon uumama lubbuu hin qabne hundinuu ho'a ibiddaatiin wal in gad dhiisa; lafti, wanti isa irratti hojjetame hundinuus gubatanii in badu*. 11 Wanti kun hundinuu akkasitti wal in gad dhiisa erga ta'ee, isin namoota attamii ta'uutu isiniif ta'a ree? Jireenya qullaa'aa, jireenya namoota Waaqayyoof ta'u jiraachuun isin irra jira. 12 Akkasitti jiraattanii dhufa guyyaa Waaqayyoo in eeggattu, isaafis ariifattanii in hojjettu. Guyyaa sanaafis bantiiwwan waaqaa ibiddaan gubatanii wal in gad dhiisu; ijoon uumama lubbuu hin qabne hundinuus ho'a ibiddaatiin in baqa. 13 Nuyi garuu akka abdii inni nuuf kenneetti, bantiiwwan waaqaa haaraa, lafa haaraas warra qajeelummaan keessa buufatu in eegganna*.

**10 Mat 24:29,35,43-44; Luq 12:39; 1Tas 5:2; Mul 16:15*
**13 Isa 65:17; 66:22; Mul 21:1,27*

14 Kanaafis michoota ko, isaan kana eeggachaa, warra xurii fi mudaa hin qabne taatanii, Waaqayyoo wajjin nagaa qabaattanii akka argamtaniif dhama'aa! 15 Gooftaan obsaan isiniif danda'uu isaa, fayyinaaf karaa isiniif kennuu isaatti lakkaa'adhaa! Obboleessi keenya Phaawulos inni jaallatamaan ogummaa Waaqayyo isaaf kenneen waa'ee isaatiif isiniif caafeera*, 16 Inni ergaa isaa hundumaa keessatti waa'ee dubbii kanaaf yeroo caafu akkuma kana in dubbata. Ergaa isaa keessa illee wanti hubachuun isaa nama dhibu tokko tokko jira; isa kanas warri wallaalonni, warri waanuma argan qabanii gad dhiisan, akkuma caaffata qulqullaa'aa isa kaanis jal'isan, badiisaaf akka isaanitti ta'utti hiikaa isaa in micciiru.

**15 3:9; Rom 2:4*

17 Isin garuu michoota ko, isa kana duraan dursitanii beektaniittu; kanaafis irraa kaachuu warra seera Waaqayyoo hin eegneetiin fudhatamtanii sokkitanii, isa jabeessitanii qabattan irraa akka hin kufneef of eeggadhaa*! 18 Ayyaana gooftaa keenyaatti, fayyisaa keenya Yesus Kristosin beekuuttis guddadhaa! Bara si'anaatti guyyaa bara baraattis isaaf ulfinni haa ta'u! Ameen*.

**17 Mar 13:5*
**18 Yih la 25*

Ergaa Yohannis Erge

Isa Duraa

Sagalee Jireenyaa

1 1 Waa'ee isa jalqabaa jalqabee turee, sagalee jireenyaa sanaa isiniif in caafna. Nuyi isa dhageenyeerra, ija keenyaan isa argineerra, ilaallees barka keenyaan isa qaqqabanneerra*. 2 Jireenyichi mul'ifameera*; nuyi isa argineerra, isaafis dhugaa in baana; jireenya bara baraa isa abbaa bira ture, nuttis mul'ifame kana isinitti in himna*. 3 Isinis nuu wajjin tokkummaa akka qabaattaniif, isa arginee fi isa dhageenye sana isinitti in himna; tokkummaan keenya immoo abbaadhaa wajjin, ilma isaa Yesus Kristosii wajjinis. 4 Kana hundumaas gammachuun keenya[1] guutuu akka ta'uuf isiniif caafna*.

**1 Yoh 1:1,14*
**2 Yoh 1:4*
**4 Yoh 15:11; 16:24; 2Yoh la 12*

Waaqayyo Ifa Ta'uu Isaa

5 Waaqayyo ifa; dukkannis matumaa isa keessa hin jiru; ergaan nuyi isa irraa dhageenyee isinitti himnus isuma kana*. 6 Waaqayyoo wajjin tokkummaa qabna jennee dukkana keessa yoo deddeebine, in sobna; akka dhugaa sanaattis hin jiraannu*. 7 Akka inni ifa keessa jiru, nuyis ifa keessa yoo deddeebine, nuyi walii keenyaa wajjin tokkummaa qabna, dhiigni ilma isaa Yesus immoo cubbuu hundumaattii nu qulleessa*. 8 Cubbuu hin qabnu yoo jenne of in sossobna; dhugaanis nu keessa hin jiru*. 9 Cubbuu keenya yoo isatti himanne, inni amanamaa fi qajeelaa waan ta'eef, cubbuu keenya nuuf in dhiisa, jal'ina keenya hundumaattiis nu qulleessa*. 10 Nuyi cubbuu hin hojjenne yoo jenne immoo isa sobduu in goona, dubbiin isaas nu keessa hin jiru.

**5 Yaq 1:17*
**6 2:4,9; Yoh 3:21*
**7 Ibr 9:14; Mul 1:5*
**8 Fak 20:9*
**9 Fak 28:13; Far 32:1-4*

Yesus Kristos Nama Nuuf Dhaabatu Ta'uu Isaa

2 1 Yaa ijoollee ko, akka isin cubbuu hin hojjenneef kana isiniifan caafa; namni tokko illee yoo cubbuu hojjete garuu, nama nuuf dhaabatu abbaa biraa qabna, innis Yesus Kristos isa qajeelaa dha*. 2 Inni furee cubbuu keenyaa ti, cubbuu keenya duwwaafis miti cubbuu guutummaa biyya lafaatiifis malee*. 3 Abboommii isaa eeguudhaan isa beekuu keenya in hubanna. 4 Namni, "Ani isa beeka" jedhee, abboommii isaa immoo hin eegne sobduu dha, dhugaanis isa keessa hin jiru*. 5 Namni dubbii isaa eegu Waaqayyoon dhuguma akka jaallatu fiixaan baasee in argisiisa; kanaanis isatti jiraachuu keenya in hubanna*. 6 Namni, "Isatti nan jiraadha" jedhu immoo, karaa Yesus Kristos irra adeeme irra adeemuun in ta'aaf*.

**1 Rom 6:1-2; 8:34; Ibr 7:24-25*
**2 4:10; Qol 1:20*
**4 4:20*
**5 5:3; Yoh 14:21,23*
**6 Yoh 13:15*

Abboommii Isa Haaraa

7 Michoota ko! Abboommii moofaa isa durii durii jalqabee isin bira ture malee, amma abboommii haaraa isiniif hin caafu; abboommiin moofaan sun immoo dubbicha isuma isin dhageessanii dha*. 8 Karaa tokko immoo abboommii haaraa isiniif nan caafa, kunis isa biratti isin birattis dhugaa dha; ifni dhugaa ammumaa waan ibsuuf, dukkanni darbuutti jira*. 9 Namni, "Ani ifa keessan jira" jechaa obboleessa isaa immoo jibbu, amma iyyuu dukkana keessa jira*. 10 Namni obboleessa isaa jaallatu ifa keessa in jiraata; isa keessas wanti nama gufachiisu hin jiru. 11 Namni obboleessa isaa jibbu garuu dukkana keessa jira, dukkanicha keessas in

[1] **1Yoh 1:4 "Gammachuun keenya"** kaan immoo "Gammachuun keessan".

deddeebi'a; dukkanichi ija isaa waan jaamseef, gara itti adeemu hin beeku*.
**7 Yoh 13:34; 2Yoh la 5*
**8 Yoh 8:12; Rom 13:12*
**9 4:20*
**11 Yoh 12:35*

12 Isin ijoollota nana! Maqaa isaatiin cubbuun keessan akka isiniif dhiifame isiniif caafuuttan jira. 13 Isin abboota nana! Isa jalqabaa jalqabee jiru sana akka isin beektan isiniif caafuuttan jira. Isin dargaggoota nana! Isa hamaa akka mootan isiniif caafuuttan jira*. 14 Isin ijoollota nana! Abbaa akka isin beektan isiniif caafeera; isin abboota nana! Isa jalqabaa jalqabee jiru sana akka beektan isiniif caafeera. Isin dargaggoota nana! Isin jaboo akka taatan, dubbiin Waaqayyoos isin keessa akka jiraatu, isa hamaas akka mootan isiniif caafeera.
**13 1:1; Yoh 1:1*

15 Biyya lafaa yookiis waan biyya lafaa jaallachuutti hin hidhaminaa; namni tokko biyya lafaa jaallachuutti yoo hidhame, Waaqayyo abbaa jaallachuun isa keessa hin jiru*. 16 Wanti biyya lafaa keessa jiru hundinuu, hawwiin foonii, hawwiin ijaas, jireenyaan kooruunis biyya lafaa keessaa ba'a malee, abbaa biraa hin ba'u. 17 Biyyi lafaa, hawwiin isaas hundinuu in darba, namni fedha Waaqayyoo raawwatu garuu bara baraan in jiraata.
**15 Yaq 4:4*

Dhufa Warra Kristosiin Mormanii

18 Ijoollee! Yeroon kun isa dhumaa ti. Kristosiin kan mormu akka dhufu kanaan dura dhageessaniittu; ammas warri Kristosiin morman baay'ataniiru. Kanaafis yerichi isa dhumaa akka ta'e nuyi in beekna*. 19 Isaan nu keessaa ba'an malee kan keenya miti; utuu kan keenya ta'anii, nuu wajjin itti in fufu turan. Garuu isaan hundinuu kan keenya akka hin ta'in haa mul'atuuf nu keessaa ba'an*. 20 Isin garuu isa qulqulluu sanaan dibamtaniittu; hundumti keessanis beektota*. 21 Isin dhugaa waan hin beekneefan isiniif caafe miti, waan isin isa becktaniif dhugaa keessaas sobni tokko illee waan hin baaneefan isiniif caafe malee. 22 Isuma Yesus kun, Kristos yookiis Masiihicha ta'uu isaa ganu malee, sobduun eenyu ree? Mormituun Kristos, inni abbaa fi ilma ganu isa kana*. 23 Namni ilmicha ganu abbichaa wajjin firooma hin qabu; ilmicha amanachuu isaa kan beeksisu immoo abbichaa wajjinis firooma qaba*.
**18 1Phe 4:7; Mat 24:5,24; 2Yoh la 7*
**19 HoE 20:30; 1Qor 11:19*
**20 2:27*
**22 2:18*
**23 4:15; Yoh 5:23; 2Yoh la 9*

24 Wanti isin jalqabaa jalqabdanii dhagcessan garaa keessan keessa haa jiraatu! Wanti isin jalqabaa jalqabdanii dhageessan garaa keessan keessa yoo jiraate, isinis ilmichaa fi abbicha keessa in jiraattu. 25 Abdiin inni nu abdachiise isa kana; innis jireenya bara baraa ti. 26 Kanas waa'ee warra karaa irraa isin kaachisuutti jiraniifan isiniif caafe. 27 Dibanni isin isa biraa fudhattan garuu isin keessa in jiraata; inni waan isin barsiisuuf namni biraa isin barsiisu hin barbaachisu. Hafuurri isaa inni dibata jedhame kun waa'ee waan hundumaa isin in barsiisa; barsiifni isaas dhugaa dha, sobnis keessa hin jiru. Egaa akkuma inni isin barsiisetti isatti jiraadhaa*!
**27 Er 31:34; Yoh 14:26; 16:13*

28 Ammas yaa ijoollee ko! Yeroo Kristos mul'atutti ija-jabina akka qabaannu malee, guyyaa dhufa isaatti yeelloodhaan akka hin rifanneef, isumatti jiraadhaa*! 29 Inni qajeelaa ta'uu isaa erga beektanii, namni waan qajeelaa hojjetu hundinuu immoo mucaa Waaqayyoo ta'uu isaa hubachuu in dandeessu*.
**28 4:17*
**29 3:7-10*

Ijoollee Waaqayyoo Ta'uu

3 1 Abbaan jaalala guddaa attamii akka nu argisiise mee ilaalaa! Jaalala kanaan nuyi ijoollee Waaqayyoo jedhamnee in waamamna; dhugumas nuyi ijoollee isaa ti. Biyyi lafaa immoo Waaqayyoon waan hin beekneef, nu hin beeku*. 2 Michoota ko! Nuyi amma ijoollee Waaqayyoo ti; isa booddee immoo maal ta'uuf akka jirru mul'ataa miti. Haa ta'u iyyuu

malee, yommuu inni mul'atu inni akka jirutti isa arguuf waan jirruuf, akka isaa akka taanu beekna*. 3 Akka kanatti kan isa abdatu hundinuu akkuma isa qulqulluu sanaatti of in qulqulleessa*.
**1 Yoh 1:12-13; 16:3*
**2 Rom 8:16-17; Filp 3:21; Qol 3:4*
**3 Ibr 12:14*

4 Cubbuu kan hojjetu hundinuu seera malee in jiraata; cubbuunis seera malee jiraachuu dha. 5 Kristos cubbuu balleessuudhaaf akka mul'ate in beektu; inni garuu cubbuu hin qabu*. 6 Egaa namni isatti qabamee jiraatu hundinuu cubbuu hin hojjetu; namni cubbuu hojjetu hundinuu garuu isa hin argine, isa hin beeknes*.
**5 Isa 53:9; Yoh 1:29; 1Phe 2:24*
**6 Rom 6:14*

7 Yaa ijoollee ko, homtinuu karaa irraa isin hin kaachisin! Inni sun qajeelaa akka ta'e, namni waan qajeelaa hojjetu qajeelaa dha*. 8 Seexanni jalqabaa jalqabee cubbuu waan hojjeteef, namni cubbuu hojjetu kan Seexanaa ti; ilmi Waaqayyo immoo hojii Seexanaa diiguudhaaf mul'ate*. 9 Namni mucaa Waaqayyoo ta'e hundinuu, sanyii Waaqayyoo waan ta'eef cubbuutti qabamee hin jiraatu; mucaa Waaqayyoo waan ta'eefis cubbuutti qabamee jiraachuu hin danda'u*. 10 Namni waan qajeelaa hin hojjenne, obboleessa isaa hin jaallannes hundinuu, kan Waaqayyoo miti; ijoolleen Waaqayyoo fi ijoolleen Seexanaas kanaan in beekamu.
**7 2:29*
**8 Yoh 8:44*
**9 5:18*

Wal Jaallachuu

11 Ergichi isin jalqabaa jalqabdanii dhageessan, "Wal jaallachuun nuuf ta'a" isa jedhuu dha*. 12 Akka Qaayin ta'uun hin ta'u. Inni kan isa hamaa sanaa ture; obboleessa isaas in ajjeese. Sababii maaliitiif immoo isa ajjeese? Hojiin ofii isaa hamaa ta'ee, hojiin obboleessa isaa qajeelaa waan ta'eef isa ajjeese*.
**11 Yoh 13:34; 15:12*
**12 Uma 4:8*

13 Obboloota ko, namoonni biyya lafaa yoo isin jibban hin dinqifatinaa*! 14 Nuyi obboloota waan jaallannuuf du'a keessaa gara jireenyaatti akka darbine beekna; namni nama hin jaallanne immoo du'a keessatti hafa*. 15 Obboleessa isaa kan jibbu hundinuu nama nama ajjeesee dha; namni nama ajjeese abdii jireenya bara baraa of keessaa akka hin qabne isin iyyuu beektu*. 16 Kristos lubbuu isaa nuuf kennuu isaatiin jaalalli maal akka ta'e hubanneerra; egaa nus immoo lubbuu keenya obboloota af kennuun nuuf ta'a*. 17 Namni biyya lafaa kana iratti waan ittiin jiraatu qabu, dhaba obboleessa isaatii argee yoo garaa itti jabaate, jaalalli Waaqayyoo attamitti isa keessa jiraata ree*? 18 Yaa ijoollee ko! Kottaa dubbiidhaa fi afaaniin utuu hin ta'in bojiidhaa fi garaa dhugaadhaan in jaallannaa*!
**13 Yoh 15:18-19*
**14 2:11; Yoh 5:24; Efe 6:10*
**15 Mat 5:21-22*
**16 Yoh 15:13*
**17 Kes 15:7*
**18 Yaq 2:15-16*

Fuula Waaqayyoo Duratti Ija Jabina Qabaachuu

19 Nuyi kan dhugaa ta'uu keenya kanaan hubachuuf jirra, fuula Waaqayyoo durattis garaa keenya calluma in jechisiifna. 20 Garaan keenya yeroo nutti faradutti immoo, Waaqayyo garaa keenya irra caalee waan hundumaa akka hubatu in beekna*. 21 Yaa michoota ko! Garaan keenya yeroo nutti hin farannettis, Waaqayyo duratti ija-jabina qabna*.
**20 Isa 55:7-9; Luq 15:20-22*
**21 Ibr 4:16*

22 Nuyi waanuma isa kadhannu isa biraa in fudhanna; abboommota isaa in eegna, waan isa gammachiisus in hojjenna*. 23 Abboommiin isaa kunis, "Maqaa ilma koo Yesus Kristositti amanaa! Akka abboommii inni kennettis walii keessan jaalladhaa!" nuun jedha*. 24 Namni abboommota isaa eegu isa keessa in jiraata; innis namicha keessa in jiraata; hafuura inni nuuf kenneenis nu keessa jiraachuu isaa in hubanna*.
**22 5:14-15; Mar 11:24*
**23 Yoh 6:29; 13:34; 15:12,17*
**24 4:13; Rom 8:9*

Hafuura Dhugaa Fi Hafuura Sobaa

4 [1] Michoota ko! Warra bafuuraan in dubbanna jedhan hunda bin amaninaa, Waaqayyo biraa yoo ta'an hafuurota isaan ittiin dubbatan qoraatii ilaalaa malee, raajonni sobduun baay'een gara biyya lafaatti ba'aniiru*. [2] Hafuurri, Yesus Kristos fooniin dhufuu isaa amanatee beeksisu hundinuu kan Waaqayyoo ti; kanaanis hafuura Waaqayyoo ta'uu isaa in hubattu. [3] Hafuurri akka kanatti Yesusin amanatee hin beeksifne hundinuu garuu, kan Waaqayyoo miti; inni kun bafuura isa Kristosiin mormu, isa isin akka inni dhufu dhageessanii dha. Inni ammumaa biyya lafaa keessa jira*. [4] Ijoollee ko! Isin kan Waaqayyoo ti, raajota sobduu sanas mootaniittu; hafuura isa biyya lafaa keessa jiru sana irra, isa isin keessa jirutu caala'o*. [5] Isaan kan biyya lafaa ti; kanaaf isa biyya lafaa in dubbatu, biyyi lafaas isaan in dhaggeeffata*. [6] Nuyi kan Waaqayyoo ti, namni Waaqayyoon beekus nu dhaggeeffata; inni kan Waaqayyoo hin ta'in immoo nu hin dhaggeeffatu. Kanaan hafuura dhugaa, hafuura sobaattii gargar baafnee in hubanna*.

**1 1Tas 5:19-22; Mat 7:15*
**3 2:18,22*
**4 Luq 11:22*
**5 Yoh 15:19*
**6 Yoh 8:47*

Waaqayyo Jaalala Ta'uu Isaa

7 Michoota ko! Jaalalli kan Waaqayyoo waan ta'eef, kottaa wal in jaallannaa! Namni jaallatu hundinuu mucaa Waaqayyoo ti, Waaqayyoonis in beeka. [8] Waaqayyo jaalala waan ta'eef, namni hin jaallatin, Waaqayyoon hin beekne. [9] Waaqayyo akka nuyi isaan jireenya argannuuf, tokkicha ilma isaa gara biyya lafaatti erge; kanaan jaalalli Waaqayyoo nu gidduutti in mul'ate*. [10] Nuyi Waaqayyoon bin jaallanne; inni garuu nu jaallate, ilma isaas cubbuu keenyaaf furee baa ta'uuf nuuf erge. Jaalala jechuun isa kana*. [11] Michoota ko! Waaqayyo akkana erga nu jaallatee, nuufis immoo wal jaallachuun in ta'a. [12] Namni tokko illee Waaqayyoon takkaa hin argine; yoo wal jaallanne, Waaqayyo nu keessa in jiraata, jaalalli inni ittiin nu jaallatus nu keessatti fiixaan ba'uu isaa ti*.

**9 Yoh 3:16*
**10 2:2*
**12 Yoh 1:18*

13 Inni hafuura ofii isaatii irraa waan nuuf kenneef, nuyi isa keessa, innis nu keessa akka jiraatu in hubanna*. [14] Abbaan ilma isaa fayyisaa biyya lafaa godhee akka erge, nuyi argineerra, dhugaas in baana*. [15] Namni Yesus ilma Waaqayyoo ta'uu isaa amanee yoo beeksise, Waaqayyo isa keessa, innis Waaqayyo keessa in jiraata*. [16] Nuyis jaalala Waaqayyo nuuf qabu hubanneerra, amanneerras. Waaqayyo jaalala; namni jaalalatti qabamee jiraatus Waaqayyo keessa in jiraata, Waaqayyos isa keessa in jiraata*.

**13 3:24*
**14 Yoh 3:17*
**15 5:5*
**16 4:8*

17 Biyya lafaa kana keessatti akkuma Kristos jiraatetti jiraachuu keenyaan guyyaa firdiif ija-jabina qabna; kanaan jaalalli Waaqayyoo nu biratti fiixaan ba'uu isaa ti*. [18] Jaalala keessa sodaan bin jiru; jaalalli inni iddoo ga'e sodaa gad baasee in gata; sodaan adabatti hidhamee waan jiruuf, namni sodaatu jaalalli isaa iddoo hin geenye. [19] Inni duraan dursee waan nu jaallateef, nuyis kottaa in jaallannaa! [20] Namni, "Waaqayyoon nan jaalladha" jedhee, obboleessa isaa immoo yoo jibbe, inni sobduu dha; obboleessa isaa isa arge kan hin jaallanne, Waaqayyoon isa bin argin jaallachuu hin danda'u*. [21] Egaa namni Waaqayyoon jaallatu, obboleessa isaa immoo akka jaaljatuuf abboommii kana isa biraa arganne*.

**17 2:28*
**20 2:4,9*
**21 Mat 22:36-40; Mar 12:29-31*

Amantiidbaan Biyya Lafaa Mo'uu

5 [1] Yesus kun Masiibicha ta'uu isaa namni amanu hundinuu mucaa Waaqayyoo ti; isa dhalche sana namni jaallatu isa abbichattii dbalates immoo in jaallata*. [2] Waaqayyoon yommuu jaallannu, abboommii isaas yommuu goonu, ijoollee Waaqayyoo jaallachuu keenya in hubanna. [3] Waaqayyoon jaallachuu jechuunis abboommota isaa eeguu dha; abboommonni isaa immoo ba'aa ulfaatoo miti*. [4] Sababii namni mucaa Waaqayyoo ta'e hundinuu biyya lafaa mo'uuf, ba'aa ulfaatoo itti hin ta'an; bumni ittiin biyyi lafaa mo'amu kunis amantii keenya*. [5] Eenyutu biyya lafaa mo'uu danda'a? Yesus ilma Waaqayyoo ta'uu isaa nama amanu duwwaatu biyya lafaa mo'uu danda'a*.

**1 4:15-16; Yoh 1:12-13*
**3 2Yoh la 6; Yoh 14:15,23-24; Mat 11:30*
**4 Yoh 16:33*
**5 4:4; Rom 8:37*

Warra Yesus Kristosiif Dbugaa Ba'an

6 Inni bishaaniin cuuphamee dbiiga isaa dbangalaasuuf dhufe isa kana; innis Yesus Kristos. Inni bisbaan duwwaadhaan miti, bishaanii fi dbiigaan dhufe malee. Hafuurri qulqullnun kana dhugaa in ba'a, hafuurichi dbugaa dba*. [7] Dbuga-baatuu sadiitu jira[2]. [8] Isaan kunis hafuuricba, bishaanicba, dbiigicba, sadannus sagalee tokkoon dhugaa ba'u*. [9] Isa namoonni dhugaa ba'an kan fudhannu erga taanee, inni Waaqayyo dhugaa ba'u immoo in caala. Dhugaan Waaqayyoos isa inni ilma isaatiif dhugaa ba'ee dha*. [10] Namni ilma Waaqayyootti amanu, dhugaa kana of keessaa qaba; namni Waaqayyoon hin amanne garuu, isa Waaqayyo ilma isaatiif dhugaa ba'e waan amanuu dhiiseef, Waaqayyoon sobduu gochuu isaa ti*. [11] Waaqayyo jireenya bara baraa nuuf kenne; egaa dhugaan isaa isa kana; jireenyi bara baraa kunis ilma isaa keessatti argama*. [12] Namni ilma Waaqayyoo qabaatu jireenyicha qaba; namni ilma Waaqayyoo hin qabaanne, jireenyicha hin qabu*.

**6 Yoh 19:34-35; 15:26*
**8 HoE 10:47; Yoh 3:5; Mat 26:28*
**9 Yoh 5:32,36-37; 8:18*
**10 Rom 8:16; Yoh 3:33*
**11 Yoh 1:4*
**12 Yoh 3:36*

Jireenya Bara Baraa Fi Du'a Bara Baraa Gargar Baasuu

13 Isin warri maqaa ilma Waaqayyootti amantan, jireenya bara baraa qabaachuu keessan akka beektaniifan kana bundumaa isiniif caafe*. [14] Akka fedha isaatti yoo isa kadhanne inni nuuf in dhaga'a; akka kanatti isa in amananna*. [15] Kadhata keenya akka inni nuuf dhaga'u yoo beekne, waan kadhanne akka isa biraa argannus in beekna.

**13 Yoh 20:31*
**14 3:21-22; Yoh 14:13-14*

16 Namni tokko obboleessi isaa cubbuu du'a [bara baraatti] isa hin geessine utuu hojjetuu yoo arge haa kadhatuuf, Waaqayyo jireenya isaaf in kenna. Kunis warra cubbuu du'a [bara baraatti] isaan hin geessine hojjetan duwwaadhaaf ta'a; cubbuun du'a [bara baraatti] nama geessu jira; namni isa akkasii kanaaf haa kadhatu jechuu koo miti*. [17] Seera malee jiraachuun hundinuu cubbuu dha; garuu cubbuun du'a [bara baraatti] nama hin geessine jira.

**16 Mat 12:31; Ibr 6:4-6*

18 Namni mucaa Waaqayyoo ta'e cubbuutti qabamee akka hin jiraanne in beekna; ilmi Waaqayyoo isa in eega, inni hamaanis isa hin tuqu*. [19] Nuyi kan Waaqayyoo akka taane, guutummaan biyya lafaa immoo harka isa hamaa jala akka jiru in beekna*. [20] Ilmi Waaqayyoo dhufee isa dhugaa sana baruudhaaf, hubannaa akka nuuf kenne nuyi in beekna. Nuyi isa dhugaa sana keessa, ilma isaa Yesus Kristos keessas in jiraanna; Waaqayyo inni dhugaan, jireenyi bara baraas isa kana*. [21] Yaa ijoollee ko, waaqayyolii tolfaman irraa of eeggadhaa*!

**18 3:9; Yoh 17:15*
**19 Gal 1:4*
**20 Yoh 17:3*
**21 1Qor 10:14*

[2] **1Yoh 5:7 "Dhuga-baatuu sadiitu jira"**; tokko duwwaatu "Bantii waaqaa keessa dhuga-baatuu sadiitu jira isaanis 'Abbaa, sagalee, hafuura qulqulluus; isaan kun sadan immoo tokko' " jedha.

Ergaa Yohannis Erge
Isa Lammaffaa

Ittiin Lixa

1 Ana isa maanguddicba biraa,
haa ga'u gara haadha warraa isbee
fo'atamtee fi gara ijoollee ishee, warra
ani dhugaadhaan jaalladhuu; ana ko-
phaa miti, warri dhugaa bubatan bun-
dinuu isin in jaallatu malee*. 2 Jaalalli
kunis, dhugicbi inni nu keessatti hafee
jiru bara baraan waan nu bira jiraatuuf.
3 Ayyaanni, araarri, nagaanis Waaqay-
yo abbaa biraa, Yesus Kristos ilma
abbaa biraas dhugaatti, jaalalattis nuu
wajjin baa ta'u*.
**1 3Yoh la 1*
**3 1Xim 1:2; 2Xim 1:2*

Dbugaa Fi Jaalala

4 Ijoollee kee keessaa kaan, akkuma
nuyi abbaa biraa abboomamnetti dhugi-
cha duukaa utuu bu'anii argachuun
baay'ee na gammachiise*. 5 Yaa haadha
warraa! Abboommii haaraa siif caafuuf
miti, garuu nuyi walii keenya akka
jaallannu, abboommii isa durii durii
jalqabnee qabna turre sana sin yaada-
chiisa malee*. 6 Jaalala jechuun akka
abboommii Waaqayyootti jiraachuu dha;
akkasitti akka jiraattaniif, abboommiin
jalqabaa jalqabdanii dhageessan isa ka-
na*. 7 Warri nama wallaalchisan, Yesus
Kristos fooniin dhufuu isaa amananii
warri bin beeksifne, baay'een gara biyya
lafaatti ba'aniiru; inni nama wallaalcbi-
su, inni Kristosiin mormus isa akka-
siitti*. 8 Of eeggadhaa! Miindaa guutuu
akka argattaniif, kanaa achi inni itti
dadhabdan bundinuu isin duraa in bada*.
9 Namni barsiisa Kristositti qabamuu
dhiisee, kana irra darbee barsiisu, Waa-
qayyoon of biraa bin qabu; inni barsiisi-
chatti qabamee jiraatu immoo, abbaa,
ilmas of biraa qaba*. 10 Namni barsiisa
kana hin fudhanne isin barsiisuuf yoo
dhufe garuu, mana keessanitti isa hin
simatinaa! Nagaa iyyuu isa hin gaafati-
naa*! 11 Namni nagaa isa gaafatu, hojii
isaa isa hamaattii hirmaachuu isaa ti*.
**4 3Yoh la 4*
**5 Yoh 13:34; 15:12,17; 1Yoh 2:7; 3:11,23*
**6 1Yoh 5:3*
**7 1Yoh 2:18; 4:1-3*
**8 Gal 4:11*
**9 1Yoh 2:23*
**10 2Tas 3:6,14*
**11 1Xim 5:22*

Ittiin Raawwata

12 Kanan isiniif caafu illee waan
baay'ee qaba; garuu gammachuun
keenya guutuu akka ta'uuf, qalamii-
dhaan waraqata irratti isiniif caafuu
hin barbaanne. Ani dhufee wal argi-
nee afaaniin isinii wajjin haasa'uu
nan abdadba*.
**12 1Yoh 1:4; 3Yoh la 13-14*

13 Ijoolleen obboleettii kee ishee fo'a-
tamtee nagaa siif dhaamu.

Ergaa Yohannis Erge
Isa Sadaffaa

Ittiin Lixa

1 Ana isa maanguddicba biraa,
haa ga'u gara Gaayos jaallatamaa isa
ani dhugaadhaan jaalladhuu*!
**1 HoE 19:29; 20:4; Rom 16:23; 1Qor 1:14; 2Yoh la 1*

2 Yaa michuu ko! Akkuma karaa
lubbuu sitti tole, karaa bundumaan akka
sitti tolu, akka ati fayyaa taatus nan
kadhadha. 3 Obboloonni tokko dhufanii,
dhugaatti qabamtee akka jiraattu, dhu-
gaadhaaf amanamuu kee mul'isanii
yommuu dubbatan, guddaan gammade*.

4 Ijoolleen koo dhugaatti qabamanii ji-
raachuu isaanii dhaga'uun gammacbuu
koo ti; gammachuu kana irra caalus hin
qabu.
**3 2Yoh la 4*

Wal Simacbuun
Obbolootaa Jajamuu Isaa

5 Yaa michuu ko! Waan obbolootaaf,
caalaadhumatti immoo keessummootaaf
gootu amanamummaadhaan in hojjetta.
6 Obboloonni keessummummaaf dhufan
sun waa'ee jaalala kee waldaa kristiyaa-
naa duratti mul'isanii dubbataniiru;
Waaqayyo duratti qajeelaa akka ta'utti
karaadhaaf waan isaan barbaachisu laat-
teefii, yoo isaan geggeessite gaarii hoj-
jecbuu kee ti*. 7 Isaan maqaa Kristosiin
barsiisuudhaaf ba'aniiru; warra aman-
toota hin ta'in irraas homaa hin fudha-
tan*. 8 Nuyi dubbii dhugaa kana keessatti
hidhata isaanii ta'uudhaaf namoota ak-
kasii kana simannee gargaaruun nuuf in
ta'a*.
**6 Tit 3:13*
**7 Mat 10:8; 1Qor 9:12,15*
**8 Mat 10:40; Rom 16:2; Ibr 13:2*

Gorsa Wal Dlduu
Irraa Of Eeggachiisu

9 Ani waldaa kristiyaanaatiif waan
tokko caafeera; Diyotreefes inni geg-
geessitnu ta'uu barbaadu immoo nu hin
dhaga'u. 10 Egaa yoon dhufe, waan inni
hojjetuu fi isa inni dubbii bundee hin
qabneen maqaa balleessu hundu-
maa nan kaasa; kunumtuu isa ga'uu
dinnaan, ofii isaatii obboloota warra
diidaa dhufan dhaga'uu dide; warra
obboloota kana dhaga'uu barbaadan im-
moo dhowwee, waldaa kristiyaanaa
keessaa in baasa.

11 Yaa michuu ko! Waan hamaa
hin akkeessin waan gaarii akkeessi
malee; namni waan gaarii bojjetu, kan
Waaqayyoo ti; namni waan hamaa
hojjetu Waaqayyoon hin argine*.
12 Namoonni hundinuu, waa'ee De-
meexrosiif waan gaarii mul'isanii in
dubbatu; ija dhugaa durattis waan
gaariitu dubbatamaaf; nus immoo ka-
na mul'ifnee in dubbanna, atis inni
nuyi mul'ifnee dubbannu kun dhugaa
akka ta'e in beekta*.
**11 1Yoh 2:29; 3:6,9*
**12 Yoh 21:24*

Ittiin Raawwata

13 Kanan siif caafu illee waan
baay'ee qaba; garuu biriidhaa fi qala-
miidhaan siif caafuu hin barbaadu*.
14 Afaaniin walii wajjin akka haasof-
nuuf dafee si arguu nan abdadha.
15 Nagaan siif haa ta'u, firoonni kee
nagaa siif crgu; tokkuma tokkoon
maqaa dha'iitii firoota keenyatti na-
gaa nuuf himi!
**13 2Yoh la 12*

Ergaa Yihudaan Erge

Nagaa

1 Ani Yihudaan garbichi Yesus
Kristos obboleessi Yaaqoob, isin
warra waamamtanii, Waaqayyo ab-
baadhaan jaallatamtanii, Yesus
Kristosiin eegamtaniif kana caafuu
koo ti*.
**1 Mat 13:55*

2 Araarri, nagaan, jaalallis isiniif
haa baay'atu*!
**2 2Phe 1:2*

Waa'ee Barslisota Sobduu
Isaan Yaadachiisuu Isaa

3 Michoota ko! Waa'ee fayyina wa-
lii wajjin qabnuuf duruma iyyuu isiniif
caafuudhaaf dhama'aa utuun jiruu, am-
ma amantii isa al tokkicha yeroo hun-
dumaaf akka ta'utti warra Waaqayyoof
qulqullaa'anitti dabarfame sanaaf akka
loltaniif, caafee isin gorsuun giddiitti
barbaachisaa ta'uu isaa argeera*.
4 Warri Waaqayyo malee jiraatan, ay-
yaana Waaqayyo keenyaa argachuun

"Gad-dhiisatti jiraachuu dha" jedhanii yaada isaanii diddiiranii, gooftaa keenya Yesus Kristosin isa kophaa isaa gooftummaa qabus gananii, lo'anii nu gidduu galaniiru. Isaan kun wanta yakka isaanitti mursiisu kana jalatti duraan dursanii caafamaniiru*.

**3 1Xim 1:18*
**4 Gal 2:4; 2Phe 2:1-3*

5 Isin waan ani amma isiniif caafuuf jedhu hundumaa in beektu. Haa ta'u iyyuu malee, ani isin yaadachiisuu nan barbaada; innis gooftichi saba isaa al tokkicha biyya Gibxii baasee akka isaan oolche, booddee immoo warra isatti hin amanin sana akka balleessee dha*. 6 Isa Waaqayyo ergamoota warra aboo isaanitti kenname irra darbanii, lafa taa'umsa isaanii gad dhiisan, funyoo hidhaa bara baraatiin dukkana jalatti hidhee, firdii isa guyyaa guddaa sanaaf isaan eegu yaadadhaa*! 7 Akkuma ergamoota sanaa immoo warri mandaroota Sodoomii fi Gomoraa, warri mandaroota naannoo sanaas halalummaa keessa ba'anii, ejjummaadhaaf warruma akka isaanii nama hin ta'in duukaa iyyuu in adeemu turan. Isaan adaba ibidda bara baraa fudhachuudhaan, wanta warra akkasii irratti dhufuuf jiru argisiisuudhaaf fakkeenya ta'aniiru*.

**5 Bau 12:51; Lak 14:29-30,35; Ibr 3:16-19*
**6 Uma 6:1-2; 2Phe 2:4,9*
**7 Uma 19:1-25; 2Phe 2:6,10*

8 Akkasuma immoo warri lo'anii nu gidduu galanii, yaada isaanii abju'atan immoo xurii foon isaaniitti in dibu, gooftummaa Waaqayyo isaan irraa qabu in dagatu, warra akka ergamootaa waaqa keessatti ulfina qaban in arrabsu. 9 Mikaa'el angafni ergamootaa iyyuu, yeroo rceffa Musee irratti Seexanaa wajjin walitti falmanii wal qoccolan, "Gooftaan sitti haa dheekkamu!" jedhe malee, arrabsee itti faraduudhaaf ija hin jabaanne*. 10 Isaan kun garuu waanuma beekuu dadhaban in arrabsu; wanta akka bineensota waa yaadanii gargar hin baafneetti dhageettii uumamaatiin hubataniin immoo, in badu*. 11 Isaaniif wayyoo! Isaan karaa Qaayin irra bu'aniiru, bu'aadhaaf jedhanii guutummaatti irraa kaachuu Bala'aamitti of gad dhiisaniiru; akkuma Qoraahi mormanii Waaqayyo irratti ka'uu isaaniitiinis balleeffamuu isaanii ti*. 12 Jarri kun irbaata jaalalaa isa walii wajjin qabdan yeelloo malee isinii wajjin nyaachuun isaanii xurii isinitti in ta'a. Isaan garaa isaanii duwwaadhaaf in yaadu; isaan akka duumessa bokkaa of keessaa hin qabnee, isa qilleensaan oofamuu ti; akka muka yeroo ija kennuun isaaf ta'utti ija dhabee ti, akka muka bundeedhaan buqqa'ee gogee qosoree ti*. 13 Akkuma dha'aan galaanaa inni hunkuramaan hoomacha baasu, isaanis bojii isaanii isa yeellaasisaa akka hoomachaatti ol in baasu; isaan akka qorsaa ti; iddoon dukkana limixii bara baraan isaaniif kaa'amee jira*.

**9 Dan 10:13,21; 12:1; Mul 12:7; Kes 34:6; Zak 3:2; 2Phe 2:11*
**10 2Phe 2:12*
**11 Uma 4:3-8; Lak 22:1-35; 16:1-35; Kes 23:4; Nah 13:2; 2Phe 2:15*
**12 His 34:2,8; 2Phe 2:13,17*
**13 Isa 57:20; 2Phe 2:17*

14 Henok Addaamii jalqabee dhaloota torbaffaa ture; inni waa'ee isaan kanaa immoo raajii dubbatee, "Kunoo, gooftichi kumaatama qulqulloota isaa wajjin in dhufa*! 15 Inni nama bundumaa irratti faraduudhaaf taa'ee, waan warri Waaqayyo malee jiraatan jireenya akkasii keessatti hojjetan hundumaa, dubbii jajjabaa cubbamoonni warri Waaqayyo malee jiraatan isa irratti dubbatan hundumaa, bakkeetti baasee amansiisee, nama adduma addaan in adaba" jedhe*. 16 Namoonni raajiin irratti dubbatame kun waan hundumaatti in guungumu, waan hundumaas in komatu, akka kajeellaa isaaniitti in jiraatu, afaaniin guddisanii of in jaju, warra waa irraa abdatan immoo sobanii in saadu*.

**14 Uma 5:18,21-24; Kes 33:2; Mat 25:31*
**15 Mat 12:36*
**16 2Phe 2:18*

Of Eeggachiisuu Isaa, Gorsuu Isaas

17 Isin garuu michoota ko, dubbii ergamoonni gooftaa keenyaa Yesus Kristos kanaan dura dubbatan yaadadhaa*! 18 Isaan, "Yeroo gara dhumaatti ga'iftoonni warri Waaqayyo malee akka kajeellaa foon isaaniitti jiraatan dhufuuf jiru" jedhanii isinitti himaniiru*. 19 Warri dhufan kun gargar ba'uu in fidu, yaada foonii jalas of in galchu, hafuuricha of keessaa hin qaban*. 20 Isin garuu micboota ko, amantii keessan isa hundumaa caalaa qulqulluu irratti dhaabamaatii cimaa! Hafuura qulqulluudhaan geggeeffamaatii kadhadhaa*! 21 Jaalala Waaqayyoo keessatti of egaa; araara ittiin gooftaan keenya Yesus Kristos jireenya bara baraatti isin geessu eeggadhaa!

**17 2Phe 3:2*
**18 2Phe 3:3*
**19 1Qor 2:14*
**20 Qol 2:7; Efe 6:18*

22 Warra maman gara-laafina argisiisaa! 23 Warra kaan ibidda keessaa butaatii oolcbaa! Warra kaan immoo, uffata isa cubbuu foon isaaniitiin xuraa'e iyyuu jibbuudhaan, ofii keessaniifis sodaachuudhaan, gara-laafina argisiisaa*!

**23 1Qor 3:15*

Kadbata Galataa

24 Isin akka bin gufannetti Waaqayyo isin eeguu, mudaa malee gammachuudhaan ulfina isaa dura isin dhaabachiisuu in danda'a*. 25 Waaqayyo fayyisaa keenya isa tokkicbaaf karaa gooftaa keenyaa Yesus Kristos ulfinni, guddinni, aangoon, gooftummaanis lakkaa'amuu baraa fuula duraa jalqabee, ammas, bara baraanis haa ta'u. Ameen*.

**24 1Tas 5:23; Rom 16:25-27*
**25 1Xim 1:17; 2Phe 3:18; Rom 16:27*

Mul'ata Yohannisitti Mul'ate

Ittiin Lixa

1 [1] Kun mul'ata Yesus Kristos, isa inni ittiin wanta dafee ta'uun irra jiru bojjetoota isaatti argisiisuuf Waaqayyo biraa argatee dha; inni ergamaa isaa waaqa irraa ergee kana hojjetaa isaa Yobannisitti beeksise*. [2] Yohannis wanta Waaqayyo dubbate, Yesus Kristos isaaf dhugaa ba'uu isaa, bamma dhaga'ee fi hamma arge dhugaa ba'eera*. [3] Barri kun itti raawwatamu waan dhi'aateef, namni isa inni dhugaa ba'e kana dhageessisee dubbisu, warri dubbii raajii dubbatame kana dhaga'anii, wanta isa keessatti caafames eegan attam haa gammadan*!

**1 22:6-7; Dan 2:28-29*
**2 19:10*
**3 22:7,10; Luq 11:28*

Waldoota Kristiyaanaa Torbannuf Nagaa Erguu Isaa

4 Ani Yohannis, waldoota kristiyaanaa torban kutaa biyya Asiyaa keessa jirtaniif kana caafuu koo ti.
"Ayyaanni, nagaanis Waaqayyo isa jiru, isa ture, isa dhufuuf jiru biraa, hafuurota torban teessoo isaa dura jiran biraa*, [5] Yesus Kristos biraas isiniif haa ta'u!" jedhee nagaa koo isiniif nan dhi'eessa.

Yesus Kristos dhuga-baatuu amanamaa dha, inni warra du'an keessaa angafa ta'ee kaafame, mootota lafa kanaas in abbooma. Inni nu jaallatee, dhiiga isaa isa nuuf dhangala'een cubbuu keenya irraa nu fure*. [6] Isa mootummaadhaa fi Waaqayyo abbaa isaatiif luboota akka taanu nu godhate sanaaf, ulfinnii fi aangoon baraa hamma bara baraatti haa ta'u! Ameen*.

**4 Bau 3:14; Mul 3:1; 4:5; 5:6; Isa 11:2*
**5 Isa 55:4; Far 89:27,37; Mul 3:14; Yoh 18:37; Qol 1:18; Efe 1:7; Ibr 9:14*
**6 5:10; Bau 19:6; Isa 61:6; 1Phe 2:5,9*

[7] Kunoo, inni duumessaa wajjin dhufuuf jira;
iji hundinuu isa ilaaluuf jiru,
warri isa waraananis immoo isa arguuf jiru;
gosi nama lafa irraa hundinuu isaaf in wawwaanu;
eyyee akkasuma in ta'a*.

**7 Dan 7:13; Mat 24:30; Mar 13:26; Luq 21:27; 1Tas 4:17; Zak 12:10; Yoh 19:34,37*

[8] Waaqayyo gooftichi, inni jiru, inni ture, inni dhufuuf jiru, inni hundumaa danda'u, "Ani Alfaa dha, Omeegaa dhas" jedha; [kana jechuun, "Ani isa duraa ti, isa booddee tis" jechuu dha]*.

**8 21:6; 22:13; 4:8; Bau 3:14; Isa 41:4*

Mul'ata Isa Jalqabaa Arguu Isaa

9 Ani Yohannis obboleessi keessan rakkina keessaa, mootummaa keessaa, obsaan Yesusii wajjin hafuu keessaas isinii wajjin nan hirmaadha. Dubbii Waaqayyoo duukaa, wanta Yesus dhugaa ba'e duukaas waanan bu'eef, biyya bishaan keessaa ishee "Phaaximoo" jedhamtu tokkotti nan geeffame*. [10] Guyyaa isa "Guyyaa Gooftaa" jedhamee beekametti, ani hafuuraan guutameen booddee kootiin sagalee guddaa, sagalee malakataa fakkaatu tokko dhaga'e*. [11] Sagalichis, "Waan argaa jirtu akka inni macaafa ta'utti caafi! Isas waldoota kristiyaanaa mandara Efesoon, mandara Simiirnaa, mandara Phergamoon, mandara Tiyaatiraa, mandara Saardes, mandara Filaadelfiyaa, mandara Laa'odiiqeyaa jiran torbaniif ergi!" jedhe.

**9 6:9; 20:4*
**10 4:1-2*

12 Ani sagalee dhaga'een isa anatti dubbatu ilaaluudhaaf garagale; yommuun garagales baatnu ibsaa warqee irraa hojjetame torba nan arge*. [13] Baattuuwwan ibsaa sana gidduu immoo ilma namaa kan fakkaatu tokko uffata gad dheeraa miilla bira ga'u uffatee, wanta akka hidhata warqeetiinis qoma isaa hidhatee ture*. [14] Rifeensi mataa isaa akka rifeensa hiddamaa yookiis akka cabbii in calaqqisa; iji isaas akka barbadaa ibiddaa ti*. [15] Miilli isaa akka sibiila diimaa isa boolla ibiddaa keessatti baqfamee ifuu ti, sagalcen isaas akka sagalee huursaa bishaan baay'ee ti*. [16] Harka isaa mirgaa keessaa urjoota torba qaba; afaan isaa keessaa billaa qara-qabeessa gara lamaan qarametu

ba'a; fuulli isaas akka biiftuu saafaa in ifa*.

**12 Bau 25:37; Zak 4:2*
**13 2:1; 14:14; Dan 7:13; 10:5-6*
**14 2:18; 19:12; Dan 7:9*
**15 10:1; Dan 10:6; His 1:24; 43:2*
**16 1:20; 2:12; 19:15; Mat 17:2*

17 Yommuun isa arge akka nama du'ee miilla isaa jalatti nan kufe. Inni immoo harka isaa mirgaa ana irra kaa'ee, "Hin sodaatin! Inni duraa, inni booddees ana*; [18] inni jiraatus ana. Takka illee du'een ture, amma garuu kunoo, baraa hamma bara baraatti jiraachuuttan jira; du'a irratti, balbala iddoo warra du'anii banu irrattis ani gooftummaa qaba*. [19] Ammas wanta amma ta'uutti jiru, wanta kana booddee ta'uuf jirus isa argite caafi! [20] Hiikaan urjoota torban harka koo mirgaa keessatti argitee akkasumas baattuuwwan ibsaa warqee irraa hojjetaman torbanii dhokataa ture; amma garuu urjoonni torban ergamoota waldoota torbanii ti, baattuuwwan ibsaa torbanis waldoota torban sanatti in hiikama" jedhe.

**17 2:8; 22:13; Dan 8:18; Isa 44:6; 48:12*
**18 3:7*

Ergaa Waldaa Efesoonitti Ergame

2 [1] "Gara ergamaa waldaa Efesoonitti, 'Ergaan kun kan isa harka isaa mirgaatiin urjoota torban qabee, baattuu ibsaa torban gidduu deddeebi'uu ti' jedhii caafi!*"

**1 1:13,16,20; HoE 18:19; 19:1-40*

2 Ergichi, "Hojii kee, wanta ati itti dadhabdu, obsaan danda'uu kees, namoota hamoota immoo calluma jettee akka ati bin dhiifne, warra ergamoota utuu hin ta'in 'Nuyi ergamoota' ofiin jedhan qortee ilaaltee sobduu ta'uu isaanii akka argites, ani beeka*. [3] Ati obsaan akka dandeessu, maqaa kootiif jettees akka baattu, kanas akka ati bin dadhabin ani beeka. [4] Garuu jaalala isa dur qabda turte sana dhiisuu kee si irratti argadheera*. [5] Ammas maal irraa akka kufte yaadadhu! Yaada garaa kee geddaradhu, hojii isa dura hojjette sanas hojjedhu! Kana yoo gochuu dhaabaatte garuu, ani sitti dhufee, baattuu ibsaa keetii iddoo isaatii nan buta. [6] Utuma ta'uu iyyuu immoo waan tokko qabda; inni immoo hojii Niqolaawotaa isa ani jibbu atis in jibbita*.

**2 1Tas 1:3; 1Yoh 4:1*
**4 1Xim 5:12*
**6 2:15; Far 139:21-22*

7 "Namni gurra qabu, isa hafuurri qulqulluun waldoota kristiyaanaatiin jedhu haa dhaga'u!
Isa mo'eef muka ija isaa nyaatanii jiraatan isa jannata Waaqayyoo keessa jiruttii nyaachuu nan kennaaf" kan jedhuu dha*.

**7 22:2; Uma 2:9; His 28:13; 31:8*

Ergaa Waldaa Simiirnaatti Ergame

8 "Gara ergamaa waldaa Simiirnaatti, 'Ergaan kun isa duraa fi isa booddee, isa du'ee, deebi'ee jiraate biraa dhufe' jedhii caafi!*"

**8 1:17-18; 22:13; Isa 44:6; 48:12*

9 Ergichi, "Rakkina si irra ga'e, hiyyuma kee, hamaa si irratti dubbachuu warra Yihudoota utuu hin ta'in, Yihudoota ofiin jedhaniis ani beeka. Ati garuu sooressa; warri Yihudoota ofiin jedhan sun immoo walga'ii Seexanaa ti*. [10] Dhiphina isa sitti dhufuuf jiru hin sodaatin! Kunoo, Seexanni, akka isin qoramtanii ilaalamtaniif, isin keessaa kaan mana hidhaatti akka galfamtan gochuuf jedha; guyyaa kudhaniif rakkina argachuuf jirtu; du'a yoo sitti fide iyyuu, ati hamma du'aatti amanamaa ta'i! Ani immoo gonfoo ittiin jireenya argatan siifan kenna*.

**9 3:9; 2Qor 6:10; Yaq 2:5*
**10 Dan 1:12,14; Mat 10:28; Yaq 1:12*

11 "Namni gurra qabu, isa hafuurri qulqulluun waldoota kristiyaanaatiin jedhu haa dhaga'u! 'Inni mo'u du'a isa lammaffaadhaan hin miidhamu'" kan jedhuu dha*.

**11 20:6,14; 21:8*

Ergaa Waldaa Phergamoonitti Ergame

12 "Gara ergamaa waldaa Phergamoonitti, 'Ergaan kun isa billaa qara-qabeessa gara lamaan qarame qabu sana biraa dhufe' jedhii caafi*!"

**12 1:16; Isa 49:2; Ibr 4:12*

13 Ergichi, "Ani iddoo ati jiraatu beeka, inni lafa teessoo Seexanaa ti. Ati garuu maqaa koo jabeessitee qabatte malee, bara Antiiphaas dhuga-baatuun koo amanamaan koos isin gidduutti

iddoo Seexanni jiraatu sanatti ajjeefame iyyuu, anatti amanuu kee hin ganne*. 14 Garuu wanta muraasa si irratti argadheera; namoota warra bärsiisa Bala'aamitti qabamanii jiran achii qabda. Balaaq ijoollee Israa'el dura gufuu kaa'ee, qalma waaqayyolii tolfamaniif dhi'aate akka nyaatanii fi gaalamootummaatti akka jiraatan gochuu Bala'aamtu barsiisee ture*. 15 Akkasuma immoo barsiisa warra Niqolaawotaatti qabamanii warra jiran qabda*. 16 Ammas yaada garaa kee geddaradhu! Kana yoo gochuu dhaabaatte garuu, ani dafee sitti nan dhufa; jara sanas billaa afaan koo keessaa ba'uun nan lola*.

**13 3:8*
**14 Lak 22:5,7; 31:16; Kes 23:4; Lak 25:1-3; Yih la 11; HoE 15:29*
**15 2:6*
**16 1:16; 19:15*

17 "Namni gurra qabu isa hafuurri qulqulluun waldoota kristiyaanaatiin jedhu haa dhaga'u!

'Isa mo'uuf maannaa dhokataa
sana keessaa nan kennaaf;
dhagaa calaqqisaa maqaan
haaraan irratti caafame
tokkos nan kennaaf;
maqichas isa fudhatu sana irraa
kan hafe,
namni tokko illee hin beeku"'
kan jedhuu dha*.

**17 Bau 16:14-15; 16:33-34; Yoh 6:48-50; Far 78:24; Isa 62:2; 65:15*

Ergaa Waldaa Tiyaatiraatti Ergame

18 "Gara ergamaa waldaa Tiyaatiraatti, 'Ergaan kun, kan ilma Waaqayyoo isa ija akka barbadaa ibiddaa qabuu, isa miilli isaa akka sibiila diimaa isa boolla ibiddaa keessatti baqfamee ifu ta'ee ti' jedhii caafi*!"

**18 1:14-15; HoE 16:14; Dan 10:6*

19 Ergichi, "Ani hojii kee, jaalala kee, amantii kee, warra kaan gargaaruudhaaf of kennuu kee, obsaan danda'uu kee, hojiin kee inni booddee kanaa immoo isa duraa irra caaluu isaas beeka*. 20 Garuu dubartittii Izaabel jedhamtu, ishee 'Ani raajii dha' ofiin jettee barsiiftu, ishee hojjetoonni koos gaalamootummaatti akka jiraatan, qalma waaqayyolii tolfamaniif dhi'aate akka nyaataniif wallaalchisaa jirtu, calluma jettee dhiisuu kee kana si irratti argadheera*. 21 Ani yaada garaa ishee akka geddarattuuf yeroo kenneefiin ture; isheen garuu gaabbitee gaalamootummaa isheettii deebi'uu hin barbaanne. 22 Kunoo, ani akka isheen dhukkubsattee siree irra ciiftu nan godha, warra ishee wajjin ejjan immoo gaabbanii hojii ishee irraa yoo deebi'uu dhaabaatan, rakkina guddaa keessa isaan nan buusa. 23 Ijoollee ishees dha'ichaan nan ajjeesa; kanaanis waldoonni kristiyaanaa hundinuu, inni yaada namaa fi garaa namaa fonqolchu ana ta'uu isaa beekuuf jiru. Ani immoo tokkon tokkon keessaniif akka hojii isaatiitti kennuufan jira*.

**19 Ibr 6:10*
**20 1Mat 16:31; 2Mot 9:22,30; Bau 34:15*
**23 Far 7:9; 62:12; Er 17:10; Mat 16:27*

24 "Tiyaatiraa keessaa, warri haftan immoo, barsiisa kanatti warri hin qabamin, isa warri kaan, 'Dhoksaa Seexanaa isa gad fagoo dha' jedhanis warri hin barin, ba'aa kan biraa isin irra hin kaa'u, isiniin nan jedha. 25 Isa qabdan garuu hamma ani dhufutti jabeessaatii qabadhaa*! 26 Nama mo'uuf, isa hojii koo hamma dhumaatti eeggatee hojjetuufis, saba hin amanne baay'ee irratti aboo nan kennaaf*. 27 Inni siiqqee sibiilaatiin saba sana in tiksa; akka qodaa suphees isaan in hurreessa*. 28 Akkuma ani abbaa koo biraa aboo fudhadhes bakkalcha barii nama sanaaf nan kenna*. 29 Namni gurra qabu, isa hafuurri qulqulluun waldoota kristiyaanaatiin jedhu haa dhaga'u!" kan jedhuu dha.

**25 3:11*
**26 Far 2:8-9*
**27 12:5; 19:15*
**28 3:6,13,22; 22:16*

Ergaa Waldaa Saardesitti Ergame

3 1 "Gara ergamaa waldaa Saardesitti, 'Ergaan kun isa hafuurota Waaqayyoof hojjetan torba, urjoota torbas qabu biraa dhufe' jedhii caafi*!"

Ergichi "Ani hojii kee beeka, maqaadhumaaf jiraataa dha jedhamtee in waamamta, ati garuu du'aa dha. 2 Ka'i, dammaqaas ta'i! Wanta hafee du'uuf jedhus jabeessi! Ani fuula Waaqayyo koo duratti hojiin kee fiixaan ba'uu isaa hin argine*. 3 Ammas wanta sitti

dabarfame akka itti fudhattee fi akka itti dhageesse yaadadhuu, eegi! Yaada garaa kees geddaradhu! Yoo dammaqaa ta'uu dhaabaatte garuu, ani akka hattuun dhuftutti nan dhufa, yeroo ani sitti dhufus matumaa hin beektu*! 4 Haa ta'u iyyuu malee, Saardes keessaa namoota muraasa warra uffata isaanii hin xureessine jedhamanii maqaa argatan qabda. Warri kun uffata adii uffatanii anaa wajjin deddeebi'uuf jiru; isaan kanaaf warra malanii dha*. 5 Nama mo'utti akkasuma uffata adiitu uffifama; ani maqaa isaa macaafa jireenyaa, isa warri jireenya argachuuf jiran keessatti caafaman keessaa hin balleessu; abbaa koo duratti, ergamoota isaa durattis maqaa isaa waamee kan koo ta'uu isaa nan beeksisa*.

**1 1:4,16*
**2 His 34:4; Luq 22:32*
**3 16:15; Mat 24:43-44; Luq 12:39-40; 1Tas 5:2*
**4 Yih la 23*
**5 6:11; 7:13; 20:12; Bau 32:32-33; Far 69:28; Mat 10:32; Luq 12:8; Filp 4:3*

6 "Namni gurra qabu, isa hafuurri qulqulluun waldoota kristiyaanaatiin jedhu haa dhaga'u!" kan jedhuu dha.

Ergaa Waldaa Filaadelfiyaatti Ergame

7 "Gara ergamaa waldaa Filaadelfiyaatti, 'Ergaan kun isa qulqulluu, isa dhugaa, isa banaa Daawit of harkaa qabu, isa wanta inni banu namni tokko illee cufuu hin dandeenye, wanta inni cufus namni tokko illee banuu hin dandeenye sana biraa dhufe' jedhii caafi*!"

**7 6:10; Isa 22:22; Iyo 12:14*

8 Ergichi, "Ani hojii kee beeka; ati humna xinnoo qabda, garuu dubbii koo cegdeetta, maqaa koos hin ganne. Kunoo, ani balbala banamaa fuula kee dura jiru, isa namni tokko illee cufuu hin dandeenye siif kenneera*. 9 Kunoo, warra walga'ii Seexanaa keessaa Yihudoota utuu hin ta'in sobanii Yihudoota ofiin jedhan sitti nan kenna. Kunoo, isaan kun dhufanii miilla keetti akka kufan, si jaallachuu koos akka beekan nan godha*. 10 Ati dubbii koo isa obsaan danda'uu si irraa barbaadu waan eegdeef, anis immoo yeroo qoramsi guutummaa biyya lafaa irratti namoota lafa irra jiraatan hundumaa qoruudhaaf dhufutti isa jalaa akka baatuuf sin eega. 11 Ani dafee nan dhufa; namni tokko illee gonfoo mo'ichaa isa kan keetii si duraa akka hin fudhannetti, isa qabdu jabeessii eeggadhu*! 12 Isa mo'u sana mana qulqullummaa Waaqayyo koo keessatti utubaa nan godha; isa keessaas matumaa hin baafamu. Maqaa Waaqayyo kootii, maqaa mandara Waaqayyo kootii, Yerusaalem ishee haaraa ishee Waaqayyo koo biraa waaqa keessaa gad buutu, maqaa koo isa haaraas utubaa kana irratti nan caafa*.

**8 1Qor 16:9*
**9 2:9; Isa 60:14; 49:23; 43:4*
**11 2:10,25*
**12 14:1; 22:4; 21:2; Isa 62:2; 65:15; His 48:35*

13 "Namni gurra qabu, isa hafuurri qulqulluun waldoota kristiyaanaatiin jedhu haa dhaga'u!" kan jedhuu dha.

Ergaa Waldaa Laa'odiiqeyaatti Ergame

14 "Gara ergamaa waldaa Laa'odiiqeyaatti, 'Ergaa kana isa karaa isaa wanti hundinuu "Ameen" jedhamu, dhuga-baatuu isa amanamaa, isa dhugaadhaaf dhugaa ba'u, isa wanti Waaqayyo uume hundinuu biraa ka'e sanatu erge' jedhii caafi*!"

**14 1:5; Far 89:37; Fak 8:22; Yoh 1:3; Qal 1:15*

15 Ergichi, "Ani hojii kee beeka; hojii kee keessatti ati buluqaa yookiis diilallaa'aa miti; ati buluqaa yookiis diilallaa'aa utuu taatee in wayya ture! 16 Ati garuu bu'aa'aa dha; diilallaa'aa yookiis buluqaa waan ati hin ta'iniif, akka nama bishaan bu'aa'aa afaan isaa keessaa tufuutti, anis si tufuufan jira.

17 "Atis, 'Ani sooressa, geessifadheera, wanti ana barbaachisus hin jiru' in jetta; ati nama gadadamaa namni boo'uufiin ta'u, deegaa, jaamaa, qullaas ta'uu kee hin beektu*. 18 Ani immoo akka sooromtuuf warqee qulqulluu ibiddaan ilaalame, qullaa taatee yeella'uun kee akka hin mul'annetti, uffata adii, arguu akka dandeessuttis qoricha ijatti naqattu ana irraa akka bitattu sin gorsa*. 19 Warran jaalladhu hundumaa balleessaa isaanii ittan mul'isa, barsiisuudhaafis nan adaba; ammas dhimmiitii yaada garaa kee

geddaradhu*! 20 Kunoo, ani balbala dura dhaabadhee balbala nan rukuta; namni sagalee koo dhaga'ee balbala yoo anaaf bane, ani ol nan lixa, isaa wajjinis maaddiitti nan dhi'aadha, innis anaa wajjin in nyaata*. 21 Ani ofii kootii mo'ee abbaa koo wajjin teessoo isaa irra akkuman taa'e, inni mo'u anaa wajjin teessoo koo irra akka taa'uuf aboo nan kennaaf*.

**17 Hos 12:8; 1Qor 4:8*
**18 16:15*
**19 Fak 3:12; Iyo 5:17; 1Qor 11:32; Ibr 12:6*
**20 Luq 12:36; Yoh 14:23*
**21 Mat 19:28; Ibr 12:2*

22 "Namni gurra qabu, isa hafuurri qulqulluun waldoota kristiyaanaatiin jedhu haa dhaga'u!" kan jedhuu dha.

Akka Sagadaa Isa Waaqa Keessaa

4 1 Kana booddees ani ilaaleen, waaqa keessatti balbala banamaa tokko arge. Sagaleen inni dura akka malakataatti anatti dubbannaan dhaga'ee ture tokko, "As ol kottu, ani immoo wanta kana booddee ta'uun irra jiru sittan argisiisaa!" jedhe*. 2 Achumaanis ani hafuuraan nan guutame; kunoo, teessoon tokko waaqa keessa kaa'amee, tokkos teessoo sana irra taa'ee ture*. 3 Inni teessoo sana irra taa'es akka dhagoota Yaasphisii fi Saardiyon warra gati-jabeeyyii, calaqqisee in mul'ata ture; naannoo teessichaas sabbata Waaqayyoo isa dhagaa gati-jabeessa Simaaragidos jedhamu fakkaatutu ture*. 4 Teessichatti naanna'anii teessoowwan digdamii afur, isaan irras maanguddoonni digdamii afur taa'anii turan; maanguddoonni kun immoo uffata adaadii uffatanii, mataattis gonfoowwan warqee kaa'atanii turan*. 5 Teessicha biraa immoo balaqqeessi bakakkaa, sagaleen qaqawwee, sagaleen biraas in ba'u turan; teessicha fuula duratti guci ibiddaa torba in boba'u turan; isaan kun hafuurota Waaqayyoof hojjetan torbanii dha*. 6 Akkasumas fuula teessichaa dura wanti tokko afamee ture; wanti afame sun immoo akka galaana isa of-ilaalee fakkaatee keessaan waa argamuu, akka cabbiis qullaa'aa ture.

**1 1:10; 11:12*
**2 20:11; Far 47:8; His 1:26; 10:1; Isa 6:1*
**3 His 1:26-28*
**4 11:16; 19:4*
**5 1:4; 8:5; 11:19; 16:18; Bau 19:16; His 1:13; Zak 4:2*

Naannoo teessichaa bukkee garasii fi garanaa uumamni lubbuu qaban afur turan; isaan fuula duraa fi dugda duubaan ija baay'ee qabu turan*. 7 Uumamni lubbuu qabu sun inni duraa leenca in fakkaata ture. Uumamni lubbuu qabu inni lammaffaan tuntunoo in fakkaata ture; uumamni lubbuu qabu inni sadaffaan fuula namaa kan fakkaatu qaba ture; uumamni lubbuu qabu inni afuraffaan joobira balali'u in fakkaata ture*. 8 Tokkon tokkon uumama lubbuu qaban arfan kanaa immoo, baallee ja'a ja'a qaba; iji isaas keessaa fi duubaan naanna'ee wal in ga'a. Halkanii fi guyyaas utuu aara hin galfatin,

"Waaqayyo gooftichi inni hundumaa danda'u,
inni ture, inni amma jiru, inni dhufuuf jirus,
qulqulluu dha, qulqulluu dha, qulqulluu dha!"
jedhanii in faarfatu*.

**6 15:2; 5:6,8; His 1:5,18,22*
**6-7 His 1:5-10; 10:14*
**8 His 1:6,11,18; 10:12; Isa 6:2-3; Mul 1:4*

9 Uumamni lubbuu qaban kun isa teessoo irra taa'e, isa bara baraan jiraatu sanaaf guddina, ulfina, galatas in dhi'eessu*. 10 Yeroo kanattis maanguddoonni digdamii arfan, isa teessoo irra taa'e, isa bara baraan jiraatu sanaaf gombifamanii in sagadu; gonfoowwan isaaniis teessicha duratti gatanii in faarfatu*. 11 Yommus,

"Ati waan hundumaa waan uumteef,
isaanis jaalala keetiin waan uumamaniif,
waan jiraataniif,
gooftaa keenyaa! Waaqayyo keenyaa!
Guddina, ulfina, aangoos fudhachuun siif in ta'a" in jedhu*.

**9 Dan 6:26*
**10 5:14*
**11 Yoh 1:3; Efe 3:9*

Hoolichi Mallattoo Macaafichaa Banuu Danda'uu Isaa

5 1 Yommus ani mirga isa teessoo irra taa'e sanaatti macaafa maramee taa'u tokko nan arge; macaafichis keessaa fi duubaan caafamee, erga cufamee immoo mallattoo torbaan mallateeffamee ture*. 2 Ergamaa aango-qabeessa sagalee isaa dhageessisee, "Mallattoo macaafichi ittiin cufame irraa kutee macaaficha banuudhaaf kan male eenyu?" jedhee labsu tokkos nan arge. 3 Waaqa keessaa, lafa irraa, lafa jalaas tokko illee macaaficha banee keessa isaa ilaaluu hin dandeenye. 4 Tokko illee macaaficha banee, keessa isaa ilaaluuf kan male waan bin argaminiif, baay'isee nan boo'e. 5 Maanguddoota keessaa inni tokko immoo, "Hin boo'in! Kunoo, leencicbi gosa Yihudaa, bidda Daawit keessaa ka'ee mo'eera, inni mallattoo sana torban kutee macaaficha banuu in danda'a" naan jedhe*.

**1 4:2; His 2:9-10*
**5 22:16; Uma 49:9-10; Isa 11:1,10; Rom 15:12*

6 Teessicha duras uumama lubbuu qaban arfanii fi maanguddoota giddun hoolaa waan qalame fakkaatee dhaabatu tokko nan arge. Hoolichi gaanfa torbaa fi ija torba qaba ture; isaan torban kun hafuurota Waaqayyoof hojjecbuudhaaf guutummaa biyya lafaatti ergamanii dha*. 7 Hoolichi yeroo sanatti dhaqee harka mirgaa isa teessoo irra taa'ee jiru keessaa macaaficha fudhate. 8 Yommuu inni macaaficha fudhates uumamni lubbuu qaban arfan, maanguddoonni digdamii arfanis hoolicba duratti in gombifaman. Adda addaan kiraaraa fi qodaa ixaana itti aarsan, isa warqee irraa hojjetame of harkaa qabu; ixaaani qodicha keessa guntee ture; innis kadhata warra Waaqayyoof qulqullaa'anii ti*. 9 Isaan faarfannaa haaraa yommuu faarfatan,

"Ati macaaficha fudhachuudhaaf,
mallattoo isaas banuudhaaf kan maltee dha;
ati ofii keetii qalamtee,
gosa hundumaa keessaa, afaan hundumaa keessaa,
nama hundumaa keessaa, saba hundumaa keessaas,
namoota dhiiga keetiin Waaqayyoof bitte*.
10 Waaqayyo keenyaaf mootummaadhaaf,
luboota isaas akka ta'an isaan godhatte,
isaanis lafa irratti mo'uuf jiru" jedhan*.

**6 Isa 53:9; Yoh 1:29; Zak 4:10*
**8 14:2; 8:3-4; Far 141:2*
**9 14:3-4; Far 33:3; 98:1; 144:9; Isa 42:10; 1Phe 1:18-19*
**10 1:5-6; 20:6; Bau 19:6; 1Phe 2:9*

11 Kana booddee ani ergamoota baay'ee teessichatti, uumama lubbuu qaban sanatti, maanguddoota sanattis naanna'an nan arge; lakkoobsi isaaniis kumaatama, kuma kumaatamaas ture; sagalee isaaniis nan dhaga'e*. 12 Isaan sagalee guddaadhaan, "Hoolichi inni qalame aangoo, badhaadbummaa, ogummaa, humna, ulfina, guddina, hooqubaa fudhachuuf kan malee dha" jedhan*. 13 Wanti waaqa irratti, lafa irratti, lafa jalatti, galaana keessatti uumamee, isaan keessa jirus bundinuu,

"Hooqubaan, ulfinni, guddinni, aangoon,
isa teessoo irra taa'ee jiru sanaaf, hoolichaafis
baraa hamma bara baraatti haa ta'u!"
jecbuu isaanii nan dhaga'e*.

14 Uumamni lubbuu qaban arfanis, "Ameen!" jedhan; maanguddoonnis gombifamanii sagadan*.

**11 Dan 7:9-10; Ibr 12:22*
**12 4:11; 1Sen 29:11*
**13 7:10-12; Filp 2:10*
**14 19:4*

Hoolichi Mallattoowwan Ja'a Kutee Banuu Isaa

6 1 Kana booddee hoolichi mallattoowwan torban keessaa isa tokko utuu banuu nan arge; uumama lubbuu qaban arfan keessaa immoo inni tokko sagalee akka qaqawweetiin, "Kottu!" jecbuu isaa nan dhaga'e*, 2 Ani achi ilaaleen farda adii tokko arge; inni fardicha irra taa'e immoo iddaa harkatti qabate; gonfoon tokkos isaaf in kenname. Inni mo'aa, ammas mo'uudhaaf in ba'e*.

**1 5:1-5; 4:6*
**2 19:11-16; Zak 1:8; 6:1-3,6*

3 Yeroo hoolichi mallattoo isa lammaffaa bane immoo, uumamni lubbuu qabu inni lammaffaan, "Kottu!" jechuu isaa nan dhaga'e*. 4 Fardi biraa diimaa biluun tokkos in ba'e; isa fardicha irra

taa'eef immoo nagaa lafa irraa balleessuuf, namoonnis akka wal gorra'an gochuun in kennameef; akkasumas billaan guddaan tokko isaaf in kenname*.
*3 4:7
*4 Zak 1:8; 6:2

5 Yeroo hoolichi mallattoo isa sadaffaa bane immoo, uumamni lubbuu qabu inni sadaffaan, "Kottu!" jechuu isaa nan dhaga'e. Anis achi ilaaleen farda gurraacha tokko arge; inni fardicha irra taa'es madaalii of harkaa qaba ture*. 6 Yommus ani wanta sagalee fakkaatu, isa uumama lubbuu qaban arfan gidduudhaa, "Qamadii safartuu xinnoo tokko gatii dadhabbii guyyaa tokkoo, garbuu safartuu xinnoo sadiis gatii dadhabbii guyyaa tokkoo godhi! Ejersaa fi muka waynii garuu hin miidhin!" jedhu nan dhaga'e*.
*5 Zak 6:2,6
*6 2Mot 6:25; 7:1

7 Yeroo hoolichi mallattoo isa afuraffaa bane immoo, sagaleen uumama lubbuu qabuu isa afuraffaa, "Kottu!" jechuu isaa nan dhaga'e. 8 Yommus ani achi ilaaleen farda baalqajjii tokko arge. Inni fardicha irra taa'es maqaan isaa "Du'a" in jedhama, mootummaan warra du'aniis isa duukaa adeeme. Lafa kana irratti harka afur keessaa harka tokko, billaadhaan, beelaan, dha'ichaan, bineensa caakkaatiin akka ajjeesaniif aboon isaaniif in kenname*.
*8 His 14:21; Er 15:2-3

9 Yeroo hoolichi mallattoo isa shanaffaa bane immoo, ani iddoo aarsaa jalatti lubbuu warra dubbii Waaqayyootiif, wanta dhugaa ba'aa turanitti jabaachuu isaaniitiifis jedhanii qalamanii nan arge*. 10 Isaan sagalee guddaadhaan iyyanii, "Yaa gooftaa guddaa, qulqulluu fi dhuga-qabeessaa! Warra lafa irra jiraatanitti nuuf faraddee hamma dhiiga keenyaaf gumaa nuuf baaftutti hammam tura?" jedhan*. 11 Yommus adduma addaan uffanni adaadiin isaaniif kenname, obboloonni isaanii, hojii Waaqayyoo keessatti hidhati isaanii, warri akkuma isaanii ajjeefamuuf jiran hamma raawwatanii gumaa'anitti, yeroo xinnoo dabalanii akka aara galfatan isaanitti himame*.
*9 1:9
*10 3:7; 19:2; Far 79:10
*11 3:5; 7:9; Ibr 11:40

12 Kana booddee hoolichi mallattoo isa ja'affaa banuu isaa nan arge. Socho'a lafaa guddaa tokkotu ta'e; biiftuunis akka cilaattii eelee in taate, ji'i guutummaatti akka dhiigaa diimate*. 13 Akka ija harbuu qilleensi jabaan raasee harcaasuutti, urjoonni waaqa keessaa lafatti gad harca'an*. 14 Waaqni tarsa'ee gargar baafame, akka macaafa maramuu danda'uutti in marame; tulluun, biyyi bishaan keessaa hundinuus iddoo isaaniitii in butaman*. 15 Kana booddee, mootonni lafa kana irraa, namoonni gurguddoonni, abboonni duulaa, sooreyyiin, jajjaboonni, garbichi, birmaduunis hundinuu holqa keessa, kattaa tullootaa gidduus in dhokatan*. 16 Tullootaa fi kattaawwanis waammatanii, "Nu irratti jigaa, fuula isa teessoo irra taa'uu duraa, dheekkamsa hoolichaa duraas nu dhoksaa*! 17 Guyyaan guddaan inni itti isaan kun dheekkaman dhufeera; egaa eenyutu dura dhaabachuu danda'a ree?" jedhan*.
*12 11:13; 16:18; Isa 13:10; Yoe 2:10,31; 3:15; Mat 24:29; Mar 13:24-25; Luq 21:25
*13 Isa 34:4
*14 16:20; Ibr 1:12
*15 Isa 2:19,21
*16 Hos 10:8; Luq 23:30
*17 Sef 1:14,18; Yoe 2:11; Mil 3:2

Hojjetoonni Waaqayyoo Mallateeffamuu Isaanii

7 1 Kana booddees ergamoonni afur golee lafaa arfan irra dhaabatanii, qilleensi lafatti, galaanatti, mukattis akka hin qilleensofnetti qilleensota golee arfanii ittisuu isaanii nan arge*. 2 Ergamaan tokko immoo Waaqayyo isa jiraataa biraa mallattoo fudhatee karaa boruu utuu ba'uu nan arge. Ergamichis ergamoota arfan warra lafaa fi galaana miidhuun isaaniif kenname sana sagalee guddaadhaan waamee, 3 "Hamma nuyi adda hojjetoota Waaqayyo keenyaatti mallattoo goonutti lafa, galaana, mukas hin miidhinaa!" isaaniin jedhe*.
*1 Er 49:36; Dan 7:2; Zak 6:5
*3 9:4; His 9:4,6

4 Lakkoobsa warra mallateeffamaniis nan dhaga'e; gosa ijoollee Isra'el hundumaa keessaa kumaatama dhibbaa fi kuma afurtamii afurtu mallateeffame*. 5 Gosa Yihudaa keessaa kuma kudha lamatu mallateeffame; gosa Ruuben keessaa kumni kudha lama, gosa Gaadi keessaa kumni kudha lama*, 6 gosa Asheer keessaa kumni kudha lama, gosa Niftaalem keessaa kumni kudha lama, gosa Minaasee keessaa kumni kudha lama, 7 gosa Shimi'oon keessaa kumni kudha lama, gosa Lewwii keessaa kumni kudha lama, gosa Yisaakor keessaa kumni kudha lama, 8 gosa Zebuloon keessaa kumni kudha lama, gosa Yoseef keessaa kumni kudha lama, gosa Beniyaamin keessaa kumni kudha lama in mallateeffaman.
*4 14:1,3
*5 Bau 1:1-4

Tuuti Sonaan Baay'een Teessicha Duratti Argamuu Isaanii

9 Kana booddees ilaaleen tuuta sonaan baay'ee, saba hundumaa keessaa, gosa hundumaa keessaa, nama hundumaa keessaa, afaan dubbatamu hundumaa keessaa dhufan, warra homtinuu lakkaa'uu hin dandeenye nan arge; isaan uffata adii uffatanii, damee muka meexxii harka isaaniitti qabatanii teessicha dura hoolicha duras in dhaabatu turan*. 10 Jarri kunis sagalee guddaadhaan, "Fayyinni Waaqayyo keenya isa teessicha irra taa'u biraa, hoolicha biraas in argama!" jedhan*. 11 Ergamoonni teessicha, maanguddoota, uumama lubbuu qaban arfanis naanna'anii dhaabatan hundinuu teessicha duratti adda isaaniitiin gombifamanii Waaqayyoof in sagadan*. 12 Sagada isaanii keessattis, "Ameen! Waaqayyo keenyaaf hooqubaan, guddinni, ogummaan, galanni, ulfinni, humni, aangoonis baraa hamma bara baraaiti haa ta'u! Ameen!" jedhan*.
*9 5:9; 6:11
*10 5:13
*11 5:11
*12 5:12

13 Ergasii maanguddoota keessaa inni tokko, "Warri uffata adii uffatan kun eenyufa'i, eessaa dhufanis?" jedhee na gaafate. 14 Ani immoo, "Gooftaa ko, situ beeka!" jedheen deebiseef. Inni immoo, "Isaan kun warra rakkina guddaa keessaa ba'anii dhufanii dha; uffata isaanii dhiiga hoolichaatiin miiccatanii addeeffataniiru*. 15 Kanaaf isaan teessoo Waaqayyoo duratti argamanii, halkanii fi guyyaa mana qulqullummaa isaa keessatti isaaf in hojjetu; inni teessoo irra taa'us godoo isaa diriirsee isaan irra in jiraata*. 16 Egaa deebi'anii hin beela'an, hin dheebotanis; aduun, wanti gubus isaanitti hin bu'u*. 17 Hoolichi teessicha dura gara gidduu jiruus isaan in tiksa, gara burqaa bishaan jireenya kennuuttis isaan in geessa; Waaqayyoos imimmaan hundumaa ija isaaniittii in haqa" jedhe*.
*14 His 37:3; Dan 12:1; Mat 24:31; Mar 13:19; Mul 22:14
*15 21:3
*16 Isa 49:10; Far 121:5-6
*17 5:6; 21:4; Far 23:1-2; Isa 25:8; 49:10; His 34:23

Mallattoon Inni Torbaffaan Banamuu Isaa

8 1 Yeroo hoolichi mallattoo isa torbaffaa banetti immoo, bantii waaqaa keessatti akka walakkaa sa'aatiif gabiitu ture*. 2 Kana booddee ergamoota torba warra fuula Waaqayyoo dura dhaabatan nan arge; isaaniifis malakanni torba in kennamaniif*. 3 Ergamaan Waaqayyoo kan biraa tokkos, qodaa ixaana itti aarsan isa warqee irraa hojjetame baatee dhufee, iddoo aarsaa dhaabate; iddoo aarsaa warqee irraa hojjetame isa teessicha fuula duraa sana irratti, kadhata warra Waaqayyoof qulqullaa'anii hundumaa wajjin akka inni dhi'eessuuf, ixaanni baay'een ergamichatti in kenname*. 4 Aarri ixaanichaas kadhata warra Waaqayyoof qulqullaa'anii wajjin, harka ergamaa sanaa keessaa gara fuula Waaqayyootti ol ka'e*. 5 Yommus ergamichi qodaa ixaana itti aarsan sana fuudhee, iddoo aarsaa sanaas ibidda itti guutee, lafatti gad darbate; achumaanis sagaleen qaqawwee, sagaleen biraas wal jalaa in qabu, bakakkaan in balaqqeessa'a, laftis in socho'a ture*.
*1 Anb 2:20; Zak 2:17
*2 Mat 24:31
*3 5:8; Amo 9:1; Bau 30:1,3
*4 Far 141:2
*5 Lew 16:12; His 10:2; Bau 19:16; Mul 11:19; 16:18

Sagaleen Malakata Duraa Arfan Dhaga'amuu Isaanii

6 Ergamoonni torban malakanni
torba kennamaniifis malakata isaanii
afuufuudhaaf in qophaa'an.
7 Ergamaan inni duraa malakata
isaa afuufe. Cabbiin, ibiddi dhiigaan
makames argamee lafa irratti gad dad-
darbatame; laftis harka sadii keessaa
harki tokko in gubate; mukkeetiin
harka sadii keessaa harki tokko in
gubatan; margi lalisaan hundinuus in
gubate*.
**7 Bau 9:23-25; His 38:22*
8 Kana booddee ergamaan inni lam-
maffaan malakata isaa afuufe. Wanti
akka tulluu guddaa ibiddaan gubatu
tokkos galaana keessatti in darbatame;
galaanichis harka sadii keessaa harki
tokko dhiiga ta'e*. 9 Uumamni lubbuu
qaban galaanicha keessa jiraatanis har-
ka sadii keessaa harki tokko in du'an;
markaboonnis harka sadii keessaa har-
ki tokko in balleeffaman.
**8 Bau 7:20-21*
10 Ergamaan inni sadaffaan immoo
malakata isaa afuufe. Urjiin guddaan
akka gucaa boba'u tokkos waaqa kees-
saa lafa dha'e; inni immoo lagoota,
burqituuwwan bishaanii harka sadii
keessaa harka tokko irratti kufe*.
11 Maqaan urjii sanaas "Hadheesso" in
jedhama; bishaanonnis harka sadii
keessaa harki tokko hadhaa'ootti in
geddaraman; sababii bishaan ha-
dhaa'aa ta'eefis, namoonni baay'een
bishaanichaan in du'an*.
**10 Isa 14:12*
**11 Er 9:15*
12 Ergamaan inni afuraffaanis ma-
lakata isaa afuufe. Biiftuun harka sadii
keessaa harki tokko, ji'is harka sadii
keessaa harki tokko, urjoonnis harka
sadii keessaa harki tokko, ifni isaanii
harka sadii keessaa harki tokko akka
dukkaneeffamutti in dha'aman; akka-
sitti ifni guyyaa harka sadii keessaa
harki tokko, ifni halkaniis akkasuma
harka sadii keessaa harki tokko hin
ibsine*.
**12 6:12; Bau 10:21; Isa 13:10; His 32:7; Yoe 2:10,31; 3:15*
13 Kana booddees joobira bantii
waaqaa walakkaa balali'u tokkon arge;
innis sagalee guddaa isaatiin iyyee,
"Sagaleen malakata warra kaanii, inni
ergamoonni sadan dhageessisuuf je-
dhan dhaga'amuuf waan jiruuf, warra
lafa irra jiraataniif wayyoo, wayyoo,
wayyoo!" jechuu isaa nan dhaga'e*.
**13 9:12; 11:14; 12:12*

Sagaleen Malakata Isa Shanaffaa Dhaga'amuu Isaa

9 1 Ergamaan inni shanaffaan mala-
kata isaa in afuufe. Yommus ani
urjii isa waaqa keessaa lafa dha'e
tokko nan arge; urjichaafis banaan
boolla lafa jalaa isa gad fagoo in
kennameef*. 2 Urjichi afaan boolla la-
fa jalaa isa gad fagoo sana bane; aarri
akka aara iddoo ibidda guddaatii
ka'uus boollicha keessaa in ba'e; iji
biiftuu, laftis aara boollichaa irraa kan
ka'e in dukkanaa'an*. 3 Aaricha kees-
saa immoo hawaannisatu lafatti ba'e;
hawaannisa kanaafis aboon in kenna-
meef; aboon isaaniif kennamee fi hum-
ni torbaanqabaan lafa irraa qabu wal
in fakkaata*. 4 Isaan marga lafaa, bi-
qiltuu, mukas utuu hin ta'in, namoota
warra mallattoo Waaqayyoo addattii
hin qabne duwwaa akka miidhaniif
abboomaman*. 5 Garuu namoota ajjee-
suu utuu hin ta'in, ji'a shaniif dhiphi-
suutu isaaniif kenname; dhiphinni
isaan nama irraan ga'anis, akka isa
torbaanqabaan hiddee nama dhiphisuu
ti. 6 Bara sanatti namoonni du'a in
barbaadu, garuu hin argatan; du'uus in
hawwu, du'i immoo isaan irraa in
baqata*.
**1 8:10; 20:1*
**2 Uma 19:28*
**3 Bau 10:12-15*
**4 7:3; His 9:4*
**6 6:16; Iyo 3:21; Er 8:3*
7 Bifni hawaannisoota sanaa far-
deen duulaaf qopheeffaman in fakkaa-
ta; wanta akka gonfoo warqee mataa
irraa qabu turan. Fuulli isaanii fuula
namaa in fakkaata*; 8 rifeensi isaanii
akka rifeensa mataa dubartii ti; ilkaan
isaaniis akka ilkaan leencaa ti*. 9 Waan
akka maddaa sibiilaa diratanii turan;
huursaan baallee isaaniis akka huursaa
konkolaattota fardeeniin harkifamanii
duulatti didichanii ti*. 10 Eegee fi ilkee
warra kan torbaanqabaa fakkaatan qa-
bu turan; aboon isaan ittiin ji'a shaniif
nama miidhan immoo eegee isaanii
keessa jira*. 11 Isaan mootii of irraa

qabu turan, inni immoo ergamaa iddoo
lafa jalaa sanaa ti; maqaan ergamichaa
afaan Yihudootaatti "Abadoon", afaan
Griikiitti immoo "Apholiyon" jedha-
ma; innis "Balleesso" jechuu dha.
**7 Yoe 2:4-5*
**8 Yoe 1:6*
**9 Yoe 2:5*
**10 9:19*
12 Wayyoon inni duraa darbeera.
Kunoo, kana booddee wayyoon lama
amma iyyuu jiru*.
**12 8:13*

Sagaleen Malakata Isa Ja'affaa Dhaga'amuu Isaa

13 Ergamaan inni ja'affaan malaka-
ta isaa afuufe. Yommus ani sagalee
gaanfa arfan biraa ba'u nan dhaga'e;
gaanfonni sunis iddoo aarsaa warqee
irraa hojjetamee fuula Waaqayyoo du-
ra jiru irra turan*. 14 Sagalichi, erga-
maa isa ja'affaa malakata baatu sa-
naan, "Ergamoota arfan laga Efraaxiis
isa guddichatti bidhaman hiiki!" je-
dhe*. 15 Ergamoonni arfan sun in hiika-
man; isaan warra namoota barka sadii
keessaa harka tokko ajjeesuudhaaf
sa'aatii kanaaf, guyyaa kanaaf, ji'a
kanaaf, waggaa kanaaf qopheeffamanii
turanii dha*. 16 Lakkoobsa loltoota ab-
boota fardeeniis nan dhaga'e; lakkoob-
si isaaniis miliyoonii dhibba lama ture.
17 Yommus ani fardeen sanaa fi warra
fardeen sana irra taa'an mul'atatti nan
arge. Isaan maddaa sibiilaa isa diimaa,
bifa bantii waaqaa, bifa dhangaggoos
qabu turan. Mataan fardeen sanaas
mataa leencaa in fakkaata ture; afaan
isaanii keessaa immoo ibiddi, aarri,
dhagaan boba'us in ba'u turan. 18 Ibid-
da, aara, dhagaa boba'u, dha'icha sa-
dan afaan fardeenii keessaa ba'an sa-
naan, namoota harka sadii keessaa
harka tokkoo ajjeeffame. 19 Aboon far-
deen sanaas afaan isaanii keessa, eegee
isaanii keessas jira; eegeen isaanii inni
bofa fakkaatu mataa qaba; isaaniin
namoota in miidhu*.
**13 8:3; Bau 27:2; 30:1-3*
**14 16:12*
**15 8:7-12*
**19 9:10*
20 Namoonni dha'icha sanaan utuu
hin ajjeefamin bafan immoo, yaada
garaa isaanii geddaratanii waaqayyolii
barka isaaniitiin tolfatan irraa hin dee-
bine; hafuura hamaadhaa fi waaqayyo-
lii warqee irraa, meetii irraa, sibiila
diimaa irraa, dhagaa irraa, muka irraas
tolfamanii arguu, dhaga'uu, asii fi achi
deddeebi'uus hin dandeenyeef gombi-
famanii sagaduu hin dhiifne*. 21 Isaan
yaada garaa isaanii geddaratanii lub-
buu ajjeesuu irraa, qoricha namatti
gochuu irraa, halalummaa isaanii irraa,
banna isaanii irraas hin deebine.
**20 16:9,11; 1Qor 10:20; Far 115:4-7*

Ergamaa Macaafa Maramu Baatu Arguu Isaa

10 1 Ergasii immoo ergamaan aan-
go-qabeessi biraa tokko waaqa
keessaa uuu gad bu'uu nan arge. Inni
duumessa ofitti maree, naannoo mataa
isaattis sabbata Waaqayyoo qaba ture;
fuulli isaa akka biiftuu in calaqqisa,
miillan isaas akka utuboota ibiddaa
turan*. 2 Inni macaafa maramu xinnaa
banamaa isaa of barkaa qaba ture;
miilla isaa mirgaa galaana irra, miilla
isaa bitaas lafa gogaa irra in kaa'ate*;
3 sagalee guddaa akka sagalee leenca
aaduutiinis in iyye. Yeroo inni iyye
sanatti qaqawween torban sagalee isaa-
nii in dhageessisan*. 4 Akkuma isaan
dubbataniin, ani waan isaan jedhan
caafuufan ture; garuu sagalee waaqa
keessaa, "Wanta qaqawween torban
dubbatan cufii garaatti qabadbu malee,
hin caafin!" jedhu nan dhaga'e*.
**1 1:15-16*
**2 5:1*
**3 Amo 1:2*
**4 Dan 12:4,9*
5 Ergamaan inni ani galaana irra,
lafa gogaa irras dhaabatee arge sun,
harka isaa mirgaa gara waaqaatti ol
qabe. 6 Maqaa isa baraa hamma bara
baraatti jiraatu, isa waaqa, wanta isa
keessa jirus, lafa, wanta isa keessa
jirus, galaana, wanta isa keessa jirus,
uume sanaan kakatee, "Si'achi lafa irra
harkisuun hin jiru*; 7 bara malakanni
inni torbaffaan afuufamutti garuu,
wanti Waaqayyo dhoksaatti akeeke,
akkuma inni raajota hojjetoota isaatti
himee ture sanatti, raawwatamuuf jira"
jedhe*.
**6 Dan 12:7; Bau 20:11; Kes 32:40*
**7 11:15; Amo 3:7; Zak 1:6*

8 Yommus sagaleen inni duraan
waaqa irraa anatti dubbachuu isaa dha-
ga'e sun, deebisee anatti dubbatee,
"Dhaqiitii macaafa maramu isa bana-
maa, ergamaa isa miilla tokkoon galaa-
na irra, miilla tokkoon lafa gogaa irra
dhaabate sana harkaa fudhadhu!" naan
jedhe. 9 Ani yommus gara ergamichaa
dhaqeen, macaafa maramu isa xinnaa
sana anaaf akka kennuuf nan gaafadhe.
Inni immoo, "Macaaficha fudhadhu,
nyaadhu! Inni garaa kee hadhaa'aa in
godha, afaan kee keessatti immoo mi-
yaa'aa akka dammaa in ta'a" naan
jedhe*. 10 Kanaaf ani macaafa maramu
isa xinnaa sana harka ergamichaa kees-
saa fuudhee nan nyaadhe; inni afaan
koo keessatti akka dammaa miyaa'aa
ture; ergan isa nyaadhee booddee garuu
garaan koo hadhaa'aa ta'e. 11 Akkasu-
mas, "Ati waa'ee namoota baay'ee,
saba baay'ee, afaan baay'ee, mootota
baay'ee raajii dubbachuun si irra jira"
jedhamee anatti himame*.

**9 His 2:8-10; 3:1-3*
**11 Er 1:10*

Dhuga-Baatonni Lamaan Ergamuu Isaanii

11 1 Uleen akka ulee safaraa tokko
anaaf in kenname; yommus
tokko anatti dubbatee, "Ka'ii, mana
qulqullummaa Waaqayyoo iddoo aarsi-
chaas safariitii namoota achitti sagada-
nis lakkaa'i*! 2 Garuu oobdii mana
qulqullummaa safaruu dhiisi! Inni war-
ra saba Waaqayyoo hin ta'initti kenna-
meera; isaan immoo ji'a afurtamii la-
maaf mandara qulqullaa'aa sana dhi-
dhiituuf jiru*. 3 Dhuga-baatonni koo
lamaan uffata gaddaa uffatanii, guy-
yoota kuma tokkoo fi dhibba lamaa fi
jaatamman sana raajii akka dubbataniif
ani karaa nan kennaaf" jedhe*.

**1 His 40:3; Zak 2:1-2,5-6*
**2 13:5; Dan 8:10,13; Luq 21:24*
**3 12:6*

4 Dhuga-baatonni lamaan immoo,
muka ejersaa lamaanii fi baattuu ihsaa
lamaan Waaqayyo gooftaa biyya lafaa
dura dhaabatanii dha*. 5 Eenyu illee
isaan miidhuu yoo barbaade, ibiddi
afaan isaanii keessaa ba'ee diinota
isaanii in fixa; eenyu illee isaan mii-
dhuu yoo barbaades akkasitti ajjeefa-
muun irra jira*. 6 Isaan kun lamaan
bara raajii dubbatan sana waaqa kees-
saa bokkaan akka hin roobneef cufuu-
dhaaf aboo qabu; bishaanota dhiigatti
geddaruudhaaf, yeroo barbaadanittis
dha'icha waan jedhamu hundumaan
biyya lafaa rukutuudhaaf aboo qabu*.

**4 Zak 4:3,11-14*
**5 2Mot 1:10; Er 5:14*
**6 1Mot 17:1; Yaq 5:17; Bau 7:17-20; 1Sam 4:8*

7 Yommuu isaan dhugaa ba'uu
isaanii raawwatan, bineensichi iddoo
lafa jalaa sana keessaa ba'ee, lola
isaanitti kaasuuf, isaan mo'uuf, isaan
ajjeesuufis jira*. 8 Reeffi isaaniis man-
daricha guddicha isa gooftaan isaanii
duraan itti fannifame keessaa karaa
irratti argamuuf jira; mandarri sunis ija
hafuuraatiin yommuu ilaalamu "So-
doom yookiis Gibxi" jedhamee in waa-
mama*. 9 Nama hundumaa keessaa,
gosa hundumaa keessaa, afaan hundu-
maa keessaa, saba hundumaa keessaa
warri dhufan, guyyaa sadii fi walak-
kaadhaaf reeffa isaanii lafatti in ilaalu
malee, hin awwaalchisan. 10 Warri biy-
ya lafaa irra jiraatan kanatti in gamma-
du; kun isaanitti in tola; raajonni warra
biyya lafaa irra jiraatan dhiphisan kun
waan du'aniifis, namoonni gammada-
nii kennaa waliif in ergu. 11 Guyyaa
sadii fi walakkaa booddee immoo ha-
fuurri jireenya kennu Waaqayyo hiraa
dhufee, raajota du'an sanatti gale. Isaa-
nis ka'anii dhaahatan; warri isaan ar-
gan hundinuu guddaa in sodaatan*.
12 Yommus raajonni lamaan sun waaqa
keessaa sagalee guddaa, "As ol kot-
taa!" jedhee isaan waamu tokko in
dhaga'an. Isaan duumessa keessa gara
waaqaatti ol in ha'an; diinonni isaaniis
kana in argan*. 13 Yeroo sanattis so-
cho'a lafaa guddaatu ta'e; harka ku-
dhan keessaa barki tokkoon mandari-
chaa in jijjige. Namoonni beekamoon
kumni torba socho'a lafaa kanaan aj-
jeefamanii, warri hafan immoo sodaa-
tanii, Waaqayyo gooftaa waaqaaf hoo-
qubaa dhi'eessan*.

**7 13:1-8; 17:8; Dan 7:7,21*
**8 Isa 1:9-10*
**11 His 37:5,10*
**12 2Mot 2:11*
**13 6:12; 16:18*

14 Wayyoon inni lammaffaan dar-
beera; wayyoon inni sadaffaan immoo
kunoo, dafee in dhufa*.

**14 9:12*

Sagaleen Malakata Isa Torbaffaa Dhaga'amuu Isaa

15 Kana booddees ergamichi tor-
baffaan malakata isaa afuufe. Waaqa
keessaas sagaleen guddaan, "Mootum-
maan biyya lafaa kan gooftaa keenyaa,
kan Masiihii isaatiis ta'eera; inni im-
moo baraa hamma bara baraatti in
mo'a" jedhu in dhaga'ame*. 16 Maan-
guddoonni digdamii arfan warri fuula
Waaqayyoo dura teessoo isaanii irra
taa'an, adda isaaniitiin gombifamanii
Waaqayyoof in sagadan*.

17 Isaan, "Yaa Waaqayyo gooftaa
hundumaa dandeessuu,
kan jirtuu, kan turtes,
humna kee isa guddaa fudhattee
waan mooteef,
galata siif in dhi'eessina*!
18 Saba Waaqayyoo warri hin ta'in
dheekkamaniiru,
garuu dheekkamsi kee dhufeera;
yeroon warri du'an firdii argatan
ga'eera;
yeroon hojjetoonni kee raajonni,
warri siif qulqullaa'an,
warri si sodaatan xixinnaan,
gurguddaanis,
gatii isaanii itti argatan ga'eera;
yeroon warri biyya lafaa
balleessan
itti balleeffamanis ga'eera"
jedhan*.

**15 12:10; Bau 15:18; Dan 2:44; 7:14,27*
**16 4:4,10*
**17 4:8; 19:4,6*
**18 Far 2:5; 110:5; 115:13*

19 Kana booddee manni qulqul-
lummaa Waaqayyoo inni waaqa kees-
saa banamee, sanduuqi kakuu mana
qulqullummaa isaa keessaas in arga-
me; balaqqeessi in balaqqeessa'e, sa-
galeen biraa, qaqawweenis wal jalaa in
qaban, lafti in socho'e, cabbiin gud-
daanis in bu'e*.

**19 8:5; 15:5; 16:18,21*

Dubartittii Fi Bineensa Akka Jawwee Sana Arguu Isaa

12 1 Wanti guddaan dinqisiisaan
tokko, waaqa keessatti in arga-
me; dubartiin biiftuu uffattee, ji'a miil-
la jala kaa'attee, gonfoo urjoota kudha
lamaa mataa ishee irraa qabdu tokko in
mul'atte. 2 Isheen ulfa turte; ciniinsuu
da'umsaatiinis dhiphattee in iyyite.
3 Wanti dinqisiisaan biraa tokkos waa-
qa keessatti in argame; inni immoo
bineensa akka jawwee guddaa, diimaa
hiluu, mataa torba, gaanfa kudhan,
mataa isaa torban irratti wanta akka
gonfoo torba qabu ture*. 4 Eegeen isaa
urjoota waaqa keessa jiran harka sadii
keessaa harka tokko haxaa'ee, lafatti
gad in darbate. Bineensi akka jawwee
sunis yeroo dubartittiin deessu mucaa
ishee liqimsuudhaaf jedhee, ishee
da'uuf jettu sana dura in dhaabate*.
5 Isheen ilma saba hundumaa siiqqee
sibiilaatiin tiksuuf jedhu in deesse; ilmi
ishee garuu gara Waaqayyootti, gara
teessoo isaattis ol in butame*. 6 Dubar-
tittiin immoo lafa onaatti in baqatte;
achitti iddoo Waaqayyo akka isheen
guyyaa kuma tokkoo fi dhibba lamaa fi
jaatamaaf, waan ittiin jiraattu argattuuf
qopheesseef, qabdi turte*.

**3 13:1; Dan 7:7*
**4 Dan 8:10*
**5 2:27; 19:15; Isa 66:7; Far 2:8-9*
**6 11:3*

7 Kana booddees waaqa keessatti
lolli in ka'e. Mikaa'el, ergamoota isaa
wajjin hineensa akka jawwee sana in
lole; bineensichi akka jawwee sunis
ergamoota isaa wajjin deebisee isa in
lole*. 8 Bineensichi mirga hin argan-
ne; deebi'ees isaaf ergamoota isaatiif
waaqa keessatti iddoon hin argam-
neef*. 9 Bineensi guddichi akka jaw-
wee sun, bofni bara durii, inni Diiyaa-
bilos, Seexanas jedhame, inni guu-
tummaa biyya lafaa wallaalchisu gara
biyya lafaatti gad in darbatame; erga-
moonni isaas isaa wajjin gad in dar-
bataman*. 10 Ani immoo waaqa kees-
saa sagalee guddaa tokko nan dhaga'e;
innis, "Amma fayyinni, aangoon,
mootummaan kan Waaqayyo keenyaa,
aboonis kan Masiihii isaatii ta'eera;
hadheessituun obboloota keenyaa inni
halkanii fi guyyaa Waaqayyo keenya
duratti isaan hadheessaa ture immoo
gad darbatameera*. 11 Obboloonni
keenya immoo dhiiga hoolichaatiin,
dubbii isa dhugaa ba'aniinis isa mo'a-
niiru; isaan du'atti waan isaan geessu

yoo ta'e iyyuu, lubbuu isaanii hin mararsiifanne*.
12 Egaa yaa bantiiwwan waaqaa, warri isaan keessa jiraattanis gammadaa! Yaa lafaa, yaa galaanaa, Seexanni gara keessanitti waan gad bu'eef isiniif garuu wayyoo! Inni yeroo gabaabduu duwwaa akka qabu waan beekuuf, guddaa aareera!" jedhe*.
**7 Dan 10:13,21; 12:1; Yih la 9*
**8 Dan 2:35*
**9 Luq 10:18; Yoh 12:31; Uma 3:1,14*
**10 11:15; Iyo 1:9-11; Zak 3:1*
**11 6:9; 7:14; Yoh 12:25; Rom 8:37*
**12 Isa 49:13*

13 Bineensi akka jawwee sun gara lafaatti akka gad darbatame yeroo beeketti, dubartittii ishee ilma deesse sana ari'achuutti in ka'e. 14 Dubartittiin garuu boficha duraa gara lafa onaa, iddoo itti bara sadii fi walakkaadhaaf waan ittiin jiraattu argattu sanatti, akka balaliituuf baalleen joobira guddichaa lama in kennamaniif*. 15 Yommus bofichi, bishaan lola'ee akka dubartittii haree adeemuuf, dugda ishee duubaan bishaan akkuma isa laga yaa'utti afaan isaa keessaa duukaa gad naqe. 16 Lafti garuu dubartittii in gargaare; afaan banee laga isa bineensichi akka jawwee sun afaan isaa keessaa yaase gad in dhuge. 17 Yommus bineensichi akka jawwee sun dubartittii sanatti aaree, sanyii isheę warra kaanitti lola kaasuu dhaqe; isaanis warra abboommii Waaqayyoo eeganii, isa Yesus dhugaa ha'ettis jabaatanii dha*. 18 Bineensichi sun immoo cirracha galaanaa irra in dhaabate.
**14 8:13; Dan 7:25; 12:7*
**17 14:12*

Bineensa Gaanfa Kudhan Qabu Arguu Isaa

13 1 Kana booddee immoo bineensi tokko galaana keessaa utuu ba'uu nan arge; bineensichis gaanfa kudhanii fi mataa torba, gaanfa isaa irratti waan akka gonfoo kudhan, mataa isaa torban irrattis maqaa ulfinaa, Waaqayyoon arrabsuudhaaf kennaman qaba ture*. 2 Bineensi ani arge qeerransa in fakkaata ture; miilli isaa akka miilla amaaketaa ti, afaan isaas akka afaan leencaa ti; bineensi akka jawwee sunis humna isaa, teessoo isaa, aboo isaa isa guddaas bineensichaaf in kenne*. 3 Mataa isaa torban keessaa inni tokko hamma du'aatti waan madaa'e in fakkaata; rukuttaan du'aan ga'u sunis deebi'ee fayye ture. Namoonni guutummaa biyya lafaa dinqifatanii yaadaan bineensicha duukaa bu'an*. 4 Bineensicha isa kanaaf iyyuu aboo kan kenneef bineensa akka jawwee sana waan ta'eef, namoonni isaaf in sagadan; akkasuma immoo bineensa isa kaaniif sagadanii, "Eenyutu akka bineensa kanaa ta'a? Eenyutus bineensicha loluu danda'a?" jedhan.
**1 11:7; 12:3; 17:3,7-12; Dan 7:3-7*
**2 Dan 7:4-6; Luq 4:6*
**3 17:8*

5 Dubbii gurratti guddaa fakkaatuu fi Waaqayyoon kan arrabsu dubbachuudhaaf afaan in kennameef; ji'a afurtamii lamaaf kana gochuudhaaf aboon in kennameef*. 6 Yommus bineensichi Waaqayyo irratti arrabsoo dubbachuudhaaf, maqaa Waaqayyoo, iddoo buufata isaa, warra waaqa keessa isa bira buufatanis arrabsuudhaaf afaan isaa in bane. 7 Warra Waaqayyoof qulqullaa'an lolee isaan mo'uunis in kennameef; gosa hundumaa irratti, nama hundumaa irratti, afaan hundumaa irratti, saba hundumaa irrattis aboon in kennameef*. 8 Warra lafa irra jiraatan keessaa, uumamuu biyya lafaatii jalqabee maqaan isaanii macaafa hoolicha qalamee, isa warri jireenya argachuuf jiran keessatti caafaman irratti bin argamne hundinuu, bineensichaaf sagaduuf jiru*.
**5 Dan 7:8,11,25; 11:36; Mul 11:2*
**7 11:7; Dan 7:21*
**8 17:8; 3:5; Far 69:28; Dan 12:1*

9 Namni gurra qabu haa dhaga'u*!
10 Namni booji'amuuf jiru, booji'amuun isaa hin oolu; namni billaadhaan ajjeefamuuf jiru, billaadhaan ajjeefamuun isaa hin oolu; kana keessatti obsaan danda'uunii fi amantiin warra Waaqayyoof qulqullaa'anii, in barbaadama*.
**9 2:7*
**10 Er 15:2; 43:11; Mat 26:52; Mul 14:12*

Bineensa Gaanfa Lama Qabu Tokko Arguu Isaa

11 Kana malees bineensa lafa keessaa ba'u biraa tokko nan arge; akka

hoolaa gaanfa lama qaba, akkuma bineensa akka jawwee sanas in dubbata ture*. 12 Bineensi inni lammaffaan kunis aboo bineensi inni duraa qaba ture hundumaan, isuma duratti in hojjeta; biyyi lafaa, warri isa keessa jiraatanis bineensa isa duraa, isa rukuttaan du'aan ga'u deebi'ee fayyeef sanaaf, akka saga'dan in godha. 13 Inni milikkita gurguddaa in argisiisa; ibidda iyyuu ija namootaa duratti waaqa keessaa lafatti gad in buusa*. 14 Milikkita bineensa isa duraa sana duratti akka inni argisiisuuf kennamcef sanaan, warra lafa irra jiraatan in wallaalchisa; warra biyya lafaa irra jiraatan sana wallaalchisuudhaafis, bifa fakkeenya bineensicha billaadhaan rukutamee deebi'ee jiraatee, waaqessuudhaaf akka tolfatan isaanitti in hima*. 15 Bifa fakkeenya bineensa isa duraa sanatti lubbuu itti gochuun, bineensa isa lammaffaa sanaaf kennamee ture; kana irraa kan ka'es bifni fakkeenya bineensichaa kun dubbacbuu iyyuu danda'ee, hammi isaaf hin saganne akka ajjeefaman in godhe. 16 Bineensichi namni hundinuu, xinnaan, guddaan, sooressi, hiyyeessi, birmaduun, garbis harka mirgaa irratti yookiis adda irratti gubaa akka qabaatu in gochisiisa*. 17 Kana gochuun isans namni gubaa bineensicha isa duran, isa maqaa isaa yookiis lakkoobsa maqaa isaa argisiisu of irraa yoo qabaate malee, bituus gurguruus akka hin dandeenyeef.
**11 16:13; Mat 7:15*
**13 Mat 24:11,24; 2Tas 2:9-10*
**14 19:20*
**16 14:9-11*

18 Kana keessatti ogummaan in barbaadama; lakkoobsi kun maqaa namaatiif waan dhaabatuuf, nammi sammuu qabu lakkoobsicha lakkaa'ee bira ga'uu in danda'a; lakkoobsi isaa immoo dhibba ja'aa fi jaatamii ja'a*.
**18 17:9*

Hoolichaa Fl Namoota Isaa Arguu Isaa

14 1 Ergasiis ani ilaalee, hoolicha tulluu Xiyoon irra dhaabate nan arge; namoonni kumaatamni dhibbaa fi kumni afurtamii arfan, warri maqaan isaa, maqaan abbaa isaatiis adda isaaniitti caafamee ture, isaa wajjin turan*. 2 Sagalee akka huursaa bishaan baay'ee, akka guungummii qaqawwee guddaas waaqa keessaa nan dhaga'e; sagaleen ani dhaga'es waan akka sagalee kiraara gurguddaa warri kiraara rukutan dhageessisanii ture*. 3 Isaan faarfannaa haaraa fuula teessicbaa, fuula uumama lubbuu qaban arfanii, fuula maanguddootaa duratti in faarfatu; faarfannaa sana immoo warra kumaatama dhibbaa fi kuma afurtamii arfan, biyya lafaa keessaa furaman sana malee, namni biraa tokko illee baruu hin danda'u*. 4 Isaan kun warra dubartoota bira dhaquudhaan of hin xureessinii dha, isaan qeerrota duudaa dha; warri lafa hoolichi dhaqu hundumaatti isa duukaa bu'an isaan kana. Isaan kun warra sanyii namaa keessaa Waaqayyoo fi hoolichaaf furaman, warra jalqabaa ti*. 5 Sobni tokko illee afaan isaanii keessatti hin argamne; isaan warra mudaa hin qabnee dha*.
**1 7:3-4; 3:12; His 9:4*
**2 1:15*
**3 5:9*
**4 1Qor 7:1,8; 2Qor 11:2*
**5 Isa 53:9; Sef 3:13*

Ergamoonnl Sadan Waan Ta'uuf Jiru Himuu Isaanll

6 Kana booddee ergamaan biraa tokko, wangeela isa bara baraa baatee, warra lafa irra taa'anitti, saba hundumaatti, gosa hundumaatti, afaan duhbatamu hundumaatti, nama bundumaattis labsuudhaaf bantii waaqaa walakkaa utuu balali'uu nan arge. 7 Innis sagalee guddaadhaan, "Yeroon firdii isaa waan ga'eef, Waaqayyoon sodaadhaa, ulfinas kennaaf! Isa waaqa, lafa, galaana, burqituu bishaanii uumeefis sagadaa!" jedhe*.
**7 15:4; Far 146:6*

8 Ergamaan biraa, inni lammaffaanis isa duraa duukaa bu'ee, "Kufteetti, Baabilon guddittiin isheen sabni hundinuu daadhii waynii dheekkamsaa isa halalummaa isbee irraa dhufu akka dhugan goote, kufteettil" jedhe*.
**8 18:2; Isa 21:9; Er 51:7-8*

9 Ergamaan biraa, inni sadaffaanis isaan duukaa bu'ee sagalee guddaadhaan, "Namni bineensicbaa fi bifa fakkeenya isaafis yoo sagade, gubaa sanas adda isaatti yookiis harka isaatti

yoo fudhate*, 10 innis ofii isaatii daadhii waynii dheekkamsa Waaqayyoo, isa uumu makaa hin qabaatin xoofoo dheekkamsa isaatti buufame dhuguuf jira; fuula ergamoota qulqullootaatti, fuula boolichaa durattis ibiddaa fi dhagaa boba'uun dhipbifamuuf jira*. 11 Aarri ibidda isaan dhipbisuu immoo baruma baraan ol in ba'a; warra bineensichaaf bifa fakkeenya isaatiifis sagadaniif, nama gubaa maqaa isaa argisiisu fudhatuufis, halkan, guyyaas aara galfachuun bin jiru" jedhe*.
**9 13:12-17*
**10 16:19; 19:20; Far 75:8; Isa 51:17; Er 25:15; Uma 19:24; His 38:22*
**11 19:3; Isa 34:9-10*

12 Kana keessatti obsaan dan-da'uun warra Waaqayyoof qulqullaa'anii, abboommii Waaqayyoo eeganii, Yesusitti amanuu isaanii jabeessanii in barbaadama*.
**12 13:10; 12:17*

13 Ani amma immoo sagalee waaqa kecssaa, "Warri gooftaatti qabamanii utuu jiranii du'an, ammaa jalqabanii warra gammadanii dha, kana caafi!" naan jedhu nan dhaga'e. Hafuurri qulqulluunis, "Eyyee, dadhabbii isaaniittii aara haa galfatan, iji hojii isaanii immoo isaan duukaa in bu'a" in jedha*.
**13 Filp 1:23; Isa 57:2; Ibr 4:10*

Haamamuu Biyya Lafa Kanaa Arguu Isaa

14 Kana booddees ilaaleen duumessa adii tokko arge, ilma namaa kan fakkaatu tokko immoo, gonfoo warqee mataatti kaa'atee, haamtuu qaramaa tokkos barkatti qabatee, duumessa sana irra taa'ee ture*. 15 Ergamaan biraa tokko immoo mana qulqullummaa sana keessaa ba'ee, sagalee guddaadhaan isa duumessa irra taa'e sanaan, "Wanti biyya lafaa kanaa haamamu guutummaatti bilchaatee irra darbeera, yeroon haamaas ga'eera, haamtuu kee itti kaa'iitii baami!" jedhe*. 16 Kana irratti inni duumessicha irra taa'e baamtuu isaa biyya lafaatti kaa'ee isa cire, biyyi lafaas in haamame.
**14 1:13; Dan 7:13; Mat 24:30; Mar 13:26*
**15 Yoe 3:13; Mat 13:39*

17 Ammas ergamaan biraa tokko mana qulqullummaa isa waaqa irraa keessaa in ba'e; innis immoo haamtuu qaramaa of barkaa qaba ture. 18 Kana booddee ergamaan biraa inni ibidda irratti aboo qabu tokko iddoo aarsaatii gad ba'ee, sagalee guddaadhaan ergamaa isa haamtuu qaramaa baatu sanaan, "Iji waynii isaa waan bilchaateef, haamtuu kee itti kaa'iitii hurbuu waynii biyya lafaa kutii walitti qabi!" jedhe. 19 Kanaaf ergamaan sun haamtuu isaa biyya lafaatti kaa'ee, hurbuu wayniis muka isaa irraa kutee, iddoo cuunfaa waynii dheekkamsa Waaqayyoo isa guddaatti daddarbate*. 20 Wanti iddoo cuunfaa sana keessa jirus mandara duubatti in dhidhiitame; iddoo cuunfaa sana keessaas dhiigni in ba'e. Inni luugama fardaa bira hamma ga'utti ol ka'ee, akka kiilo metrii dhibba sadiif immoo in lola'e*.
**19 19:15*
**20 Isa 63:3; Faru 1:15*

Ergamoota Dha'icha Warra Gara Dhumaa Fidan Arguu Isaa

15 1 Kana booddees milikkita guddaadhaa fi dinqisiisaa biraa tokko, waaqa keessatti nan arge; innis ergamoota torba warra dha'icha gara dhumaa torban of harkaa qaban ture; dheekkamsi Waaqayyoo isaan kanaan waan dhaabatuuf, dha'icha gara dhumaa jedhaman*.
**1 16:1*

2 Ergasii ani wanta akka galaana dhoqqee of-ilaalee ibiddaan makaa irraa hojjetame tokko nan arge. Akkasumas warri bineensicha, bifa fakkeenya bineensichaa, lakkoobsa maqaa isaatiif dhaabatu irrattis mo'icha argatan, kiraara isa kan Waaqayyoo harka isaaniitti qabatanii, wanta akka galaana dhoqqee of-ilaalee sana bukkee dhaabatanii nan arge*. 3 Isaan faarfannaa Musee garbicha Waaqayyoo, faarfannaa hoolichaas in faarfatu,

"Yaa Waaqayyo gooftaa hundumaa dandeessuu,
hojiin kee guddaa dha,
dinqisiisaa dhas!
Ati yaa mootii saba hundumaa,
karaan kee hundinuu qajeelaa dha dhugaa dhas*!
4 Yaa gooftaa!
Namni si hin sodaanne,
maqaa kees kan hin guddifne
eenyu?
Si duwwaatu qulqulluu dha;
sabni bundinuu in dhufu, siifis in sagadu;
gochaan kee inni qajeelaan
mul'ifameera*!" in jedhu*.
**2 4:6*
**3 Bau 15:1; Kes 32:4; Far 111:2; 145:17*
**4 Er 10:7; 16:19; Far 86:9*

5 Kana booddees waan biraa nan arge; manni qulqullummaa inni waaqa irraa, dunkaanni dhuga-baasuu in banamc*; 6 ergamoonni torbas uffata calaqqisaa quncee muka talbaa qullaa'aa irraa hojjetame uffatanii, qoma isaaniis bidhata warqeetiin hidhatanii, dha'icha torban sana of harkatti qabatanii, mana qulqullummaa sana keessaa in ba'an*. 7 Uumama lubbuu qaban arfan keessaa inni tokko, waciitii warqee irraa hojjetaman torba, dheekkamsi Waaqayyo isa bara baraan jiraatuu akka keessa guutetti, ergamoota torbaniif kenne*. 8 Manni qulqullummaa sunis guddina Waaqayyoo fi aangoo isaa irraa kan ka'e aaraan in guute; hamma yeroo dha'icbi torban ergamoonni torban fidan sun raawwatamettis, eenyu illee mana qulqullummaa sana lixuu hin dandeenye*.
**5 11:19; Bau 38:21*
**6 1:13*
**7 4:6-8; 14:10*
**8 Bau 40:34; 1Mot 8:10-11; 2Sen 5:13-14; Isa 6:4*

Ergamoonni Dheekkamsa Waaqayyoo Waciitota Keessaa Gad Naquu Isaanii

16 1 Yommus mana qulqullummaa sana keessaa sagalee guddaa ergamoota torban sanaan, "Dhaqaa, waciitii dheekkamsa Waaqayyoo torbanuu keessaa lafa irratti gad naqaa!" jedhu nan dhaga'e*.
**1 15:5-7*

2 Egaa ergamaan inni duraa achii ba'ee, waciitii isaa keessaa lafa irratti gad in naqe; madaan sodaachisaanii fi dhukkubsaan, namoota gubaa bincensichaa of irraa qabanitti, warra bifa fakkeenya isaatiif sagadanittis in nam'e*.
**2 Bau 9:9-10*

3 Ergamaan inni lammaffaan immoo waciitii isaa keessaa galaana irratti gad in naqe; innis akka dhiiga nama du'u keessaa dhangala'ee ta'e; wanti lubbuu qaban galaana keessa jiraatan hundinuus in du'an.

4 Ergamaan inni sadaffaan immoo waciitii isaa keessaa laga irratti burqituu bishaanii irrattis gad in naqe; isaan immoo dhiiga in ta'an*. 5 Yommus ani, ergamaan waa'ee bishaanii beeku dubbachuu isaa nan dhaga'e; innis,

"Ati, yaa isa qulqulluu,
inni jirtu, inni turtes,
firdii kana kennuun kee
qajeelaa dha!
6 Namoonni dhiiga warra siif
qulqullaa'anii,
kan raajotaas dhangalaasaniiru;
ati immoo dhiiga akka dhuganiif
isaaniif laatteetta;
kun wanta isaaniif ta'uu dha!"
jedhe*.
7 Sagaleen tokkos iddoo aarsaatii,
"Eyyee, yaa Waaqayyo gooftaa
hundumaa dandeessuu,
firdiin kee dhugaa dha qajeelaa
dhas!"
uuu jedhuu nan dhaga'e*.
**3-4 8:8; Bau 7:17-21; Far 78:44*
**6 18:24; Far 79:3*
**7 19:2; Far 119:137*

8 Ergamaan inni afuraffaan immoo waciitii isaa keessaa biiftuu irratti gad in naqe; inni immoo ibidda isaatiin namoota waxaluun in kennameef; 9 namoonnis ho'a sodaachisaa sanaan in waxalaman. Kana keessaa immoo isaan Waaqayyoon isa dha'icba kana hundumaa irratti gooftummaa qabu maqaa balleessan malee, yaada garaa isaanii hin geddaranne, Waaqayyoofis ulfina hin laanne*.
**9 9:20-21*

10 Ergamaan inni shanaffaan immoo waciitii isaa keessaa teessoo bineensichaa irratti gad in naqe; mootummaan bineensicbaas dukkanaan in liqimfame; namoonnis dhiphina irraa kan ka'e arraba isaanii in cicciniinan*. 11 Dhiphina isaanii fi madaa isaanii irraa kan ka'es, Waaqayyo gooftaa waaqaa maqaa balleessan malee, yaada garaa isaanii geddaratanii hojii isaanii irraa hin deebine.
**10 13:1-2; Bau 10:21-22*

12 Ergamaan inni ja'affaan immoo waciitii isaa keessaa Efraaxiis laga guddicha irratti gad in naqe; bishaanichi in goge, mootonni warra

ba'a-biiftuu akka dhufaniifis karaan in banameef*. 13 Yommus ani afaan bineensa isa akka jawwee sanaa keessaa, afaan bineensicha isa kaanii keessaa, afaan raajii sobduu keessaas hafuuronni xuraa'oon sadii fattee fakkaatanii utuu ba'anii nan arge*. 14 Isaan hafuurota Seexanaa warra milikkita garaa garaa argisiisanii dha; isaan kun mootota, guutummaa biyya lafaa lola guyyaa isa guddicha kan Waaqayyoo bundumaa danda'u sanaaf, walitti qabuudhaaf warra ba'anii dha*.

**12 9:14; Isa 11:15; 44:27*
**13 12:3,9; 13:11; Bau 8:3*
**14 13:13; 19:19*

15 Sagaleen tokkos, "Kunoo, ani akka hattuun dhuftutti nan dhufa, namni dammaqu, namni qullaa isaa adeemee saalli isaa bakkeetti akka hin mul'annetti, uffata isaa eeggatu haa gammadu!" jedhe*.

**15 3:3,18; Mat 24:43-44; Luq 12:39-40; 1Tas 5:2; 2Phe 3:10; 2Qor 5:3*

16 Hafuuronni hamoonni sun mootota sana iddoo afaan Ibrootaatti "Armaagedoon" jedhamutti walitti in qaban*.

**16 Abo 5:19; 2Mot 23:29; Zak 12:11*

17 Ergamaan inni torbaffaan immoo waciitii isaa keessaa qilleensa keessatti gad in naqe; sagaleen guddaan tokkos mana qulqullummaa keessaa, teessoo sana biraa ba'ee, "Ta'eera!" jedhe. 18 Balaqqeessi in balaqqeessa'e; sagaleen biraa, qaqawweenis wal jalaa in qaban, laftis guddisee in socho'e; guddinni socbo'a lafaa sunis erga namni lafa irratti uumamee, sanyiin isaa takkaa kan hin ta'inii dha*. 19 Mandarri inni guddichi kutaa sadiitti gargar in cabe, mandaroonni saba biyya lafaa in jijjigan; Waaqayyo immoo Baabilon guddittiin xoofoo dheekkamsa isaa isa sodaachisaa keessaa akka dhugduuf isheedhaaf kennuu in yaadate*. 20 Biyyi bisbaan keessaa hundinuu baqatee in sokke; tulluunis bin argamne*. 21 Cabbiin dhagaa gurguddaa, tokkon tokkon isaa akka kiilo graamii jaatamaa ulfaatu waaqa keessaa namoota irra in bubbu'e; dha'ichi cabbii sunis baay'ee guddaa sodaachisaa waan ta'eef, isa irraa kan ka'e namoonni Waaqayyoon maqaa in balleessan*.

**18 8:5; 11:13,19*
**19 14:8,10; Isa 51:17,22-23; Er 25:15*
**20 6:14*
**21 Bau 9:18,23; Mul 11:19*

Adaba Ejjituu Ishee Guddittii Arguu Isaa

17 1 Kana booddee ergamoota torban waciitii torba qaban sana keessaa inni tokko dhufee anatti dubbatee, "Kottu, firdii ejjituu ishee guddittii, mandara bishaanota baay'ee irratti ijaaramte sanaa, sitti nan argisiisaa*! 2 Mootonni biyya lafaa kanaa ishee wajjin ejjaniiru, daadhii waynii halalummaa isheetiinis warri lafa irra jiraatan macbaa'aniiru" jedhe*. 3 Hafuuraanis ol na fuudhee gara lafa onaatti na geesse; achittis dubartii bineensa bildiimaa tokko irra teessu nan arge. Maqaan ulfinaa, Waaqayyoon arrabsuudhaaf kennaman isa irra guutanii turan; innis mataa torbaa fi gaanfa kudhan qaba ture*. 4 Dubartittiin uffata dhiilgee, diimaa biluus uffattee, warqee, dhagaa fi callee gati-jabeeyyii naqattee, kubbayyaa warqee wanta ciiggaasisaadhaa fi xuraa'ummaa halalummaa isheetiin guute, harkatti qabattee turte*. 5 Maqaan dhokataan, "Baabilon guddittii, baadha ejjitootaa fi wanta ciiggaasisaa biyya lafaa" jedhu tokko immoo adda isheetti caafamee ture*. 6 Akkasumas dubartittiin dhiiga warra Waaqayyoof qulqullaa'aniitiin, dhiiga warra Yesusiif dhugaa ba'uu isaaniitiif ajjeefamaniitiinis machooftee nan arge; yeroon ishee arges guddisee nan dinqisiifadhe*.

**1 15:1; 16:19; Er 51:13*
**2 18:3,9; 14:8; Isa 23:17; Er 51:7*
**3 His 37:1; Mul 13:1*
**4 18:16; Er 51:7*
**5 2Tas 2:7; Mul 14:8*
**6 18:24*

7 Garuu ergamichi anaan, "Maaliif dinqisiifatta? Dhoksaa dubartittii, kan bineensicha ishee baatuu, isa mataa torbaa fi gaanfa kudhan qabuu, sitti bimuufan jira. 8 Bineensi ati argite sun, takka jiraataa ture, amma immoo hin jiru; iddoo lafa jalaa keessaa ol ba'uuf jira, booddee immoo gara badiisaa in dhaqa. Sababii inni takka jiraataa turee, amma immoo hin jirreef, deebi'ee immoo argamuuf jiruuf, warri biyya lafaa irra jiraatan, warri uumamuu biyya lafaatii jalqabee maqaan isaanii macaafa warra jireenya argachuuf jiranii keessatti hin caafamin, bineensicha arganii raajeffachuuf jiru*.

**8 13:1-8; Far 69:28*

9 "Kun sammuu ogummaa qabu in barbaada; mataan torban tulloota torban dubartittiin irra teessuu dha; akkasumas mataan torban mootota torba*. 10 Isaan keessaa shan kufaniiru, tokko jira, inni tokko immoo amma illee hin kaane; yommuu ka'u immoo yeroo gabaabduu duwwaadhaaf turuun isa irra jira. 11 Bineensichi inni takka jiraataa ture amma hin jirre immoo, saddeetaffaa dha; garuu warruma torban sana keessa ture, inni gara badiisaa in dhaqa. 12 Gaanfonni kurnan ati argite immoo, mootota kudhan warra kanaan dura mootummaa hin fudhatinii dha; garuu isaan bineensichaa wajjin sa'aatii tokkittiidhaaf akka moototaatti aboo fudhachuudhaaf jedhu*. 13 Isaan kun yaada tokkicha qabu, humna isaanii fi aboo isaanii dabarsanii bineensichatti in kennu. 14 Isaan hoolichatti lola in kaasu; hoolichi garuu gooftaa gooftotaa, mootii moototaas waan ta'eef, isaan in mo'a; warri isaa wajjin jiranis warra waamaman, warra fo'aman, warra amanamanii dhas" jedhe*.

**9 13:18*
**12 13:1; Dan 7:7,24*
**14 19:14,16,19*

15 Itti dabalees ergamichi anaan, "Bishaanonni ati iddoo isheen ejjituun teessutti argite immoo, nama baay'ee dha, tuuta baay'ee dha, saba baay'ee dha, afaan baay'ee dhas*. 16 Gaanfonni kurnan ati argite, bineensichis ishee ejjituu sana jibbuuf jiru; isaan onsanii qullaatti ishee in hambisu; isaan foon ishee in nyaatu, ibiddaanis ishee in gubu*. 17 Isaan hamma dubbiin Waaqayyoo raawwatamutti warra yaada tokkoo ta'uudhaan, mootummaa isaanii dabarsanii bineensichatti kennuudhaanis, akeeka Waaqayyoo hojii irra akka oolchaniif, inni kana garaa isaanii keessa kaa'eera. 18 Dubartittiin ati argite immoo, mandara guddittii ishee mootota lafaa irratti mootummaa qabduu dha" jedhe.

**15 Isa 8:7; Er 47:2*
**16 18:8*

Kufuun Baabilon Hlmamuu Isaa

18 1 Kana booddees ergamaan biraa tokko aboo guddaa fudhatee, waaqa keessaa utuu gad bu'uu nan arge; ulfina isaa irraa kan ka'es biyyi lafaa in ife*.

2 Inni sagalee cimaadhaan iyyee,
"Kufteetti, Baabilon guddittiin kufteetti,
iddoo buufata hafuurota hamootaa taateetti;
lafa hafuurri xuraa'aan itti deddeebi'u,
lafa allaattiin xuraa'oonii fi jibbamoon
itti deddeebi'an taateetti*!
3 Sabni hundinuu daadhii waynii dheekkamsaa
isa halalummaa ishee irraa dhufu dhuganiiru,
mootonni biyya lafaa ishee wajjin ejjaniiru;
naggaadonni lafa irraas badhaadhummaa ishee
isa keessa-ba'aadhaan sooromaniiru" jedhe*.
4 Ergasiis sagalee biraa tokko waaqa kecssaa nan dhaga'e; innis, "Yaa saba ko!
Cubbuu ishee keessaa akka bin qabaannetti,
dha'icha ishee irraas akka hin hirmaannetti,
kottaa, ishee keessaa ba'aa*!
5 Cubbuun ishee hamma bantii waaqaatti ol tuulameera,
Waaqayyoos jal'ina ishee hundumaa yaadateera*;
6 waan isheen nama irratti fidde, ishee irratti deebisaa,
wanta isheen gooteefis,
dachaa lama godhaa dugda baasaaf!
Xoofoo isheen itti namaaf bulbultetti,
harka lama kan hammaatu bulbulaaf*!
7 Akkuma isheen ulfina ofiif laattee,
qannoo keessa-ba'aattis jiraatte,
safaruma isaatiin dhiphinaa fi gadda kennaaf!
Isheen garaa isheetti, 'Ani mootuun addana nan taa'a,
ani haadha hiyyeessaa miti,

gaddas matumaa hin argu'
ofiin jetteetti*.
8 Waaqayyo gooftaan inni isheetti faradu
aango-qabeessa waan ta'eef,
dha'ichi garaa garaa, dhukkubni adeemaan,
gaddi, beelli,
guyyaa tokkichatti isheetti dhufuuf jiru,
ibiddaanis gubamuuf jirti!"
jedhe*.
1 10:1; His 43:2
2 14:8; Isa 21:9; 34:11-15; 13:21; Er 50:39; 51:8
3 Isa 23:17; Er 51:7
4 Isa 48:20; Er 50:8; 51:6,45; 2Qor 6:17
5 Uma 18:20-21; Er 51:9
6 Far 137:8; Er 50:15,29
7 Isa 47:7-8
8 Isa 47:9; Er 50:31,34; Mul 17:16

9 Mootonni biyya lafaa warri ishee wajjin ejjanii, qannoo keessa-ba'aatti jiraatan, aara gubachuu ishee yommuu argan, isheedhaaf boo'anii wawwaachuuf jiru*. 10 Dhiphina isbee sodaataniis irraa fagaatanii dhaabatanii,
"Yaa Baabilon ati mandara gudditti!
Wayyoo kaa, yaa mandara humna-qabeettii,
firdiin kee sa'aatii tokko keessatti dhufe'o,
wayyoo kaa!" in jedhu.
9 17:2; His 26:16-17

11 Naggaadonni biyya lafaas, si'achi mi'a isaanii namni irraa bitu waan hin jirreef, isheedhaaf in boo'u in gadduufis*. 12 Mi'a warqee, meetii, dhagaa gati-jabeessaa, callee, uffata quncee talbaa qullaa'aa irraa hojjetame, uffata bifa dhiilgee, haarrii, uffata bildiimaa, muka urgaa'u bundumaa, mi'a ilka irraa hojjetame, mi'a muka baay'ee gati-jabeessa irraa hojjetame, mi'a sibiila diimaa, kan sibiilaa, kan dhagaa miidhagaa, gati-qabeessaas*, 13 qarafaa, urgooftuu dibataa, ixaana, qumbii, haphee, daadhii waynii, dhadhaa ejersaa, daakuu bullaa'aa, qamadii, saawwa, boolaa, farda, konkolaataa fardaan barkifamu, garba, lubbuu namaa iyyuu isaan irraa kan bitu hin jiru.
11 His 27:27-36
12 His 27:12-24

14 Isaan yommus, "Wanti lubbuun kee ija isaa argachuudhaaf hawwee ture si harkaa ba'eera, simboon kee fi cululuqni kee hundinuu si harkaa badaniiru, deebi'aniis matumaa hin argaman!" ittiin jedhu.

15 Naggaadonni mi'a kana bitanii gurguran, warri ishee irraa sooruma argatanii turanis, dhiphina ishee sodaachuu irraa kan ka'e irraa fagaatanii dhaabatanii in boo'u in gadduuf*.
16 Boo'icha keessas,
"Mandara gudditti,
ishee uffata quncee talbaa qullaa'aa,
uffata dhiilgee fi bildiimaa uffachaa turteef,
ishee warqeedhaa fi dhagaa gati-jabeessa,
callees naqachaa turteef
wayyoo! Wayyoo*!
17 Sa'aatii tokko keessatti badhaadhummaan kun hundinuu waan bade ta'eera!" in jedhu.
Warri markaba irratti ajajan, warri markabaan adeeman, warri markaba keessaa hojjetan, warri hojii galaana irratti hojjetamuun jiraatan hundinuus ishee irraa fagaatanii in dhaabatan*.
18 Aara gubachuu isbee yeroo argan iyyanii, "Mandara kamtu akka mandara gudditti kanaa ture?" jedhan*.
19 Biyyoo mataa isaanii irratti firfirsanii, in boo'an, in gaddanis; iyyanii,
"Mandara gudditti, ishee warri markaba
galaana irraa qaban hundinuu
badhaadbummaa isheetiin sooromaniif, wayyoo!
Wayyoo!
Sa'aatii tokko keessatti kan badde taateetti!"
in jedhu turan*.
20 Sagaleen tokko immoo,
"Yaa bantii waaqaa, kana irratti gammadi!
Isin warri Waaqayyoof qulqullooftan,
ergamoonni isaa warri lafa irraa, raajonnis,
Waaqayyo isheetti isiniif waan faradeef
gammadaa!" jedhe*.
15 His 27:31,36
16 17:4
17 Isa 23:14; His 27:26-30
18 His 27:32

19 His 27:30-34
20 12:12; Kes 32:43; Er 51:48

21 Kana booddee ergamaan aangoqabeessi tokko dhagaa akka dhagaa daakuu guddaa tokko fuudhee galaana keessatti darbatee,
"Baabilon mandarri gudditti
akkas furguggifamtee,
gad in darbatamti,
deebitees hin argamtu*!
22 'Sagaleen warra kiraara rukutuu, kan wallees,
kan warra ulullee fi fiinoo afuufaniis,
deebi'ee si keessatti hin dhaga'amu;
namoonni waan garaa garaa miidhagsanii hojjechuutti beekaman,
deebi'anii si keessatti hin argaman;
sagaleen dhagaa daakuus,
deebi'ee si keessatti hin dhaga'amu*;
23 ifni ibsaa,
deebi'ee si keessatti hin ifu;
sagaleen dhirsa misirroo fi kan misirroo,
deebi'ee si keessatti hin dhaga'amu;
dur illee naggaadonni kee namoota gurguddoota biyya lafaa turan,
sabni hundinuu qoricha namatti gochuu keetiin gowwoomfamanii turan*.'
24 Amma immoo, dhiigni raajotaa fi kan warra Waaqayyoof qulqullaa'anii,
kan warra lafa irratti qalamanii hundinuu,
ishee keessatti argamuu isaatiif,
kun ittiin jedhame" jedhe*.
21 Er 51:63-64; His 26:21
22 Isa 24:8; His 26:13
23 Er 7:34; 25:10; Isa 23:8
24 17:6; Er 51:49; Mat 23:35-37

Faarfannaa Mo'ichaa Waaqa Keessaa Dhaga'uu Isaa

19 1 Kana booddee tuuta baay'ee sagalee guddaadhaan waaqa keessaa huursu nan dhaga'e; innis, "Haaleluyaa! Fayyinni, guddinni, aangoon kan Waaqayyo keenyaa ti*! 2 Firdiin isaa dhugaa, qajeelaas waan ta'eef, inni ejjituu guddittii ishee halalummaa isheetiin biyya lafaa balleessite sanatti faradeera; dhiiga hojjetoota isaatii isa isheen dhangalaaftes gumaa baaseera" jechaa ture*.
1 11:15; 12:10
2 16:7; Far 19:9; 119:137; Kes 32:43; 2Mot 9:7

3 Ammas itti dabalanii, "Haaleluyaa! Aarri mandarattii gubattu sanaas baraa hamma bara baraatti ol in ka'a" jedhan*. 4 Maanguddoonni digdamii arfan, uumamni lubbuu qaban arfanis gad gombifamanii, Waaqayyo isa teessoo irra taa'eef sagadanii, "Ameen, baaleluyaa!" jedhan*.
3 Isa 34:10
4 4:4; 5:14

Cidha Hoolichaatti Waamamuun Ayyaanomuu Ta'uu Isaa

5 Sagaleen tokko immoo teessicha biraa ba'ee,
"Isin hojjetoonni isaa hundinuu, isin warri isa sodaattan,
xinnaanis guddaanis Waaqayyo keenya jajadhaa!" jedhe*.
6 Kana booddee immoo wanta akka sagalee tuuta baay'ee, kan akka huursaa bishaan baay'ee fi guungummii qaqawwee humna-qabeessaa tokko nan dhaga'e; innis,
"Haaleluyaa! Gooftaan keenya Waaqayyo,
inni hundumaa danda'u in mo'a*.
7 Kottaa in gammannaa, in ililchinas!
Maqaa isaas in guddifnaa!
Guyyaan gaa'ela hoolichaa ga'eera,
misirroon isaas isaaf of qopheessiteetti*!
8 Uffata quncee talbaa irraa hojjetame,
calaqqisaa fi qullaa'aa uffachuun
isheedhaaf kennameera" jedhe;
uffanni quncee talbaa sunis hojii warra Waaqayyoof qulqullaa'anii isa qajeelaa dha*.
5 Far 115:13; 134:1
6 11:15,17; His 1:24; Far 93:1; 97:1; 99:1
7 Far 118:24; Mul 21:2,9
8 Isa 61:10

9 Yommus ergamaan sun, "Warri gara cidha gaa'ela boolichaatti waamaman haa gammadan! Atis kana caafi!" Itti dabalees, "Kun dubbii Waaqayyoo isa dhugaa dha" naan jedhe*. 10 Kana irratti isaaf sagaduudhaaf miilla isaatti nan kufe; inni garuu, "Kana gochuun siif hin ta'u! Ani siif, obboloota kee warra isa Yesus dhugaa ba'etti qabamaniifis hidhata hojii ti, Waaqayyoof sagadi!" naan jedhe. Inni Yesus dhugaa ba'e immoo isa bafuurri namoota raajii dubbachiisuu dha*.

**9 Mat 22:2-3; Luq 14:5*
**10 22:8-9; HoE 10:25-26; 14:15; Mul 12:11,17*

Isa Farda Adii Irra Taa'e Arguu Isaa

11 Kana booddee ilaalee, bantiin waaqaa banamee, farda adii tokkos nan arge. Inni fardicha irra taa'es maqaan isaa, "Amanamaa, dhugaas" in jedhama; firdiitti, lolattis qajeelummaadhaan in hojjeta*. 12 Iji isaa akka barbadaa ibiddaa ti, mataa isaa irra waan akka gonfoo baay'eetu jira; maqaa isa irratti caafamee jiru tokko qaba, garuu isuma malee, namni tokko illee hin beeku*. 13 Uffata dhiiga cuuphame tokko in uffata, maqaan isaas "Sagalee Waaqayyoo" jedhame*. 14 Loltoonni waaqa keessaa immoo uffata quncee talbaa adii fi qullaa'aa uffatanii, fardeen adaadii irra taa'anii, isa duukaa in bu'an. 15 Afaan isaa keessaa billaa qaramaa, isa inni ittiin saba Waaqayyoo warra hin ta'in rukututu ba'e. Inni ofii isaatii saba sana siiqqee sibiilaatiin in tiksa; inni ofii isaatii iddoo cuunfaa waynii dheekkamsa sodaachisaa, isa kan Waaqayyo bundumaa danda'uu dbidhiituuf jira*. 16 Uffata isaa irratti, gudeeda isaa irrattis maqaan, "Mootii moototaa, gooftaa gooftotaas" jedbu caafamee jira*.

**11 6:2; 3:14; His 1:1; Far 96:13; Isa 11:4*
**12 1:14; Dan 10:6*
**13 Isa 61:1-3; Yoh 1:1*
**15 1:16; 2:27; 14:19-20; Far 2:9; Isa 63:3; Yoe 3:13*
**16 17:14; 1Xim 6:15*

17 Kana booddee ergamaan tokko biiftuu irra dhaabatee nan arge. Innis allaattii bantii waaqaa walakkaa balali'an hundumaa sagalee guddaadhaan waamee, "Kottaa, nyaata isa guddaa Waaqayyo isiniif qopheesseef walitti qabamaa! 18 Foon moototaa, foon abboota duulaa, foon warra goototaa, foon fardeenii, kan warra isaan irra taa'aniis, foon nama hundumaa, kan birmaduu, kan garbichaas, kan isa guddaa, kan isa xinnaas nyaachuudhaaf kottaa!" jedhe*.

**17-18 His 39:4,17-20*

19 Ergasii immoo bineensichi, mootonni biyya lafaas loltoota isaanii wajjin, isa fardicha irra taa'uuf loltoota isaa loluudhaaf walitti qabamanii nan arge*. 20 Bineensichi in qabame; raajichi sobduun inni fuula isaa duratti milikkita argisiise isaa wajjin in qabame; inni warra gubaa bineensichaa of irratti fudhatanii, bifa fakkeenya isaatiif sagadan milikkita sanaan gowwoomsee ture. Warri qabaman kun lamaan fayyumatti kuufama ibiddaa isa dhagaa boba'uun balalchu kcessarti in darbataman*. 21 Warri bafan immoo billaa afaan isa farda irra taa'uu sana keessaa ba'een in ajjeefaman; allaattiin sun hundinuus foon isaan kanaa quufanii in nyaatan.

**19 17:12-14*
**20 13:1-18; 20:10; Dan 7:11*

Warra Waggaa Kuma Tokkoof Kristosii Wajjin Mo'an

20 1 Kana booddees ergamaan banaa iddoo isa lafa jalaa sanaa, fuuncaa guddaas of harkaa qabu tokko, waaqa keessaa gad bu'uu isaa nan arge*. 2 Inni bincnsa akka jawwee, bofa bara durii, Diiyaabilos, Seexana sana qabee, waggaa kuma tokkoof in hidhe*. 3 Waggaan kumni sun hamma raawwatamutti, akka inni deebi'ee saba biyya lafaa hin wallaalchifnctti, iddoo isa lafa jalaa sanatti darbatee, balbala itti cufee mallattoo itti godhe; isa booddee garuu yeroo muraasaaf gad dhiifamuun in ta'aaf.

**1 18:1; 2Phe 2:4*
**2 12:9; Uma 3:1*

4 Kana booddees teessotaa fi warra firdii kennuun isaaniif kennamc tcessota sana irra taa'an nan arge; akkasuma immoo lubbuu warra isa Yesus dhugaa ba'etti, dubbii Waaqayyoottis jabaachuu isaaniitiif mormatti kukkutamanii, warra bineensichaaf, fakkeenya isaaf hin sagadin, gubaa isaas adda isaanii fi harka isaaniitti hin fudhatin nan arge. Isaan deebi'anii jiraatanii, waggaa kuma tokkoof Kristosii wajjin in mo'an*. 5 Kun du'aa ka'uu isa duraa ti; warra du'an keessaa isaan kana malee, warri hafan, waggaan kumni sun bamma raawwatamutti deebi'anii hin jiraanne*. 6 Namni du'aa ka'uu isa duraa kana keessaa qooda qabu attam gammada! Attamis Waaqayyoof kan qulqullaa'ee dha! Duuni lammaffaan warra akkasii irratti humna bin qabu; isaanoo luboota Waaqayyoo, luboota Kristosis ta'anii, isaa wajjin waggaa kuma tokkoof mo'uuf jiru*.

**4 6:9; Dan 7:9,22,27; 1Qor 6:2*
**5 1Qor 15:23-24*
**6 5:10*

Seexanni Mo'amuu Isaa

7 Waggaan kumni sun yommuu raawwatamu, Seexanni iddoo itti bidhamee turee gad in dhiifama. 8 Inni saba golee lafaa arfan keessa jiran Googin, Maagooginis, gowwoomsuudhaaf, lolaaf walitti isaan qabuudhaafis in ba'a; lakkoobsi isaaniis akka cirracba galaanaa ti*. 9 Isaan kun lafa bal'aatti ba'anii, buufata warra Waaqayyoof qulqullaa'anii, mandara jaallatamtuu sanas in marsan; garuu ibiddi waaqa keessaa bu'ee isaan fixe*. 10 Seexanni inni isaan gowwoomses kuufama ibiddaa fi dhagaa boba'u, lafa bineensichii fi raajiin sobduun sun jiranitti gad in darbatame; isaan baraa hamma bara baraatti halkanii fi guyyaa dhiphifamuuf jiru*.

**8 His 7:2; 38:2,9,15*
**9 His 38:22; 39:6*
**10 19:20; 14:10; Mat 25:41*

Firdlin Inni Dbumaa Kennamuu Isaa

11 Kana booddees teessoo adii guddaa tokkoo fi isa teessicba irra taa'e nan arge; laftii fi waaqni fuula isaa duraa in baqatan, iddoonis isaaniif hin argamne*. 12 Warra du'anis xinnaa fi guddaa teessicha dura utuu dhaabatanii nan arge. Macaafonni in banaman; macaafni biraa, inni warri jireenya argacbuuf jiran itti caafaman tokkos in baname; warri du'an immoo akka hojii dur hojjetaniitti, akka isa macaafota keessatti caafameettis firdii argatan*.

**11 4:2; Mat 25:31; 2Phe 3:7,10,12*
**12 3:5; Dan 7:9-10*

13 Galaanni warra du'anii isa keessa turan of keessaa baasee in kenne. Duunii fi moottummaan warra du'aniis, warra du'anii isaan barka turan of harkaa baasanii in kennan; namni hundinuu adduma addaan akka hojii isaatiitti firdii in argate*. 14 Kana booddees duunii fi mootummaan warra du'anii kuufama ibiddaatti gad in darbataman; kuufamni ibiddaa kun du'a isa lammaffaa dha*. 15 Namni maqaan isaa macaafa isa warri jireenya argachuuf jiran keessatti caafaman keessatti hin argaminis, kuufama ibiddaatti gad in darbatame.

**13 Yoh 5:28-29*
**14 1Qor 15:26,54-55*

Bantii Waaqaa Haaraa, Lafa Haaraas Arguu Isaa

21 1 Kana booddees, ani bantii waaqaa haaraadhaa fi lafa haaraa nan arge; bantiin waaqaa inni duraa, lafti inni duraas darbaniiru, galaannis deebi'ee hin argamu*. 2 Yerusaalem mandarri qulqullittiin isheen baaraan, Waaqayyo biraa bantii waaqaa keessaa, akka misirroo dbirsa isheetiif kuulamteetti, qophooftee utuu gad buutuu nan arge*. 3 Yommus ani sagalee guddaa tokko nan dhaga'e; innis teessoo sana biraa, "Kunoo, iddoon Waaqayyo buufatu namoota gidduu dha, inni isaan bira buufachuuf jira, isaanis saba isaa ta'uuf jiru; Waaqayyo ofii isaa isaanii wajjin jiraacbuuf jira, Waaqayyo isaaniis ta'uuf jira*. 4 Inni imimmaan hundumaa ija isaaniittii in baqa; wanti duraa waan darbeef, egaa duuni deebi'ee hin argamu, gadduun, iyyuun, waraansis si'achi hin jiru!" jedhe*.

**1 20:11; Isa 65:17; 66:22; 2Phe 3:13*
**2 Isa 52:1; 61:10; Ibr 12:22; Mul 3:12*
**3 His 43:7; 37:27; 48:35; Lew 26:11-12*
**4 7:17; Isa 25:8; 35:10; 65:19*

5 Inni teessoo irra taa'e immoo, "Kunoo, ani waan hundumaa haaraa nan godha!" jedhe; itti dabalees, "Dubbiin kun amanamaa, dhugaas waan ta'eef, kana caafi!" naan jedhe*. 6 Akkasumas, "Ta'eera! Ani Alfaa dha, Omeegaa dhas, isa jalqabaa ti, isa dhumaa tis; ani isa dheeboteef burqituu

bishaan isa jireenya kennuu irraa tola nan kennaaf*. 7 Inni mo'u kana itti darbee argachuuf jira; ani Waaqayyo isaa nan ta'a, innis ilma koo in ta'a*. 8 Qoodi warra lugnootaa, warra amantii hin qabnee, warra ciigga'amoo, warra gumaa, warra halalee, warra qoricha namatti godhanii, warra waaqayyolii tolfaman waaqessanii, warra sobduu hundumaas garuu, kuufama ibiddii fi dhagaan boba'u keessaa balalchu in ta'a; innis du'a lammaffaa dha" naan jedhe*.

**5 Isa 43:18-19*
**6 1:8; 22:17; Isa 55:1*
**7 3:21; 2Sam 7:14; Far 89:26-27*
**8 22:15; Efe 5:5*

Yerusaalem Ishee Haaraa Arguu Isaa

9 Ergasii ergamoota torban warra waciitii torba dha'icha gara dhumaa torban keessa guutan of harkaa qabu turan keessaa inni tokko dhufee, anatti dubbatee, "Kottu, ishee misirroo, haadha manaa hoolichaa sitti nan argisiisaa!" jedhe*. 10 Hafuuraanis ol fuudhee gara tulluu guddaa dheeraa tokkootti na geesse; Yerusaalem mandara qulqullittii Waaqayyo biraa bantii waaqaa keessaa gad buutus anatti in argisiise*. 11 Isheen ulfina Waaqayyoo qabdi, calaqqisi ishees akka dhagaa baay'ee gati-jabeessaa, akka Yaasphis, qullaa'aa akka cabbii tis. 12 Masaraa guddaa dheeraa qabdi turte, masarichis karra kudha lama qaba; karra sana irras ergamoota kudha lamatu ture. Mataa karra sanaa irratti maqaan gosa ijoollee Israa'el kudha lamaan caafamee jira*; 13 karaa ba'a-biiftuu karra sadii, karaa barka bitaa karra sadii, karaa barka mirgaa karra sadii, karaa lixa-biiftuu karra sadiitu turan. 14 Hundeen masaraa sanaa kan irra dhaabate immoo dhagoota kudha lama, isaan irratti immoo maqaan ergamoota hoolichaa warra bartoota isaa turan kudha lamaanii caafamee jira.

**9 15:1,6,7; 19:7*
**10 21:2; His 40:2*
**12 His 48:30-35*

15 Ergamaan inni anatti dubbates, mandarattii, karra ishee, masaraa ishees safaruudhaaf ulee safaraa warqee irraa hojjetame tokko qaba ture*. 16 Mandarattiin gara arfaniin wal qixee, hojjaan ishee fi garaan ishees tokkicha ture. Ergamichis ulee safaraa isaatiin mandarattii in safare, gar tokkoon ishees kiilo metrii kuma lamaa fi dhibba sadii in ta'e; hojjaan ishee, garaan ishee, ol ka'inni ishees wal qixee ture*. 17 Masaraa ishees in safare, innis akka safara dhundhuma namaa, ergamichi ittiin safareetti, dhundhuma dhibbaa fi afurtamii afur ta'e. 18 Masaraan ishee dhagaa Yaasphis irraa hojjetame; mandarattiin immoo warqee qullaa'aa isa akka of-ilaalee qullaa'aa keessaan waa arganiitiin ijaaramte. 19 Hundeen masaraa mandarattii dhagaa gati-jabeessa adda addaatiin miidhagfamee ture. Dhagaa gati-jabeessi hundeen irra dhaabate sunis inni duraa Yaasphis, inni lammaffaan Safiiros, inni sadaffaan Kaalqedon, inni afuraffaan Simaaragidos*, 20 inni shanaffaan Sardoniikis, inni ja'affaan Saardiyon, inni torbaffaan Krisoliixos, inni saddeetaffaan Beerilos, inni salgaffaan Tophaaziyon, inni kurnaffaan Krisophraasos, inni kudha tokkoffaan Hiiyaakinxos, inni kudha lammaffaan Ametiisxos ture. 21 Karri kudha lamaan callee gati-jabeeyyii kudha lama turan, karri sunis addunia addaan callee gati-jabeessa tokko irraa hojjetaman; karaan mandarattii sanaa warqee qulqullu isa akka of-ilaalee keessaan waa argamu irraa hojjetame*.

**15 His 40:3*
**16 His 48:16-17*
**19 Isa 54:11-12*
**21 22:2*

22 Manni qulqullummaa ishee Waaqayyo gooftaa isa hundumaa danda'uu fi hoolicha waan ta'eef, ani mana qulqullummaa tokko illee mandarattii keessatti hin argine. 23 Biiftuun yookiis ji'i mandarattii irratti ibsuun barbaachisaa miti; ulfinni Waaqayyoo ifa ishee ti, hoolichis ibsaa ishee ti*! 24 Sabni ifa isheetiin in deddeebi'u; mootonni biyya lafaas wanta ulfina qabu isaan bira jiru gara isheetti in fidu*. 25 Karri ishee matumaa guyyaadhaan hin cufaman, halkan immoo achi hin jiru*. 26 Wanti ulfina-qabeessi, wanti gati-qabeessi saba biyya lafaa bira jiru gara isheetti in fidama. 27 Macaafa hoolichaa isa

warri jireenya argachuuf jiran keessatti caafaman sana keessatti, warra argaman duwwaa malee, wanti xuraa'aan tokko illee, warri wanta ciiggaasisaa yookiis wanta sobaa hojjetan tokko illee achitti hin galan*.

**23 22:5; Isa 60:1,19-20*
**24 Isa 60:3,5*
**25 Isa 60:11; Zak 14:7*
**27 Isa 52:1; His 44:9*

Yerusaalem Ishee Haaraa Keessatti Waan Arge Himuu Isaa

22 1 Kana booddees ergamichi laga bishaan jireenya namaaf kennu, isa bishaan isaa akka cabbii addaatu teessoo Waaqayyootii fi hoolichaa biraa ba'u anatti argisiise*. 2 Bishaanichi karaa mandarichaa walakkaa in yaa'a; lagicha gamaa gamanas muka jireenya namaaf kennu tokkotu dhaabata; mukti kun waggaatti si'a kudha lama ija waan godhatuuf, ji'a ji'aan iji irraa in argama; baalli mukichaas saba biyya lafaa fayyisuudhaaf in ta'a*. 3 Wanti abaaramaan mandarattii keessatti hin argamu; teessoon Waaqayyoo fi hoolichaa ishee keessa jira, hojjetoonni isaas isaaf in hojjetu*. 4 Isaan fuula isaa arguuf jiru, maqaan isaas adda isaanii irratti argamuuf jira*. 5 Halkanis deebi'ee hin argamu; Waaqayyo gooftaan ifa isaanii ta'uuf waan jiruuf, ifni ibsaa, ifni aduus isaaniif hin barbaachisu. Isaan baraa hamma bara baraatti mo'uuf jiru*.

**1 His 47:1; Zak 14:8; Yoe 3:18*
**2 21:21; His 47:7,12; Uma 2:9; 3:22*
**3 Zak 14:11*
**4 Far 17:15; Mat 5:8; Mul 3:12*
**5 21:22-25; Isa 60:19; Dan 7:18,27*

Dafee Dhufuu Gooftaa Yesus Dhaga'uu Isaa

6 Yeroo sanatti ergamichi, "Dubbiin kun hundinuu amanamaa dha, dhugaa dhas; Waaqayyo gooftaan inni hafuurota raajonni ittiin dubbatan abboomu, wanta dafee ta'uun irra jiru hojjetoota isaatti argisiisuudhaaf ergamaa isaa erge" naan jedhe*.

**6 21:5; 11:1; Dan 2:28*

7 Inni dhufu sun, "Kunoo, ani dafee nan dhufa, namni dubbii macaafa kana keessatti raajii dubbatame kana eegu, attam haa gammadu!" jedhe*.

**7 1:3*

8 Ani Yohannis kana hundumaa dhaga'eera, argeeras; kana dhaga'ee, argees erga ani raawwadhee, ergamaa isa kana hundumaa anatti argisiiseef sagadundhaaf miilla isaatti nan kufe*. 9 Inni garuu, "Kana gochuun siif hin ta'u! Ani sii fi obboloota kee warra raajotaaf, warra dubbii macaafa kanaa eeganiifis hidhata hojii ti, Waaqayyoof sagadi!" naan jedhe. 10 Itti dahalees, "Barri kun itti raawwatamu waan dhi'aateef, dubbii macaafa kana keessatti raajii dubbatame mallattoodhaan hin cufin*! 11 Inni waan jal'aa hojjetu, jal'aadhuma isaa haa hojjetu; inni xuraa'aan, ittumaa of haa xureessu; inni waan qajeelaa hojjetu, qajeelaadhuma isaa haa hojjetu; inni Waaqayyoof qulqullaa'e, isumaaf haa qulqullaa'u!" jedhee anatti hime*.

**8 1:4,9; 19:10*
**10 1:3; 10:4*
**11 Dan 12:10*

12 Iuni dhufu sun, "Kunoo, ani dafee nan dhufa, gatii isa ani adduma addaan akka hojii isaatiitti namaaf kennus fidee nan dhufa*. 13 Ani Alfaa dha Omeegaa dha, isa duraa ti isa booddee ti, isa jalqabaa ti isa dhumaa tis" jedhe*.

**12 2:23; Isa 40:10; 62:11; Far 28:4; Er 17:10; Rom 2:6*
**13 1:8,17; 2:8; Isa 44:6; 48:12*

14 Warri uffata isaanii miiccatan haa gammadan! Isaan muka jireenya namaaf kennu bira ga'uudhaaf aboo qabu; karra sanaanis mandarichatti ol in galu*. 15 Garuu warri akka saree [waan hundumaa xureessan], warri qoricha namatti godhan, warri halaleen, warri gumaa, warri waaqayyolii tolfaman waaqessan, warri wanta sobaa jaallatan warri hojjetanis hundinuu alatti in hafu*.

**14 Uma 2:9; 3:22*
**15 21:8; Filp 3:2; 1Qor 6:9-10*

16 Inni dhufu sun, "Wanti kun hundinuu waldoota kristiyaanaa, akka ga'uuf, ani Yesus ergamaa koo ergee isiniif dhugaa baasiseera; ani hidda Daawit, sanyii isaa tis, ani bakkalcha barii isa calaqqisaa dha" in jedha*.

**16 1:1-2; 5:5; Isa 11:1,10*

17 Hafuurichii fi misirrottiin, "Kottu" in jedhuun; namni kana dhaga'us, "Kottu" haa jedhu! Namni dheebote

haa dhufu, namni bishaan barbaadus utuu gatii hin baasin bishaan jireenya kennu haa fudhatu*!
**17 21:6; Isa 55:1; Yoh 4:14; 7:37*

Xumura Dubbii Isaa

18 Ani kana kanan caafe, nama dubbii macaafa kana keessatti raajii dubbatame dhaga'u, of eeggachiisuudhaa fi dhugaa itti ba'uuf nan jedha. Namni dubbii kanatti yoo waa dabale, Waaqayyo adaba isaa irratti dha'icha waa'een isaanii macaafa kana keessatti caafaman isatti dabaluuf jira*.
19 Namni dubbii macaafa kana keessatti raajii dubbatame irraa yoo waa bir'ise immoo, Waaqayyo muka jireenya kennuu fi mandarattii qulqulluu waa'een isaanii macaafa kana keessatti caafaman keessaa qooda isaa hir'isuuf jira.
**18 Kes 4:2; 12:32*

20 Inni wanta kana hundumaa dhugaa baasises, "Haa ta'u! Ani dafee nan dhufa" in jedha. Ameen! Kottu, gooftaa Yesus*!

21 Ayyaanni gooftaa Yesus hundumaa wajjin haa ta'u*!
**20 1Qor 16:22*
**21 Rom 16:24*

Namoota Macaafa Qulqulluu Keessatti Beekaman

Aaron:- Aaron obboleessa Musee isa angafa; Bau 4:14. Aaron saba Israa'eliif luba isa jalqabaa akka ta'uuf, ilmaan isaas luboota ta'anii isaa wajjin akka hojjetaniif, Waaqayyo tulluu Siinaa irratti isaan waame; uffata hojii isaanii kanaaf isaan barbaachisu immoo achumaan isaaniif in abboome; Bau 28:1-2,28-30.

Abrahaam:- Abrahaam abbaa qomoo Israa'el; duraan maqaan isaa "Abraam" ture; "Abraam" jechuun "Abbaa guddaa" jechuu dha; Uma 17:5; booddee Waaqayyo ulfina isaaf kennee maqaa isaa Abrahaamitti geddare. "Abrahaam" jechuun immoo "Abbaa saba baay'ee" jechuu dha; kakuu haaraa keessatti Abrahaam amantiidhaaf fakkeenya ta'e, akkasittis warra Waaqayyotti amanan hundumaaf abbaa ta'e; (Rom 4:11-12, Gal 3:7-9).

Addaam:- Nama isa jalqabatti uumame; "Addaam" jechuun "Nama" jechuu dha; namni biyyoo lafaa irraa waan uumameef (tolfameef) maqaa biyyoo sanaatti moggaafame; "Addaamaa" jechuun "Biyyoo lafaa" jechuu waan ta'eef, "Addaam" jechuun "Namicha isa biyyoo lafaa irraa uumame" jechuu dha;

Uma 3:19-20. kana irraa kan ka'e "Addaam" maqaa namicha isa jalqabatti uumamee ta'e. Kakuu haaraa keessatti Addaam namicha isa duraa isa karaa isaa cubbuun gara biyya lafaa dhufee dha; Kristos immoo namicha isa lammaffaa isa karaa isaa jireenyi dhufe ta'e; (Rom 5:12-19; 1Qor 15:45-49).

Baaruk:- Baaruk namicha caafaa isa Ermiyaas raajichaa wajjin ture, isaafis caafaa turee dha; "Baaruk" jechuun "eebbifamaa" jechuu dha; Er 36:26,32; 36:1-8.

Baat-Sheebaa:- Baat-Sheebaan haadha manaa Uriiyaa Heetichaa turte; Daawit haxxummaadhaan Uriiyaa abbaa manaa ishee mataa waraanaatti ergee ajjeesisee, ishee fuudhe; 2Sam 11:3-4. Solomoonin kan isaaf deesse ishee turte; 2Sam 12:24; 1Mot 1:11-53; "Baat-Sheebaa" jechuun "Intala Sanbata dhalatte" yookiis "Sanbatee" jechuu dha.

Daani'el:- Daani'el dargaggoota Israa'el warra booji'amanii biyya Baabilonitti geeffaman keessaa tokko ture; inni amantii isaatti jabaatee waan dhaabateef, Waaqayyo afaan leencaa jalaa isa oolche; Dan 6:15-28. "Daani'el" jechuun "Waaqayyo faradeera" jechuu dha.

Daawit:- Daawit mootii Israa'el isa guddaa ture; 1Sam 16:12. Inni faarfannaa baay'ee qopheessee mi'a garaa garaatiin Waaqayyoon faarfachuutti beekamaa ture; macaafa faarfannaa keessaa baay'een kan isaa waan ta'aniif, namoonni macaaficha "Faarfannaa Daawit" jedhanii in waamu. "Daawit" jechuun "Jaallatamaa" jechuu dha.

Efreem:- Efreem ilma Yoseef isa quxisuu dha; inni biyya Gibxiitti dhalate; mootummaa isa gara bitaa jiru keessatti maqaan isaa guddaa beekamee biyyichi maqaa isaatiin waamame; Isa 7:8-9; Hos 11:8-9.

Eliyaas:- Eliyaas raajota Israa'el warra duraa keessaa isa tokko; 1Mot 17; kakuu haaraa keessattis akka raajii guddaatti ilaalama; Luq 4:25-26. "Eliyaas" jechuun "Waaqayyo gooftaa dha" jechuu dha.

Elsaabex:- Elsaabex haadha manaa Zakaariyaas, haadha Yohannis cuuphaa ti, Luq 1:5-45; "Elsaabex" jechuun "Waaqayyo kakuu dha" yookiis "Waaqayyo raawwatee amanamaa dha" jechuu dha.

Esaawuu:- Esaawuun ilma Yisihaq isa angafa; Esaawuu fi Yaaqoob lakkuu

dhalatan; Esaawuun yommuu dhalate diimaa dhagni isaa dabbasaa (rifeensa) qabu waan ta'eef, maqaa isaa Esaawuutti moggaasan; Uma 25:25.

Gaadi:- Gaadi, ilma Yaaqoob isa Zilfaa xomboreen Liiyaa deesseef; "Gaadi" jechuun "Ayyaana-qabeessa" jechuu dha; Uma 30:10-13; 49:19.

Haagee:- Haageen raajii isa erga sabni Israa'el boojuu Baabilonii deebi'anii ka'ee dha; ergaan inni sabatti hime mana Waaqayyoo akka ijaaranii dha; Hag 1:1; Iz 5:2; 6:14. "Haagee" jechuun "Isa guyyaa cidhaa dhalate" jechuu dha.

Herodis:- Herodis inni guddaan yommuu Yesus Betlihemitti dhalate biyya Yihudaa irratti mootii ture, Mat 2:1; Luq 1:5. Herodis Antiiphaas ilmi isaa yeroo sana biyya Galiilaa fi Phereyaa irratti in mo'a ture; bara mo'umsa isaa keessa Yohannis cuuphaa ajjeesise; Mat 14:1-10. Herodis abbaan isaa yommuu du'e Arkelaawos immoo biyya Yihudaa irratti mo'e; (Mat 2:22).

Herodis Agriiphaan akaakayyuu Herodis isa guddaa ture; inni bara 41-44tti biyya Yihudaatti mootii ture. Inni bara isaa keessa Yaaqoob ergamaa obboleessa Yohannis in ajjeesise; HoE 12:1-23. "Herodis" jechuun, "Sanyii gootaa" jechuu dha.

Herodiyaas:- Herodiyaas, haadha manaa Herodis Antiiphaas; Herodiyaas abbaa manaa ishee Filiphosin dhiiftee Herodis Antiiphaasitti heerumte; Yohannis cuuphaan isatti heerumuu isheetiin mormee Herodisitti waan dubbatcef, isheen Yohannis cuuphaan akka ajjeefamuuf abbaa manaa ishee kadhatte; (Mat 14:3; Mar 6:17-18).

Hewwaan:- Hewwaan, haadha manaa Addaam, isheen dubartii ishee jalqaba uumamte waan taateef haadha jiraataa hundumaa jedhamte; "Hewwaan" jechuun "Jiraattuu" jechuu dha.

Ishmaa'el:- Ishmaa'el ilma Abrahaam isa Aggaar deesseef; "Ishmaa'el" jechuun "Waaqayyo in dhaga'a" jechuu dha; Ishmaa'el akkuma Waaqayyo dura abdii kennee turetti abbaa saba guddaa ta'e; Uma 25:12-18; 17:20; Yoseefin obboloonni isaa naggaadota warra Ishmaa'elitti gurguratan; Uma 37:25-28.

Iyaasuu:- Iyaasuu ilmi Nun namicha isa erga Museen du'ce booddee Israa'eliif geggeessituu ta'ee laga Yordaanos ceesisee dha; "Iyaasuu" jechuun "Waaqayyo fayyisaa dha" jechuu dha. Ijoollee Israa'el warra biyya Gibxii ba'an keessaa Iyaasuu fi Kaaleb duwwaatu gara biyya Kana'aanitti galc; Lak 14:30.

Kaaleb:- Kaaleb ilmi Yofunee warra biyya Kana'aan do'achuuf Museen erge keessaa tokko ture. Saba Israa'el warra biyya Gibxii ba'an keessaa Kaalebii fi Iyaasuu duwwaatu biyya Kana'aanitti gale; Lak 13:6; Iya 14:7; "Kaaleb" jechuun "Saree" jechuu dha.

Keefaas (Keefaa); Keefaan maqaa Phexros; "Keefaa" jechuun afaan Aaramitti "Dhagaa kattaa" jechuu dha, Yoh 1:42. Gooftaan Phexrosin yommuu waame maqaa isaa geddareefii afaan Griikiitti "Phexros" jedhe. Amma iyyuu iddoo tokko tokkotti maqaan isaa Keefaa jedhama 1Qor 1:12; Yoh 1:42; 1Qor 9:5; 15:5; Gal 2:9.

Loox:- Loox, ilma Kaaraan; Abrahaamii fi Kaaraan obboloota; Uma 11:27.

Loox Abrahaamii wajjin gara biyya Kana'aan dhufe; Uma 11:31; Loox Waaqayyoon in sodaata waan tureef, yeroo Sodoomii fi Gomoraan dheekkamsa Waaqayyootiin gubamanitti isaa fi maatii isaa duwwaatu achi keessaa ba'e; Uma 19:12-29.

Maariyaam:- "Maariyaam" kan jedhaman dubartoota danuu dha; isheen duraa. Maariyaam haadha Yesus; Luq 1:26-27. Maariyaam ishee biyya Magdalaa; Mat 27:56,61; 28:1; Mar 16:1; Luq 24:10; Yoh 20:1; Maariyaam haadha manaa Qilophaa; Yoh 19:25;

Maariyaam ishee Bitaaniyaa jiraattu; Luq 10:38-42; Yoh 11:1; 12:1-3. Maariyaam haadha Maarqos, HoE 12:12. Maariyaam ishee Romaa jiraattu, Rom 16:6.

Malkiisedeq:- Malkiisedeq, mootiin mandara Saalem luba Waaqayyoo isa gararraa jiraatuu ti; "Malkiisedeq" jechuun "Mootii qajeelummaa" yookiis "Mootii qajeelaa" jechuu dha; Abrahaam qabeenya isaa hundumaa irraa kudhan keessaa tokko Malkiisedeqiif kenne; Uma 14:18-20. Sabni Israa'el biyya Kana'aan erga qabatee booddee maqaan mandara sanaa "Yerusaalem" jedhame; "Saalem" jechuun "nagaa" jechuu dha; egaa, "Yerusaalem" jechuun "Mandara nagaa" jechuu dha.

Malkiisedeq luba bara baraa jedhamee Kristos isa dhufuuf jiruuf fakkeenya ta'e; Ibr 5:10; 6:20.

Miiryaam:- Miiryaam intala Amraam obboleettii Musee fi Aaron; Lak 26:59; Miiryaam raajii turte; Ban 15:20. Isheen biyya Kana'aanitti utuu hin galin Qaadeshitti duutee, achumatti awwaalamte; Lak 20:1.

Musee:- Museen, ilmi Amraam, geggeessituu saba Israa'el ture; Waaqayyo karaa Musee saba Israa'el biyya Gibxii baasee lafa onaatti isaan soore; akkasuma abboommiin Waaqayyoo harka Museetti kenname; Museen obboleessa Aaronii fi Miiryaam; Bau 6:20; Lak 26:59. "Musee" jechuun afaan warra Gibxiitti "Ilma" jechuu dha; afaan Ibrootaatti immoo "Isa baasu" yookiis "Baasuu" jechuu dha; Bau 2:10. Museen lafa onaa sanatti saba gidduutti firdii kennaa ture; Bau 18:13.

Nobi:- Nohi ilma Laamek; "Nohi" jechuun "Jajjabeessaa" jechuu dha; Uma 5:28-29. Nohi nama qajeelaa waan ta'eef, bara bishaan lola'ee lafa balleesse Waaqayyo akka inni markaba ijaarratee ittiin badiisa ooluuf isa abboome; Uma 6-8. Bishaan erga namoota lafa irraa balleessee booddee ilmaan Nohi warri isaa wajjin badiisa keessaa oolan, Seem, Kaamii fi Yaafet abboota gosoota biyya lafaa irra jiraatanii ta'an; Uma 9:18-19.

Oneesimos:- Oneesimos garbicha Filemon ture; "Oneesimos" jechuun "Isa dhimma baasu, isa bu'aa qabu" jechuu dha; Fil 10-19; Qol 4:7-9.

Pbaawulos:- Phaawulos garee warra Fariisotaa keessaa isa warra Kristositti amanan ari'achaa turee dha; booddee garuu ergamaa wangeelaa ta'ee biyya mootummaa warra Roomaa keessa naanna'ee wangeela lallabaa ture; Phaawulos duraan "Saa'ol" jedhama ture; Phaawulos maqaa warri Roomaa kennaniif, Saa'ol garuu maqaa dhalootaa isaa ti; "Phaawulos" jechuun "Xinnaa" jechuu dha; HoE 9:1; 13:1-3.

Saaraa:- Saaraan haadha manaa Abrahaam; dur maqaan ishee Saaraayi ture; booddee Waaqayyo ilma akka isheen deessu yommuu ishee abdachiise maqaan ishee immoo "Saaraa" haa ta'u! jedhe; Uma 17:15-16. "Saaraa" jechuun "Intala mootii" yookiis giiftii jechuu dha.

Siiforaa:- Siiforaan intalli Yetroo luba Miidiyaan, haadha manaa Musee ti; Bau 18:1-3; "Siiforaa" jechuun "Simbirroo" yookiis "Dimbiitii" jechuu dha.

Yaaqoob:- Yaaqoob ilma Yisihaq isa quxisuu dha; Yaaqoobii fi Esaawuun lakkuu dhalatan; "Yaaqoob" jechuun "Isa koomee qabatu" jechuu dha; Uma 25:26. Waaqayyo Yaaqoobitti mul'atee maqaa isaa Israa'elitti moggaase; "Israa'el" jechuun "Isa Waaqayyoon walaansoo qabe" yookiis "Waaqayyotti haa cimu" jechuu dha. Yaaqoob ilmaan kudha lama hore, kanaaf inni abbaa gosoota Israa'el kudha lamaanii ta'e; maqaan isaa amma iyyuu macaafa qulqulluu keessatti si'a tokko tokko "Yaaqoob" si'a kaan immoo "Israa'el" jedhama; Isa 41:8; kes 33:10; Lak 23:10.

Yetroo:- Yetroo, abbiyyuu Musee ti, inni luba Miidiyaan; Bau 3:1-4;18. Maqaan isaa inni kaan immoo "Rewu'el" jedhama; Bau 2:18; Lak 10:29; Rewu'el maqaa dhalootaa ti, Yetroon immoo maqaa ulfinaa ti.

Yisihaq:- Yisihaq ilma Abrahaam; Yisihaq abdiidhaan dhalate waan ta'eef, ilma abbaa dhaaluu dha; "Yisihaq" jechuun "In kolfa" jechuu dha; (Uma 21:1-3). "Yisihaq" abboota qomoo Israa'el keessaa isa tokko; Esaawuu fi Yaaqoob ilmaan isaa warra lakkuu dhalatan keessaa sanyiin abdii karaa Yaaqoob kenname; Uma 25:22.

Yohannis:- "Yohannis" jechuun "Ayyaana Waaqayyoo" jechuu dha; Yohannis cuuphaan Yesus dura kan ergame ture, Mat 3:2,11.

Yohannis ergamaan isa gooftaan Yesus akka inni isa duukaa bu'uuf waamee dha; Mat 4:21-22; Yohannis ergamaan ilma Zabdewos; Mat 4:21; obboleessa Yaaqoob; HoE 12:1-2.

Yohannis Maarqos abbaa wangeelaa, isa Maarqosin caafee dha; HoE 12:12,25.

Aadaa Sabni Israa'el Itti Jiraachaa Ture

Bultii biyyaa:- Guutummaan saba Israa'el qomoo qomoo isaa keessaa angafa fo'ee gara yaa'ii maanguddootaatti ergata; maanguddoonni akka angafummaa isaaniitti saba keessaa fo'aman kun yaa'iidhaan biyya in bulchu; Bau 4:29. Yaa'iin maanguddootaa wanta hundumaatti dhimma saba isaatiif in dhaabata. Akkasuma mana abbaa isaatti angafa kan ta'e guutummaa maatii isaatiif iddoo bu'ee in hojjeta; Lak 1:4. Biyya Kana'aan keessatti sabni garaa garaa ollaadhaa ka'anii Israa'elin yommuu rakkisan, abboonni firdii yeroo yerootti ka'anii saba gidduutti firdii kennanii warra isaan saamanis isaan irraa in dhowwu turan; Kes 16:18; Abo 2:16. Sabni Israa'el biyya Kana'aan keessa erga turanii garuu akkuma saba warra naannoo isaanii jiranii mootota in moosifatan; Kes 17:14-17; 1Sam 10:17-27.

Lakkoobsa jl'oota waggaa:-
Waggaan warra Ibrootaa ji'a kudha lama qaba; jiini baatii ji'aatiin in lakkaa'ama. Jalqabatti warri Ibrootaa waggaa buusaa afuritti hiranii ittiin yeroo midhaan facaasanii fi galchan, yeroo gannaa fi bonaa lakkaa'u turan. **"Etaaniim"** ji'a arfaasaa ti; arfaasaan biyya Israa'el akka lakkoobsa Itoophiyaatti Maskaramii kaasee hamma Hidaaritti adeema. **"Bul"** ji'a gannaa ti; ganni, Taahisaasii kaasee hamma Yakaatiititti adeema. **"Abiib"** ji'a birraa midhaan yeroo itti ija naqatu; birraan ji'a Magaabiitii kaasee hamma Ginbotitti adeema. **"Ziif"** ji'a bonaa ti; bonni, ji'a Sanee kaasee hamma Nahaaseetti adeema. Egaa bara duraatti lakkoobsa Lewwootaa keessatti buusaa waggaa arfanii keessaa tokko tokko kan maqaa dha'aman warra kana arfan turan; bara mootota warra booddee yeroo namoonni Israa'el booji'amanii biyya Baabilonitti geeffamanii K. D. bara 587 sanaa kaasee lakkoobsi ji'aa akka kan warra Baabilonitti geddarame. (**"K. D. "** jechuun Kristos dura - innis **"Dhalachuu Kristos dura"** jechuu dha.)

Warra duraan Lewwootaan maqaa dha'aman	Ji'oota waggaa erga geddaramanii	Iddoo isaan itti caafaman
Abiib	Niisaan	Bau 12:2; 13:4; (Niisaan) Nah 2:1
Ziif (Ziiwuu)	Iiyar	1Mot 6:1 (Ziif)
	Siiwaan	
	Tamuz	His 8:14
	Aab	
	Elul	Nah 6:15
Etaaniim	Tishrii	1Mot 8:2 (Etaaniim)
Bul	Maarkeshwaan	1Mot 6:38 (Bul)
	Kiisluu	Nah 1:1; Zak 7:1
	Xebet	As 2:16
	Shebaax	Zak 1:7
	Adaar	Iz 6:15

Qodaa safaraa:- "Omer" Qodaa midhaan ittiin safaran; Bau 16:16; Omerin tokko akka kiilo graamii lamaa ti. **"Efa"** qodaa daakuu akkasumas garbuu ittiin safaran; Abo 6:19; Rut 2:17; Bau 16:36; Lew 19:36. Efa tokko omerii kudhan; kiilootti immoo digdamii lama ta'a. Hiin qodaa daadhii waynii, dhadhaa ejersaa ittiin safaran; Bau 30:24; Lew 19:36; hiin tokko akka liitrii afurii ti. Geraan mi'a ittiin ulfaannaa safaran (madaalii dha); Bau 30:13; Lew 27:25. Geraan digdamni sheeqelii tokko waan ta'eef, geraan tokko sheeqelii keessaa harka digdammaffaa dha; graamiitti immoo walakkaa xinnoo caala; graamii harka kudhan keessaa harka ja'a in ta'a jechuu dha; Lak 3:47; 18:16; His 45:12.

Sheeqeliinis mi'a ittiin ulfaannaa safaran (madaalii dha); **"Sheeqel"** tokko akka graamii kudha tokkoo fi walakkaa miijana; Bau 30:13; His 45:12.

Uleen safaraa:- Dheerinaa fi gabaabina, yabbinaa fi haphina kan ittiin safaranii dha; His 40:5-9; akkasuma

dhundhumni gabaabinaa fi dheerina, bal'inaa fi dhiphina kan ittiin safaran; Bau 36:21. **"Dbundhuma"** kan jedhamu, dheerina ciqleedhaa kaasee bamma fiixee quba barka namaa isa gidduu jiruu dha; kanaaf akkuma hojjaa namichaatti dheerinni dhundhumaa wal in caala.

Bishaanota Beekamoo

Galaana soogiddaa:- Galaanni soogiddaa afaan Griikiitti **"Galaana du'aa"** jedhame; bishaan galaanichaa soogidda waan qabuuf wanti lubbuu qabu acbi keessa jiraachuu hin danda'u; kanaaf **"Galaana du'aa"** jedhame; Uma 14:3; Lak 34:3,12; Kes 3:13; Iya 3:16; 12:3; 15:2,15. Bishaan kun iddoo biraatti darbee hin yaa'u.

Galaana dlimaa:- Galaanni diimaan afaan Ibraayisxiitti **"Galaana jajjabaa"** jedhama; afaan Griikiitti immoo **"Galaana Eriitriyaa"** jedhame. Sabni Israa'el biyya Gibxii yommuu ba'e galaana kana dinqii guddaadhaan ce'e; Fara'oonii fi loltuun isaa garuu galaanichaan in liqimfaman; Iya 2:10; Bau 13:18; 15:4,22; 23:31; Kes 11:4; Iya 4:23; 24:6; Lak 33:10,11; Nah 9:9; Far 106:7,9,22; 136:13,15.

Galaana Galiilaa (ciisa bishaan Galiilaa):- Galaanni Galiilaa kutaa biyya Galiilaa keessatti argama; galaanni kun si'a tokko galaana **"Kiineret"** jedhamee maqaa dha'ameera, Lak 34:11; si'a kaan immoo galaana Genesaarex yookiis Xiberiyaas jedhame, Luq 5:1; Yoh 6:1; 21:1.

Qurxummiin achi keessatti in bora; bishaan Yordaanos galaana kana keessa darbee in yaa'a; Mat 4:18; Mar 1:16-20.

Gadda:- Akka amala saba Israa'elitti milikkinni ittiin gadda mul'isan danuu dha; isaan keessaas, uffata of irratti tarsaasuu; Uma 37:34; Lew 10:6; 2Sam 13:31; Yoe 2:13; rifeensa haaddachuu fi rifeensa of irraa buqqisuu; Iz 9:3; Er 7:29; uffata saakarraa'aa (keeshaa), innis uffata dhagna namaatti laafu utuu bin ta'in kan quqquuqu uffachuu; Yoe 1:8.

Daaraa yookiis awwaara mataatti firfirfachuu; 2Sam 15:32; soomuu Far 35:13, boo'uu fi wawwaachuu; Yoe 1:8,13; Amo 5:16-17; 8:10. Yeroo namni duunaan firoonni du'a-ga'ii dhufan, warri ulullee afuufan, boossiftuunis qacaramanii dhufanii boo'icha guddaa in boo'u, in boossisus; Er 9:17-18; Mat 9:23; Hoe 9:39. Inni du'e erga awwaalamee booddee borumtaa isaa dubartoonni ganamaan gara awwaalaa dhaqanii in kadhatu, in boo'u, in faarfatus; Mar 16:1-2; Yob 11:31. Yeroon gaddaa garuu yeroo baay'ee garaagara; fakkeenyaaf yommuu Aaron du'e guyyaa soddoma, Museedhaafis guyyaa soddoma gaddan; Lak 20:29; Kes 34:8; Saa'ol mootichaaf garuu guyyaa torba duwwaa gaddan; 1Sam 31:13; warri Gibxii Yaaqoobiif guyyaa torbaatama gaddan; Yoseef immoo guyyaa torba itti dabalee abbaa isaatiif gadde; Uma 50:3,10.

Mi'a Garaa Garaa Bitaa Gurgurtaa

Meetii:- Meetiin sibiila adii lafa keessaa baafamee qulleeffamuu dha; sabni Israa'el dur mi'a biyya ormaatii argamu meetiidbaan bitatu, ofiis meetiitti mi'a gurguratu turan; Uma 23:16; 37:28. Meetiin dur waan hin tumamin tureef, wanta baasuun ta'u callaa isaa safaranii baasu; Iyo 28:15; Isa 46:6. Sabni Israa'el booddee meetii tumuu erga baree mi'a meetii irraa hojjetamu tolche; Zak 6:11; Lak 10:2; Uma 44:2.

Mi'a ittiin faarfatan:- Mi'i ittiin faarfannaan geggeeffamu qomoo sadii; inni tokko mi'a ribuudhaan dhifamee hojjetame, ribuun isaa yommuu rukutamu sagalee kennu; inni lammaffaan mi'a afuufamu; inni sadaffaan immoo mi'a walitti rukutamuu dha. Mi'a ribuudhaan dhifamee hojjetame keessaa inni tokko kiraara; inni yeroo dheeraadbaa kaasee iddoo baay'eetti beekamaa dha; Uma 4:21; 31:27; 1Sam 16:16; Isa 5:12; 16:11; 23:16; 24:8; His 26:13; Iyo 21:12; 30:31; 1Sen 15:16; 2Sam 6:5; 1Mot 10:12; 2Sen 5:12; Far 33:2; 43:4; 49:4; 57:8; 71:22; 81:2; 92:3; 98:5; 108:2; 147:7. Mi'i ribuudhaan dhifamee hojjetamu inni lammaffaan maseenqoo dha, inni mi'a yeroo cidhaa fi yeroo gammachuu ittiin sirbanii dha; Am 5:23; 6:5; Isa 5:12; 14:11. Maseenqoon akkasuma mi'a Waaqayyoon ittiin faarfatanii dha; Far 57:8; 71:22; 81:2; 92:3; 108:2; 150:3; maseenqoon ribuu kudhan qabus jira; Far 33:2; 144:9.

Mi'i afuufanii ittiin faarfatan iddoo sadiitti hirama; inni tokko **"Ululee"** yookiis **"Indirinyaa"** jedhama, inni mukattii hojjetama; 1Sam 10:5; Isa 5:12; 30:29; 1Mot 1:40; Er 48:36.

Inni lammaffaan **"Fiinoo"** jedhama; fiinoon gaanfa horiittii hojjetama; Hos 8,1; Abo 7,8; Isa 58,1; Iyo 39,25; Bau 19,16;19; Amo 2,2; Hos 5,8; Far 150,2; Lew 25,9.

Indirinyaan:- Gara caalu mi'a ittiin faarfatan warra kaanii wajjin jira; fiinoon yeroo lolaa fi yeroo sagadaa namoota waamuuf afuufama; Iya 6,4-5; Lew 25,9; Far 47,5; 81,3; 98,6; 150,3.

Mi'i afuufamu inni sadaffaan **"Fiingee"** jedhama; fiingeen sibiila irraa hojjetama, inni yeroo ayyaanaa fi yeroo gammachuutti afuufama; Hos 5:8; 2Mot 11:14; 2Sen 23:13; 1Sen 13:8; 15:28; 16:6,42; 2Sen 15:14; 20:28; 29:27-28; Iz 3:10; Nah 12:35,41; Far 98:6.

Mi'i rukutanii ittiin faarfannaa geggeessan gosa sadii; inni tokko dibbee dha, inni lammaffaan sibiila walitti rukatamee iyyu, inni sadaffaan kosh koshii dha; Uma 31:27; Iyo 21:12; Isa 5:12; 24:8; Er 31:4; Bau 15:20; Abo 11:34; 1Sam 18:6; Isa 30:32; 1Sam 10:5; Far 81:2; isaan kun hundinuu mi'a ittiin Waaqayyoon galateeffatanii fi mi'a ittiin gammachuu mul'isanii dha.

Amantii

Waaqayyo Isa kan Israa'el:-
Waaqayyo isa hundumaa gararraa jiru isa waaqaa fi lafa uume; Uma 14:19; Waaqayyo isa hundumaa danda'u; Uma 17:1; Bau 6:3; Lak 24:4; Waaqayyo isa jiraataa dha; Bau 3:14. Inni Waaqayyo isa **"Yaahwee"** jedhamee beekamee dha; kunis **"Isa ta'u, Isa jiraatu sana"** jechuutti in hiikama; Israa'el ilma Waaqayyoo isa angafa; Bau 4:22. Yesus ilma Waaqayyoo ti; Rom 1:3-4; amantoonni ilmaan Waaqayyoo ta'u; HoE 13:33; Gal 4:4-7; ulfina Waaqayyoo in argu; Bau 33:18-23. Maqaa Waaqayyoo; inni maqaa ofii isaatiin kakate; Er 44:26; maqaan Waaqayyoo guddaa guddaa irra caaluu dha; Far 8:1. Waaqayyo nama isa amanate maqaa isaatiin in eega; Far 20:1; maqaan Waaqayyoo ergamaa isaa wajjin adeema; Bau 23:21. Maqaan Waaqayyoo iddoo qulqullaa'aa isa kan isaatii keessa in jiraata; 2Sam 7:13; [iddoon qulqullaa'aan inni kan isaatii maqaa isaatiin in waamama.]

Waaqayyolii saba warra kaanii:-
Ba'aal Waaqayyo tolfamaa biyya Mo'aab keessatti beekamee dha; Lak 22:41; **"Ba'aal"** jechuun **"Gooftaa"** yookiis **"Abbaa warraa, abbaa horii"** jechuu dha; inni afaan Amaariffaatti **"Baal"** yookiis **"Baala"** jedhu sagalee kana irraa kan ka'e fakkaata; afaan Oromootti immoo **"Abbaa lafaa" "Abbaa sangaa"** isa jedhu wajjin wal fakkaata. Biyya Kana'aan keessatti iddoon aarsaa Ba'aaliif ijaarame waan tureef, bara abboota firdii namoonni Israa'el Ba'aaliif in sagadan; Abo 2:13; 6:28-32. Ahaab mootichi Iizaabelin intala mootii Sidoon yommuu fuudhe Ba'aaliif sagaduun biyya Israa'el keessatti bal'atee beekamee ture; 1Mot 16:31-32; 18:17-40; Yehuun garuu Ba'aalin caccabsee balleesse; 2Mot 10:18-28; Ahaazii fi Minaaseen mootonni Israa'el Ba'aalitti sagadan; 2Sen 28:2; 2Mot 21:3.

Yosiyaas mootichi garuu Ba'aalin mana qulqullummaa keessaa baasee, mi'a isaa caccabsee manicha qulqulleesse; 2Mot 23:4-5; raajonni Ba'aalin mormaa turan; Er 19:4-5.

Ba'aal-Phe'or Ba'aal isa tulluu Phe'or irratti itti sagadan; sabni Israa'el Shiixiimin yommuu buufatan Ba'aal

inni Phe'or qoramsa isaanitti ta'e; Lak 25:1-9; Far 106:28; Hos 9:10.

Ashtaartee (Ashtaarot); Waaqayyittii warra Kana'aan; Og mootiin Baashaan mandara Ashtaarot iddoo galmi waaqayyittii kanaaf itti ijaarame keessa jiraate; Kes I:4; Iya 9:10; Solomoon mootichi waaqayyittii kanaaf iddoo aarsaa ijaarsise ture; 2Mot 23:13.

Asheeraan waaqayyittii dhala namaaf kennituu fi biqila ija godhachiiftu; isheen waaqayyittii tolfamtuu warra Kana'aan; milikkinni ishee damee muka jiidhaa muranii dhaabuu dha; booddee garuu muka gogaa dhaabaniif. Asheeraan akka haadha manaa Ba'alitti ilaalamti; Bau 34:13; mukichi Asheeraadhaaf dhaabamu iddoo aarsaa isa kan Ba'aal bukkee dhaabamaaf; Abo 6:25,28.

Tamuz, Waaqayyo tolfamaa warra Baabilon, inni waggaa waggaatti si'a tokko du'ee, du'aa ka'a; yommuu inni du'u dubartoonni in boo'uuf; biqiltuun bona duute yommuu bokkaan roobu akkuma laliftu akkasuma Tamuz milikkita kanaa ta'e; His 8:14.

Daagon, Waaqayyo tolfamaa warra Filisxeem, galmi isaa Gaazaa fi Ashdood keessatti ijaarame; Abo 16:21-23; 1Sam 5:1-7; 1Sen 10:10; Daagon abbaa midhaanii ti.

Kemosh, Waaqayyo tolfamaa warra Mo'aab; Lak 21:29; Er 48:46; iddoon aarsaa Kemosh hamma bara mootummaa Yosiyaasitti Yerusaalem keessa ture; 2Mot 23:13.

Miilkom, Waaqayyo tolfamaa warra Amoon, Miilkom iddoo baay'eetti **"Moleek"** jedhame; 1Mot 11:7; 11:5,33; mootiin Amoon Miilkomitti moggaafame; Er 49:1-3; Moleekiif ijoollee qalanii aarsaa in dhi'eessuuf; seera ijoollee Israa'el keessatti garuu kana gochuun dhowwamaa dha; Lew 18:21; 20:1-5; Ahaaz Moleekiif aarsaa dhi'eesse; 2Sen 28:3.

Maarduk, Waaqayyo tolfamaa warra Baabilon, Er 50:2; inni si'a tokko tokko **"Beel"** jedhama; Er 51:44; Isa 46:1; Maarduk Waaqayyo aduu ti.

Refaan, Waaqayyo tolfamaa isa sabni Israa'el lafa onaa keessatti sagadeef, inni Waaqayyo urjii ti; maqaan isaa inni lammaffaan immoo **"Kiiyun"** jedhama; Amo 5:26.

Ze'os, Waaqayyo tolfamaa warra Griikii ti; inni angafa waaqayyolii hundumaa waan ta'eef, wanti hundinuu isaaf in abboomamu; HoE 14:12-13.

Fakkeenya waaqayyolii:- Fakkeenya waaqayyoliitti akka hin saganne akka isaan hin waaqeffannes seera keessatti dhowwameera; Bau 20:4-5,23; sabni Israa'el garuu si'a baay'ee seera kana irraa kaatee bifa fakkeenya waaqayyolii qopheeffate; Bau 32:1-4; Abo 17:3-4. Raajonni akka itti fakkeenyi waaqayyolii kanaa harka namaatiin hojjetaman himanii wanta waa'ee hin baafne waan ta'aniif, akka isaanitti hin saganne in dhowwu; Isa 40:19-20; 44:9-20; Er 10:9.

Iddoo sagadaa:- Iddoon itti Israa'eloonni Waaqayyoof sagadan jalqabatti godoo keessatti ture, Waaqayyo achitti saba isaatti dhi'aata; Bau 33:7-11. Godicha biratti dhimmi saba sanaa hundinuu ilaalamee Waaqayyo achitti firdii qajeelaa itti kenna; 2Sam 21:11; Bau 18:15-18; Lak 27:5. Godoon kun godoo qulqullaa'aa iddoo itti Waaqayyoof sagadan; sabni godoo kana isaaf akka tolchuuf Waaqayyo gaara Siinaa gubbaatti Museef abboome; Bau 25:8-9; sabni achitti Waaqayyo duratti waan dhi'aatuuf, godoon kun, **"Godoo walga'ii"** jedhame; Bau 40:34. Bidiruun sanduuqi kakuu godoo sana keessa kaa'ame; Bau 40:2-3; Lak 9:15; Bau 25:21-22; kanaaf godichi **"Mana Waaqayyoo"** jedhame; Bau 34:26; Iya 6:24. Sabni Israa'el biyya Kana'aanitti yommuu galee godoo walga'ii sana mandara Shiiloo keessa dhaabe; Iya 18:1; ergasii immoo Bet'el, Giilgal, Miisphaanis iddoo sagadaa turan; 1Sam 7:16.

Manni qulqullummaa bara mootummaa Solomoon keessa ijaarame; 2Sen 3:1; manni qulqullummaa inni Solomoon ijaare kun bara Nebukadnezaar mootiin Baabilon Yerusaalemin lolee qabate diigame; 2Sen 36:17-19.

Bara Qiiros mootiin Faaris mootummaa warra Baabilon fudhate keessa Zarubaabel bulchaan Yihudaa manicha qulqullummaa sana deebisee haaressee ijaare; Iz 6:3; 3:1-9. Manni qulqullummaa inni Zarubaabel deebisee haaressee ijaare kun bara Antiiyokus Ephiifaanes isa afuraffaa keessa xuraa'e, seenaa Antiiyokus ilaali! Herodis inni guddaan K. D. waggaa 37tti Yerusaalemin yommuu qabate mi'i manichaa gartokko gubamee ture; kanaaf Herodis K. D. waggaa 20 jalqabee manicha qulqullummaa sana haaressee bal'isee ijaare; manni qulqullummaa inni Yesus warra bitee gurguru keessaa oofe isa Herodis ijaare sana; Yoh 2:12-20; Mat 21:12-13. Manni qulqullummaa kun akkuma Yesus waa'ee isaa dubbatee ture K. B. waggaa 70tti diigame; Mat 24:1-2. (**"K. B. "** jechuun dhaloota Kristos booddee jechuu dha).

Mana sagadaa:- Manni sagadaa iddoo warri Yihudootaa itti walitti qabaman; Yihudoonni biyya isaanii keessaa ari'atamanii biyya ormaa keessa jiraatan akkasumas warri mana qulqullummaa irraa fagoo jiran iddoo itti sagadanii fi itti seera Waaqayyoo baran ijaarratanii achumatti jaarsolii itti fo'atanii dhimma isaanii hundumaa in raawwatu turan; Mar 5:22. Bara Yesus keessa manni sagadaa iddoo Yihudoonni jiran hundumaa jira ture; Luq 4:16-20. Manni sagadaa iddoo itti lallaba dhaga'an, iddoo itti seera Waaqayyoo baran akkasuma iddoo itti dhimma saba Waaqayyoo itti ilaalaniif malee, iddoo itti aarsaa dhi'eessan miti; kanaaf Yihudoonni of danda'an waggaa waggaatti gara Yerusaalem dhufanii achitti aarsaa in dhi'eessu.

Aarsaa:- Waaqayyoof yookiis waaqayyoliif aarsaa dhi'eessuun saba hundumaa biratti beekamaa dha; aarsaa dhi'eessuudhaan Waaqayyoon in galateeffatu; ulfina in kennuuf balaa garaa garaas akka irraa deebisuuf in kadhatu. Aarsaan Waaqayyoof dhi'aatu qomoo garaa garaa qaba.

Inni tokkoffaan, aarsaa qalamee dhi'aatu; aarsaan akkasii saawwan, jiboota, hoolota, re'oota akkasumas gugee dha; Bau 29:25,38-41; Lew 12:6-8 (hiikaa kana keessatti **"qalma gubamu"** jedhameera).

Inni lammaffaan, aarsaa nyaataa fi dhugaatii ti; kun immoo ija mukaa, buddeenaa fi dhadhaa ejersaa ti; Ba'u 29:38-41; Lak 28:1-8.

Inni sadaffaan aarsaa ixaanaa ti; Bau 30:34-38; Mat 2:11; Bau 30:1-9.

Kan biraa immoo, aarsaa sochoofamu:- Ba'u 29:24; qalma araaraa; Lew 3; Bau 24:5; aarsaa sababii cubbuutiif dhi'aatu; Lew 4; aarsaa sababii yakkaatiif dhi'aatu; Lew 5:14-19.

Ayyaannan:- Sabni Israa'el waggaa waggaatti ayyaannan gurguddaa sadii ayyaaneffatu.

Ayyaanni inni duraa Faasiikaa dha. Ayyaanni kun biyya Gibxii keessaa gargaarsa Waaqayyootiin ba'uu isaanii isaan yaadachiisa; Bau 12; 2Mot 22:23; Isa 31:5; Kes 16:1. Hoolaan Faasiikaa mana qulqullummaa keessatti qalamee dhiigni hoolichaa iddoo aarsaa irratti dhangalaafama; maatiin hundinuu manatti ayyaaneffatu, keessummootaaf iddoon itti ayyaaneffatan in kennama; Mat 26:17-19.

Inni lammaffaan ayyaana Makarii ti. Ayyaanni Makarii ayyaana Faasiikaa booddee guyyaa shantammaffaatti ayyaaneffatama; Bau 23:16; 34:22; Lak 28:26; ayyaanni kun booddee ayyaana Phenxaqostee jedhame; HoE 2:1; inni guyyaa hafuurri qulqulluun bu'ee dha.

Ayyaanni inni sadaffaan ayyaana Gordommaa ti, inni ji'a torbaffaa keessaa guyyaa kudha shanaffaa isaatti ayyaaneffatama; ayyaanni kun guyyaa saddeet guutuu ulfeeffama, sabni Israa'el biyya Gibxii keessaa yommuu ba'e godoo keessa akkuma taa'aa ture, ayyaanichi milikkita isaatiif godoo keessatti ayyaaneffatama; Lew 23:34-44. Yesus ayyaannan kana sadan ay-

yaaneffateera ta'a; Mat 26:17; Mar 14:12; Luq 22:7-8; Yoh 2:23; 7:2-37; 13:1.

Soomii:- Soomiin wanta tokko irraa, nyaataa fi dhugaatii irraa waa hojjechuu irraa of dhowwuu dha; soomiin qomoo sadii qaba; inni tokko waan nyaatanii fi waan dhugan dhabanii hagabuu taa'uu dha; Bau 34:28; Kes 9:9; Mat 4:2; Luq 4:2; 2Qor 6:5. Soomiin akkasii Waaqayyoo wajjin dubbachuudhaa fi isaaf hojjechuudhaaf jedhanii nyaataa fi dhugaatiidhaaf iddoo fi yeroo dhabuu dha.

Inni lammaffaan immoo isa namni yakka isaa fi yakka saba isaa beekee yaada garaa isaatii geddarachuuf Waaqayyo duratti gaddee hagabuu taa'uu dha; 2Sam 12:22; Iz 8:21; Nah 9:1; As 4:3; Far 35:13; 69:10; 109:24; Dan 9:3. Inni sadaffaan, soomii yeroo badiisi dhi'aatutti labsiidhaan sabatti himamuu dha; Er 36:9; Yoe 1:14. Soomiin irra-keessa duwwaa sooman Waaqayyo duratti akka hin fudhatamne raajonni himaniiru; Isa 58:3-6. Bara Zakaariyaas raajichaa keessa sabni Israa'el waggaatti si'a afur in sooma ture; Zak 8:19; Yerusaalem ji'a kurnaffaa keessa marfamte; 2Mot 25:1, ji'a afuraffaa keessa qabamte; 2Mot 25:3-4; Er 52:6-7; manni qulqullummaa ji'a shanaffaa keessa gubame; 2Mot 25:8-9; Gedaaliyaanii fi Yihudoonni isaa wajjin turan ji'a torbaffaa keessa ajjeefaman; 2Mot 25:25. Wanta kana hundumaa yaadachuuf sabni soomaa ture. Bara Yesusitti warri Fariisotaa torbanitti guyyaa lama soomu turan; Luq 18:12; bartoonni Yesus garuu hamma inni isaan bira turetti hin soomne; Mat 9:14-15; Mar 2:18-20; Luq 5:33-35. Yommuu sooman namatti of mul'isuuf nyaara akka hin guurre, Yesus dhowweera; Mat 6:16-18. Warri Waaqayyoof hojjetan takka takka akka isaan soomanii kadhatan beekamaa dha; Luq 2:37; HoE 13:3; 14:23.

Dhiiga:- Lubbuun dhiiga keessa jiraata; dhiignis lubbuu keessa jiraata; Lew 17:14; Kes 12:23; dhiigni jireenya waan ta'eef, Waaqayyo biratti ulfina-qabeessa; dhiigni Abeel gara Waaqayyootti iyye; Uma 4:10. Namni dhiiga namaa dhangalaasu dhiigni isaas in dhangala'a; Uma 9:6; dhiigni horii lubbuu horii sanaa waan ta'eef, dhiigni isaa akka hin nyaatamneef dhowwame. Lubbuun hundinuu kan Waaqayyoo ti. Kanaaf horiin yommuu gorra'amu dhiigni isaa Waaqayyoof aarsaa ta'ee erga dhi'aatee boodee namni foon horii sanaa nyaata Lew 17:10-14; Kes 12:15-16. Dhiigni Yesus fannoo irratti aarsaa ta'ee Waaqayyoof waan dhi'aateef, cubbuun namootaaf dhiifame; 1Qor 10:16; Efe 2:13; Ib 9:14;10:19; 1Phe1:2,19; 1Yoh 1:7; Mul 7:14; 12:11. Dhiigni milikkita kakuu jabeessuu dha; Bau 24:6-8; Yesus dhiiga isaatiin kakuu dhaabate haaressee cimse; Mat 26:28.

Kakuu:- Kakuun walii galtee namoota lama yookiis baay'ee giddutti ta'u jabeessuudhaaf in godhama; Uma 21:27,32; 1Sam 18:3; 23:18; 1Mot 20:34. Waaqayyo si'a baay'ee saba isaatiif kakateera; Nohiif milikkita kakuu isaatiif sabbata Waaqayyoo kenne; Uma 9:12-17; 6:18. Waaqayyo Abrahaamii fi sanyii isaatiif kakateera; Uma 15:18; 17:2,4,7,11,13-14,19; 2Mot 13:23; 1Sen 16:15-18; Far 105:8-10; HoE 7:8. Waaqayyo saba Israa'eliif kakateera; Bau 31:16; akkasuma Daawitiif kakateera; Far 89:20-28,34. Abboommiin kurnan dhagaa lamaan irratti caafame caaffata isa kakuu Waaqayyo saba isaatii wajjin gale cimsuu dha; Kes 9:11.

Sanduuqi, gabateen kakuu kan keessa taa'u **"Sanduuqa kakuu"** (taabota) jedhame; inni sandunqa xinnaa muka irraa hojjetamee, warqeen itti uffifamee dha; Lak 10:33. Sabni Israa'el si'a baay'ee kakun kana yommuu cabsan, Waaqayyo immoo kakuu haaraa akka isaaniif dhaabu karaa raajotaa isaanitti dubbatee ture; Er 31:31-34; Ib 8:8-11. Kakuu inni haaraan karaa hafuura Waaqayyoo hojjeta; Yoh 7:39; HoE 2:32-33; 2Qor 3:6-9.

Gaanfa:- Gaanfi horii dhimma garaa garaa baasa, fiinoo ta'a; Iya 6:13, qodaa itti dhadhaa ejersaa naqan ta'a;

1Sam 16:1,13; 1Mot 1:39. **"Waaqayyo gaanfa namaa ol qaba"** jecbuun, jabina namaaf kenna jechuu dha; Far 89:24; namni ofii isaatiin gaanfa isaa ol qabatu nama of korsuu dha; Far 75:4-5. Gaanfi humnaa fi mootummaa argisiisa; Far 132:17; kanaaf gaanfi milikkita mootota ti; Dan 7:8,11,21; Zak 1:18-19; Mul 17:12,16. Gaanfonni iddoo aarsaa irratti bojjetaman humna Waaqayyoo argisiisu; dhiigni horii aarsaaf qalame gaanfota sanatti dibama; Bau 29:12; Lew 4:7; namni yakke gara gaanfa iddoo aarsaa sanaatti baqatee adaba jalaa ba'a; 1Mot 1:51; 2:28.

Seenaa

Seenaa Saba Israel	Bara Kakuu Moofaa	Dhalachuu Kristos Dura/Bara
Sabni Israa'el biyya Kana'aanitti galuu isaa	Iyaasuun lafa hiruu isaa	(K. D.) 1230
Bara abboota firdiitii kaasee hamma Saamu'elitti	Lola Filisxeemotaa	(K. D.) 1200-1012
Mootummaa Saa'ol		(K. D.) 1012-1004
Bara Daawit Kebroon taa'ee mo'e		(K. D.) 1004-998
Bara Daawit Yerusaalemin taa'ee mo'e		(K. D.) 997-965
Mootummaa Solomoon		(K. D.) 965-926
Bara Solomoon itti mana qulqullummaa ijaarsise		(K. D.) 962-955
Mootummaan Solomoon iddoo lamatti gargar cabuu isaa		(K. D.) 926
Bara Saalmanaaser mootiin Asor inni shanaffaan mootummaa Israa'el isa gara bitaa lolee qabate		(K. D.) 722
Mootummaa Baabilon Bara Nebukadnezaar mootiin Baabilon biyya Yihudaa qabatee, mana qulqullummaa diigsisee, gurguddoota sabaa booji'ee gara biyya Baabilonitti geessisiise		(K. D.) 587
Mootummaa Faares; Qiiros mootiin Faaris biyya Baabilon lolee qabatee, sabni Israa'el gara biyya isaatti akka deebi'uuf abboome; (2Sen 36:22-23; Iz 1:1-3)		(K. D.) 538-333
Mootummaa Griikii Antiiyokus Ephiifaanes inni afuraffaan mi'a mana qulqullummaa saamee, Ze'osiif iddoo aarsaa mana qulqullummaa keessa dhaabee, masaraa Yerusaalem diigee, foon boyyee iddoo aarsaa irratti dhi'eessise, dhagna-qabaa dhowwe, caaffatoota qulqullaa'oo balleesse.		(K. D.) 332-65
Kanaaf sabni lola itti kaase; inni immoo (lola Maqaabotaa) jedhama.		(K. D.) 175-163

Mootummaa Roomaa

Mootummaa Roomaa	Warra Phalestiinaa Bulchan	Wanta Bara Sanatti Ta'e
Awugusxos mooticha K. D. waggaa 30- K. booddee waggaa 14	Herodis inni guddichi in du'e, Arkelaawos ilmi isaa iddoo isaa in bu'e; (Mat 2:19-22).	Yesus bara mootummaa Awugusxos keessa Betlihemitti dhalate; (Luq 2:1-4).
Xiberiyos mooticha K. B. waggaa 14-37	Phonxos Philaaxos biyya Yihudaa fi Samaariyaa irratti abbaa biyyaa ta'ee, K. B. waggaa 26-36 (Luq 3:1)	Yohannis cuuphaan lallabuu jalqabe; K. B. waggaa 28 (Luq 3:1) Yesus bara Phonxos Philaaxos biyya sana bulchu keessa fannifame; Phaawulos K. B. waggaa 35tti amantii kristiyaanaa fudhate (HoE 9).
Kaaliigulaa mooticha K. B. waggaa 37-41	Herodis Agriiphaan inni duraa bulchaa biyya Phalestiinaa ta'e; K. B. waggaa 37	Phaawulos gara Yerusaalem dhaqe; K. B. waggaa 37 (Gal 1:18-19).
Klaawudiiyos mooticha K. B. waggaa 41-54	Herodis Agriiphaan inni duraa K. B. waggaa 44tti in du'e.	Amantoonni Yerusaalem in ari'ataman Yaaqoob ergamaan in ajjeefame; K. B. waggaa 43 (HoE 12:1-23) Phaawulos wangeela lallabuuf ergamuu isaa isa duraa; K. B. waggaa 47 (HoE 13-14).
K. B. waggaa 49tti Yihudoonni mandara Roomaa keessaa in ari'ataman	K. B. waggaa 50tti Herodis Agriiphaan inni lammaffaan ilmi Herodis Yerusaalem irratti abbaa biyyaa ta'ee Agriiphaa isa duraa mooticha Roomaa biraa in ergame.	Ergamoonni Yerusaalemitti wal ga'ii guddaa in godhatan; K. B. waggaa 50tti (HoE 15).
Neroo mooticha K. B. waggaa 54-68	Antoniiyos Feliiks biyya Yihudaa biyya Iduumeyaasii fi Samaariyaa irratti abbaa biyyaa ta'e K. B. waggaa 52-60	Phaawulos si'a lammaffaa wangeela lallabuuf biyya Asiyaa xinnoo in dhaqe; K. B. waggaa 51-55 adeemsa Phaawulos isa sadaffaa.
K. B. waggaa 51-55		Gara biyya Griikii dhaquu isaa (HoE 18:23—21:17)
K. B. waggaa 57		Phaawulos gara Yerusaalem dhufuu isaa
Mandarri Roomaa in gubate, kristiyaanonni in ari'ataman	Yihudoonni mootummaa Roomaa irratti ka'uu isaanii K. B. waggaa 66	Phaawulos hidhamuu isaa K. B. waggaa 57-60

K. B. waggaa 64	Mandarri Yerusaalem marfamtee diigamuu ishee K. B. waggaa 70	Phaawulosii fi Phexros bara mootummaa Neroo keessa mandara Roomaa keessatti ajjeefaman; K. B. waggaa 64.

Hiikaa Sagalee

Sagaleen tokko tokko hiikaan isaa dhokataa ta'uu in danda'a, yookiis afaan Oromootti sagaleen tokkichi hiikaa barbaadame sana kennu waan hin argamneef, sagalee baay'eedhaan yaadni isaa akka mul'ifamu godhameera. Kanaaf sagalee kana fakkaatu tarree galchinee ibsuu yaalleerra.

Aariyophaagos: - Gaara biyya Griikii mandara Ateenaa keessa jiru tokkoo dha; yaa'iin guddaan naanna'aa sana bulchu gaara kana irratti walitti in qabama ture. Kana irraa kan ka'es maaqaan yaa'ii sanaa iyyuu "Aariyophaagos" jedhamee waamame; HoE 17:19.

Abboota qomoo:- Abboota warra duraa, warra sanyiin isaanii maqaa isaaniitiin lakkaa'ame yookiis waamamee dha; fakkeenyaaf Abrahaam, isa booddee immoo ijoolleen Yaaqoob (Israa'el) kudha lamaan, abboota qomoo jedhamaniiru; Uma 31:3; 46:34.

Alfaa: - Maqaa fidala warra Griikii isa jalqabaa ti; kanaaf isa duraa yookiis isa jalqabaa jechuu dha; Mul 1:8; 21:6.

Ameen: - Afaan Ibrootaatti "Eyyee akkas" yookiis "Dhuguma akkas! Akkasuma haa ta'u!" jechuu dha. Wanti tokko yeroo dubbatamutti yookiis dhaga'amutti "Ameen" jechuun, "Akkas, ani kanatti walii galeera, haa ta'u jedheera" jechuu in argisiisa; Far 41:14; 106:48. Kakuu haaraa keessatti gooftaan Yesus "Isa karaa isaa wanti hundinuu Ameen jedhamu" jedhameera; Mul 3:14.

Angafa lubootaa: - Seera luboota Ibrootaa keessatti inni caalu, inni luboota warra kaan geggeessu "Angafa lubootaa" jedhame; inni kun waggaatti guyyaa tokko mana qulqullummaa keessaa iddoo isa hundumaa irra caalaa qulqulluutti dhiiga baatee ol galee cubbuu in araarsa; Lew 21:10; Yoh 11:49.

Armaagedoon: - Akka Mul'ata Yohannis 16:16 keessatti arginutti maqaa iddoo tokkoo ti; tarii iddoo lolaa isa mootichi Yosiyaas itti ajjeefame in yaadachiisa (2Mot 23:29); akkasumas akka Zak 12:11 irraa dubbifnutti fakkeenya iddoo boo'ichaa in argisiisa.

Arxemiis: - Maqaa waaqayyittii tolfamtuu tokkoo ti. Maqaan kun afaan Griikiitti moggaafame; Arxemiis waaqayyittii tolfamtee naannoo biyya Asiyaa xinnoo jedhamee beekamee ture sanatti waaqeffamaa turtee dha. Isheen "Waaqayyittli hormaataa" jedhamtee beekamti turte. Afaan Laatiiniitti waaqayyittiin "Diiyaanaa" jedhamti; isheen waaqayittii tolfamtuu warra Ixaaliyaa ti; HoE 19:24-35.

Awugusxos: - Maqaa mootii warra Roomaa (Ixaaliyaa) isa bara Yesus dhalate mo'aa turee ti; Qeesaar jechuun immoo afaan warra Roomaatti "Mootii" jechuu ture. Kanaaf Awugusxos Qeesaar jedhamee yeroo waamamu, Awugusxos mootii jechuu dha malee, "Qeesaar" maqaa namichaa yookiis maqaa abbaa isaatii miti; Luq 2:1.

Ayyaana Maxinoo:- Ibroonni ayyaana Faasiikaa isaaniitti aansanii guyyaa torba guutuu buddeena hin bukaa'in in nyaatu; kanaafis ayyaanni isaan guyyaa torbaaf seenaa isaa yaadatan kun "Ayyaana Maxinoo" jedhamee waamame; kunis akka lakkoobsa ji'a isaaniitti, waggaa waggaadhaan Niisaan 15-22 (akka kan Itoophiyaatti gara jalqaba Miiyaaziyaatti] in ta'a; Bau 12:15-20.

Bantiiwwan waaqaa: - Bantiin waaqaa inni tokko isa kaan gararraa jiraachuu isaa iddoo tokko tokkotti in arganna; kanaaf baay'inatti waamuudhaaf "Bantiiwwan waaqaa" jedhamaniiru; Uma 1:1; 2Qor 12:2.

Barsiisota seeraa: - Namoota seera Musee, macaafota shanan duraa, kakuu moofaa keessaa ba'eessa godhanii baranii, warra kaan immoo barsiisaniif hiikanii dha; Mat 7:29.

Bartuu: - Nama isa caalaa beeku irraa waa barundhaaf duukaa kan adeemu yookiis barsiisa isaa nama fudhatuu dha; macaafa kakuu haaraa keessatti

caalaatti warra kudha lamaan Yesus duukaa bu'anii isa irraa baraa turaniin "Bartoota" jenna. Macaafni warra yeroo baay'ee barsiisa isaa fudhatanii yaadaan duukaa jiraniinis in jedha. Akkasumas namoonni beekamoonni bartoota qabu turan; fakkeenyaaf Yohannis cuuphaan qaba ture; Mat 22:16; Mar 2:18.

Bi'el Zebul: - Kakuu moofaa keessatti "Ba'aal Zebub" kan jedhame Waaqayyo tolfamaa warra Filisxeem isa mandara warra Eqroon keessa turee dha; kakuu baaraa kessatti immoo maqaa angafni Seexanoota ittiin waamamuu dha; 2Mot 1:2; Mat 12:24.

Bineensa akka jawwee: - Bineensa guddaa loccuu guddaa isaa fakkatuu dha, bofa isa durii jedhameeras; bineensi kun macaafa qulqulluu keessatti bifa Seexanaatiin himame; Mul 12:3-13; 20:2-3 ilaali.

Biyya lafaa: - Macaafa qulqulluu keessatti lafa kana, namoota isa keessa jiran; yaada waa'ee wanta lafa kanaa jechuus in ta'a; Far 24:1; Yoh 3:16; 3:31; 1Yoh 2:15.

Buddeena ilaalchaa:- Buddeena akka aarsaatti kennamu, isa fuula Waaqayyoo duratti dhi'eeffamee mana qulqullummaa keessaa iddoo qulqullaa'aa kaa'amuu dha; Lew 24:5-9.

Caaffata qulqullaa'aa: - Macaafota kakuu moofaa keessa jiran keessaa waa'ee isa tokkoo yeroo dubbatutti, "Caaffata qulqullaa'aa" jedhameera, waa'ee baay'ee isaanii yeroo dubbatutti garuu "Caaffata qulqullaa'oo" jedhameera. Macaafa qulqulluu jechuun garuu, kakuu moofaa fi kakuu haaraa walitti qabaa isaa ti.

Dhaamsa dhaalaa: - Wanta namni du'uuf jedhu ijoollee isaatiif yookiis firoota isaatiif dhaamuu dha; isa inni du'uuf jedhu, "Abalu kana haa fudhatu, abalu immoo kana baa argatu" jedhee, tokko tokkoon immaanyii biratti toora galchuu dha; Ibr 9:16-17.

Dhagaa boba'u: - Wanta dhangaggoo fakkaatu, ho'a guddaadhaan boba'uu dha; yeroo boba'utti immoo fooliin isaa nama in jibbisiisa; dhagaan boba'u kun "Diinii" jedhamees in beekama; Mul 21:8.

Dibata: - Macaafa qulqulluu keessatti "Dibanni" waan tokkoof nama fo'amee, iddoo yookiis hojii ulfinaa tokko irra kaa'amu in argisiisa; fakkeenyaaf mootummaadhaaf dibamuu, lubummaadhaaf dibamuu dha. Akkasumas hafuura qulqulluu isa ulfina akkasii, humnas keennuun macaafni "Dibata" jedheera; 1Yoh 2:27.

Diidimos (Toomaas): - Bartoota kudha lamaan keessaa inni tokko Toomaas ture; Toomaas kun waangeela Yohannis keessatti "Diidimos" kan jedhamu maqaa isaatti dabalamee waamameera. "Diidimos" jechuun afaan Griikiitti "Lakkuu" jechuu dha; Yoh 20:24.

Eegee biyya bishaanii: - Kutaa biyya tokkoo isa karaa sadii bishaaniin marfamee karaa tokko duwwaa biyyaan wal qabatee jiruu dha; HoE 27:7.

Ephequriyos: - Maqaa namicha isa "Gammachuun jireenya namaa keessatti wanta gaarii hundumaa keessaa isa caaluu dha" jedhee barsiisee tokkoo ti; warri barsiisa isaa duukaa bu'an immoo "Garee Ephequriyos" jedhamanii beekamaniiru; HoE 17:18.

Ergamaa: - Ergaa isa isa caaluuf kan dhaqu jechuu dha; warri waaqa keessaa Waaqayyoof ergaman ergamoota jedhamu. Kakuu baaraa keessatti bartoonni kudha lamaan, namoonni muraasi kan akka Phaawulosfaa "Ergamoota" jedhamanii waamaman; kana gargar baasuudhaaf warra waaqa keessaatiin ergamoota Waaqayyoo, yookiis warra waaqa keessaa jedhamaniiru; bartoota mul'isuuf immoo warra lafa irraa yookiis bartoota kan jedhu duukaa tuqameera; Uma 16:7; Mat 1:20; Mar 6:30.

Faasiikaa (ayyaana): - Warri Yihudootaa akka lakkoobsa ji'a isaaniitti Niisaan gaafa guyyaa kudha afurii (akka kan Itoophiyaatti immoo jalqaba ji'a Miyaaziyaa jedhamutti) ayyaana Faasiikaa in ayyaanessu. Ayyaanni kun seenaa guyyaa sabni Israa'el Gibxi mana garbummaattii ba'anii dha.

Sagaleen "Faasiikaa" jedhu "Bira darbuu" jechuu dha. Innis gaafa sabni Israa'el harka warra Gibxii jalaa ba'an, ergamaan ajjeesu Waaqayyo biraa ergamee mana warra Gibxii keessaa angafa ajjeese, mana namoota Israa'el garuu balbala iratti dhiiga argee bira darbe. Kanaaf "Dhaichi nu bira darbe" jedhame; dhiigni balbalatti dibame immoo dhiiga hoolaa kanaaf qalame waan ta'eef "Hoolaa Faasiikaa" jedhama; Bau 12:12-13; 1Qor 5:7.

Fariisicha (warra Farisota): - Fariisummaan duuka-buutuu garee warra Ibrootaa keessaa tokko ta'uu dha. Gareen kun warra baay'isanii seera Musee fi seera yeroodhuma yerootti barsiisota seeraatiin ibsamee, maanguddootaanis fudhatame eeganii dha; namni bu'aa garee sanaa ta'e tokko "Fariisicha" in jedhama, Afaan Griikiitti Fariisota jechuun "Warra addaan cabsatan" jechuu dha; waa'ee seera kanaa cimsanii yaadnudhaan eeguu isaatiifis of kennuu isaaniitiin immoo of in jaju, warra kaanis ofii isaaniitii gaditti in ilaalu; Mat 9:11-13.

Gardaafoo Solomoon:- Ijaarsa tuggee jalaa fi bantii ijjeramaa qabu gaaddisa isaa jala taa'uuf, adeemuuf kan ta'uu dha; wanti akkasii kun oobdii mana qulqullummaa Yerusaalem keessa gara ba'a-biiftuutti ijaaramee jira ture; inni "Gardaafoo Solomoon" jedhamee in waamama ture; 1Mot 6:3.

Garee Herodis: - Yihudoota keessaa warra garee Herodis guddichaa ta'anii sanyiin isaa nu irratti haa mo'u jedhanii isaaf dubbatanii dha. Isaan kun, nama Roomaa keessaa tokko nutti dhufuu irra, sanyiin Herodis nu bulchuu wayya in jedhu; harka sanyii isaa jalaan tarii mootummaan keenya nuuf in deebi'a jedhanii waan abdachaa turan in fakkaatu; Mat 22:16; Mar 3:6.

Godoo dhaabaa:- Godoo yookiis dunkaana lafa itti sabni Israa'el Waaqayyoo wajjin wal arguudhaaf dhaaba godhatanii dha; Bau 39:40.

Godoo jireenyaa: - Godoon wanta yeroodhaaf keessa turan yookiis boqotan malee, ijaarsa jabaa iddoo ga'ee ijaarame miti; kanaaf macaafa qulqulluu keessatti dhagni namaa inni lubbuun yeroodhaaf keessa jiraattu godoo jedhamee waamameera. Egaa inni "Godoon jireenya keenyaa yoo jige" jedhu, foon keenya inni lubbuun yeroodhaaf keessa jiraattu yoo du'e jechuu dha; 2Qor 5:1.

Godoo qulqullaa'aa: - Dunkaana (godoo) isa Museen fakkeenya isaa argee, akkasitti ijaarsise, isa sanduuqi kakuu inni abboommii kurnan baatu keessa ta'uu dha; isa keessaa kutaan lammaffaan inni golgaa duuba jiru "Iddoo isa hundumaa irra caalaa qulqulluu" in jedhama; Ibr 9:3.

Gogaa dungamaa: - Bara duriitti gogaa re'ootaa fi hoolotaa duuganii qopheessanii isa irratti in caafu turan; kanaaf Phaawulos ergamaan waa'ee macaafa isaa isa gogaa akkasiitti caafamee in dubbata; 2Xim 4:13.

Gonfoo baala irraa hojjetame: - Bara duriitti nama dorgommee gara garaa keessatti mo'uuf geengoo baalaa yookiis daraaraa battee dha'anii mataa isaa irra in ka'u; kunis milikkita lalisuu, mo'uu, dura ba'uu in argisiisa ture; milikkita kanas akka gonfootti mataa namichatti in kaa'uuf turan; 1Qor 9:25.

Gordommaa (ayyaana):- Warri Yihudootaa akka lakkoobsa isaaniitti dhuma waggaa irratti yookiis jalqaba waggaa haaraatti ayyaana Gordommaa isa jedhamu guyyoota torbaaf in ayyaaneffatu; yeroo ayyaaneffatanis damee muka meexxii, akkasumas baala adda addaatiin gaaddisa hojjetanii keessatti in ayyaaneffatu; kunis seenaa bara lafa onaa keessatti abboonni isaanii godoo keessa jiraachaa turanii yaadachuuf ture; kana malees ayyaanni kun ayyaana yeroo midhaan sassaabamu ayyaaneffatan ture kan jedhamus jira; Kes 16:13-15.

Haadha warraa: - Waldaa kristiyaanaa akka haadha warraa ishee maatii hundumaa walitti qabdee eegdnutti fakkeessee dubbata malee, dubartii

ijoollee qabdu jechuu isaa miti; 2Yoh lak. 1,5 ilaali!

Haaleluyaa: - Afaan Yihudootaatti sagalee galata ittiin dhi'eessan waan ta'eef, macaafa qulqulluu keessatti hiikaa afaan garaa garaatti fudhatameera; hiikaan isaa "Waaqayyoon jajadhaa!" jechuu dha; Far 106:1; Mul 19:6 ilaali. Iddoo biraatti garuu hiikaa isaa "Waaqayyoon jajadhaa" isa jedhutu galc.

Hafuura hamaa: - Ergamaa Seexanaa isa ijaan hin mul'anne, garuu humna ittiin nama miidhu qabuu dha; Mar 1:23.

Hafuura isaa kenne: - Lubbuu isaa isa hafuuraa, jaalala isaatiin in kenne jechuu dha; Mat 27:50.

Hisoophii:- Biqiltuu foolii jabaa qabu, isa dur akka qorichaatti namoonni ittiin hojjechaa turan tokkoo dha; baalli isaas sabakata waan qabuuf seera warra Yihudootaa keessatti waan tokko qulleessuudhaaf baala biqiltuu kanaan dhiiga itti in facaasu turan; Bau 12:22-23.

Hojii adeemsiftuu: - Nama hojii tokko irratti itti gaafatamuun kennameef, qooda abbaa hojichaa ta'ee waan hundumaa qajeeltootti hojjetamuu isaa duukaa bu'uu dha; kanaan duraa isa "Mana eegduu" jedhamee hiikamee dha; Luq 16:1.

Hosaa'inaa: - Sagalee jajannaa ti; hiikaan isaa "Fayyisi hadaraa!" yookiis "Gargaari hadaraa!" jechuu dha; Mat 21:9.

Iddoo aarsaa: - Mana qulqullummaa keessaa lafa itti aarsaan tokko Waaqayyoof dhi'eeffamu. Fakkeenyaaf mana qulqullummaa keessatti iddoon itti ixaanni, akkasumas foon borii qalmaa gubatee aarfamu jira. Akka mana kadhataa warra kristiyaanaatti immoo iddoo itti galata yookiis kadhata Waaqayyotti dhi'eessan jechuu dha; Bau 27:1; His 43:13; Mul 8:3.

Ilma Daawit: - Warri Yihudootaa Masiihii isa in dhufa jedhanii eeggatan sanaan ilma Daawit jedhu turan. Sanyii Daawit keessaa dhalatee, teessoo mootummaa isaas fudhachuudhaaf jira jechuu isaanii ti; Yesus Masiihichi sanyii Daawit keessaa dhalate; Mat 9:27.

Ilma oamaa: - Maqaa Yesus ittiin of waamuu dha. Yesus yeroo waa'ee ofii isaatii gad of deebisee, dubartii irraa dhalatee, foon uffatee mul'achuu isaa argisiisu "Ilma namaa" jedhee of in waama; Mat 8:20.

Istoyikos: - Garee warra "Gammaduun waan namatti tolu argachuu dha, dhukkuba malees jiraachuu dha" jedhanii ti; isaan kun ogummaa biyya lafaa kana qoranii duukaa bu'u; HoE 17:18.

Itoophiyaa:- Sagaleen kun macaafa qulqulluu keessatti si'a 14 argama (As 1:1; Far 68:31; HoE 8:26-40). Afaan Ibrootaatti "Kuush" jedhama. Itoophiyaa jechuun afaan Griikiitti "Biyya saba magaalaa" yookiis "Biyya saba fuula gurraachaa" jechuu dha. Sagalee Kuush jedhu ilaali!

Kiruubel: - Maqaa kutata ergamoota warra waaqa irraa tokkoo ti; kutata sana keessaa ergamaan tokkichi Kiruubel in jedhama. Kutati ergamootaa inni tokko inni yeroo baay'ee kutata isa kanaa wajjin waamamu immoo, "Surraafel" isa jedhamuu dha; isaan kana keessaas tokkichi "Surraaf" jedhamee in waamama; Uma 3:24; Isa 6:2.

Kuush: - Sagaleen kun macaafa qulqulluu keessatti si'a 43 argama. Sagaleen "Kuush" jedhame kun akkuma macaafa qulqulluu keessatti iddoo danuutti "Kuush" jedhame (Uma 2:31; Isa 18:1; Er 46:9). Akkuma biyyi Gibxii, Sooriyaan, Saabaan, Baabilonis maqaa isaaniitiin waamaman kunis "Kuush" jedhame. Kakuu moofaan waggaa 200 dhaloota Kristos dura afaan Ibrootaa irraa afaan Griikiitti yommuu hiikame sagalee "Kuush" jedhame kana "Itoophiyaa" jedhame. Kanaaf si'a tokko tokko hiikaa afaan Dromoo keessattis sagaleen kun "Itoopbiyaa" jedhame (As 1:1; Far 68:31; HoE 8:26-40). Itoophiyaa jechuun afaan Griikiitti "Biyya saba magaalaa" yookiis "Biyya saba fuula gurraachaa" jechuu dha.

Kristos: - Afaan Griikiitti Kristos jechuun "Isa dibame" jechuu dha. Isa afaan Ibrootaatti "Masiihii" jedhamutu, afaan Griikiitti "Kristos" jedhame; kanaaf maqaan ulfinaa kun maqaa gooftaa keenyaa isa dhalootaatti dabalamee "Yesus Kristos" jedhamee ittiin waamame; An 3:13; Zak 9:9; Yoh 4:25.

Luboota warra angafoota: - Luboota warra takka angafa lubootaa ta'anii hojjetanii, hojii hafuuraa, akkasumas yaa'ii warra Yihudootaa geggeessaa jiranii dha; 2Sen 36:14.

Maannaa: - Nyaata isa Waaqayyo lafa onaa keessatti nomoota Israa'eliif gad harcaafnaan bu'atanii nyaatan; inni waan akka sanyii midhaanii isa dafaqame fakkatuu dha; bifni isaas adii xixinnaa ture; Bau 16:14-16; Yoh 6:31.

Macaafa maramu: - Dur macaafni kakuu moofaa akka isa si'anaa kanatti walitti hodhama utuu hin ta'in, maramee waan ta'uuf "Macaafa maramu" jedhame. Yeroo dubbisuu barbaadan maraa isaa diiganii, yeroo kaa'anii immoo deebisanii in maru; His 2:9; Luq 4:17.

Maddaa-sibiilaa: - Sibiila akka uffachuuf ta'utti hojjetame; isa ecboo yookiis wanta dhagna namaa waraanu yookiis madeessu rukutee irraa deebisuu dha; Efe 6:14.

Mana Qulqullummaa:- Mana Waaqayyoo isa qulqullaa'aa namoonni itti Waaqayyoo wajjin wal arganii cubbuuttii qullaa'anii dha; inni kun biyya Israa'el keessaa mandara Yerusaalemitti kan ijaarame; luboonni lixanii aarsaa kan dhi'eessan waan ta'eef, gara caalu yeroo ayyaana gurguddaa sabni achitti walitti in qabama malee, torbee Sanbataa isa keessatti sagadan miti; 1Sen 17:4; 1Mot 5:3,5.

Mana buufata keessummaa: - Mana warri karaa adeeman yookiis keessummoonni bulan; innis akka isa bara si'anaa mana bunaa yookiis hoteela jedhamuu ti; Luq 10:34.

Mana mootummaa warra Roomaa: - Mana mootummaan biyya sana mo'u, kana jechuunis mootummaan warra Roomaa (Ixaaliyaa) ijaarsise, namni kutaa sana bulchu keessa jiraatu jechuu dha; Mat 27:27.

Mana sagadaa: - Mana itti warri Yihudootaa gaafa Sanbataa walitti qabamanii Waaqayyoof sagadanii dha; guyyaa lafoos ijoolleen isaanii achitti in baru; sagaleen isaa dur waldaa yookiis walga'ii jechuu waan ta'eef, mana waldaan itti walitti qabamu jechuu dha; Far 74:8; Mar 13:9.

Mana sagadaa warra hurrii ba'anii: - Mana namoonni warri garbummaa jala turaniii, luba ba'an itti walitti qabamanii sagadan jechuu dha; HoE 6:9.

Masiihii: - Afaan Yibudootaatti isa dibame jechuu dha; maqaan kun fayyisaa isa raajotaan abdachiifame sanaaf kenname; kanaaf Yihudoonni Masiihiin nu fayyisuudhaaf in dhufa jedhanii eeggachaa turan; Uma 49:10; Far 105:15.

Moleek:- Waaqayyolii tolfaman warra sabni Kana'aan waaqessaa turan keessaa inni tokko "Moleek"; iddoo tokko tokkotti immoo "Molook" jedhama ture; Bau 18:21.

Mootummaa Waaqaa: - Mootummaa, Waaqayyo inni waaqa irra jiraatu irratti mo'u jechuu dha malee, Waaqayyo waaqa irratti duwwaa mo'a jechuu miti; Mat 3:2.

Mootummaa Waaqayyoo: - Mootummaa isa Waaqayyo irratti mo'u; Mar 1:15.

Muka jireenya namaaf kennu: - Ija mukichaa nyaachu irraa kan ka'e namni jireenya argata jechuu dha; kanaan duraa muka jireenyaa jedhamee beekamaa ture; Uma 2:9; Mul 2:7.

Naardos: - Maqaa biqiltuu tokkoo ti; hidda biqilruu kana irraa urgooftuun dibataa in hojjetama; urgooftuun isaas maqaa biqilruu isa irraa hojjetame kanaa fudhatee "Naardos" jedhame; urgooftuun isaas baay'ee gati-jabeessa; Yoh 12:3.

Niqolaawota: - Garee jarreen tokkoo warra barsiifni isaanii fi hojiin isaanii tuffatame, Mul 2:6; 2:15 keessatti caafamee dha. Isaan waaqayyolii tolfaman waaqessuu fi ejjummaatti jiraachaa waan turan in fakkaata; barsiisa isaanii kana eenyu akka jalqabe garuu hin beekamne.

Of qulleessuu: - Akka seera warra Ibrootaatti bishaaniin waan alaa dhufu, wanta gabaadhaa bitamee dhufu hundumaa lolla'uun, isa qulleessuu dha; namummaa isaaniis akkasuma bishaan xinnoodhaan lolla'anii of in qulleessu. Kun seera amantii warra Ibrootaa keessatti baay'ee in eegama waan tureef, kana gochuu dhiifnaan akka waan xureeffamaniitti in lakkaa'u; Mar 7:1-5.

Omeegaa: - Maqaa fidala warra Griikii isa dhumaa ti; kanaaf isa dhumaa yookiis isa booddee jechuu dha; Mul 1:8, 21:6.

Phenxeqostee: - Afaan Griikiitti "Shantammaffaa" jechuu dha; guyyaa Phenxeqostee yommuu jedhu "Guyyaa shantammaffaa" jechuu dha. Faasiikaan isaanii ba'ee gaafa guyyaa shantammaffaa, warri Ibrootaa ayyaana "Qamadii itti galfatan" in ayyaaneffatu. Du'aa ka'uu Yesus booddee gaafa guyyaa shantammaffaa hafuurri qulqulluun bartootaaf waan bu'eef, kristiyaanonnis amma Faasiikaa yookiis guyyaa ayyaana du'aa ka'uu booddee guyyaa shantammaffaa ayyaana hafuurri qulqulluun itti bu'e seenaa isaa in ayyaanessu; HoE 2:1.

Qaraxxuu: - Nama qaraxa fuudhu; biyyi Israa'el bara kakuu haaraatti harka mootummaa warra Roomaa jala waan turteef, namoonni tokko hojii qaraxa fuudhuu mootummaa sana irraa dugda bitatu. Kana jechuunis mootummaadhaaf waggaatti "Hammas in galchina" jedhanii walii galanii jalqabu, saba sana irraa garuu ol kaasanii irraa fuudhu. Kanaaf isa irraa hafu ofiif walitti qabatu; egaa caalchisanii namoota irraa waan fuudhaniif, Yihudoota gidduutti cubbamootatti in lakka'amu; Luq 18:11.

Qnrbaana:- Afaan Ibrootaatti galchii yookiis kennaa Waaqayyoof addaan baafamee dha jechuu dha; Kes 18:1; His 44:29.

Raajii:- Nama wanta ta'uuf jiru duraan dursee in ta'a jedhee dubbatu; caaffata qulqullaa'aa keessatti baay'een waa'ee karaa fayyina ilmaan namootaaf duraan dursanii dubbataniiru; isaan "Raajota" jedhamanii in waamamu; Uma 20:7; Kes 13:1.

Rabbii: - Afaan Ibrootaatti "Barsiisaa koo" jechuu dha; Mat 23:7.

Saduqoota: - Garee amantii warra Yihudootaa cimsan keessaa isa xinnaa tokko; garee isaanii keessa warri jiran baay'een luboota. Saduqoonni macaafota seera Musee in fudhatu, garuu du'aa ka'uun, ergamaan Waaqayyoos hin jiru warra jedhanii dha; HoE 23:6.

Sanbata:- Guyyoota torbanii keessaa isa torbaffaa dha; guyyaa ayyaanaa, guyyaa itti hojiin hin hojjetamnee dha; kunis immoo isa nuyi "Sanbata duraa" jennee waamnu, isa warri Yihudootaa ayyaaneffachaa turanii dha; Bau 20:8-10.

Seera Musee: - Seera isa fedha Waaqayyoo mul'isuudhaaf Museetti himamnaan, inni caafee dha. Macaafonni kakuu moofaa warri duraa shanan, seera Musee in jedhamu; takka takkas macaafonni kakuu moofaa hundinuu iyyuu maqaa kanaan in waamamu; Yoh 1:17.

Shurrubbee: - Qodaa akka masaaqulaa keessaan argamu urgooftuun itti nam'ee cuqqaalamee gurguramuu dha, Mat 26:7.

Silqqee:- Ulee qal'aa qajeelaa dha; macaafa qulqulluu keessatti garuu ulee mootummaa yookiis aboo argisiisuu dha; Uma 49:10.

Teessoo araaraa:- Iddoo Waaqayyo itti argamee araara kennuu dha; teessichi sanduuqa kakuu sana irra yommuu ta'u, fakkeenyi ergamoota ulfinaa baalleedhaan iddoo sana golboobanii jiru; Bau 25:17.

Ulee Aaron isa late:- Museen maqaa gosa ilmaan Israa'eliin ulee tokko tokko akka itti kennan gaafate, isaanis itti fidanii turan; inni uleewwan sana walitti qabee keenyaan, uleen Aaron inni maqaa gosa Lewwiitiin kaa'ame latee argame; kanaaf Aaron in fo'ame; Lak 17:8-10.

Warra Waaqayyoof qulqullaa'an: - Amantoonni Waaqayyotti amananii dhiifamuu cubbuu isaanii argatan "Waaqayyoof qulqullaa'an" jedhamaniiru; namoota keessa qulqulluun hin jiru, garuu warra Waaqayyo duratti akka qulqullootaatti ilaalaman jechuu dha; HoE 9:13.

Warra akka seeraatti hiin jiraanne: - Warra jireenya isaanii keessatti wanta seerri dhowwu hojjetanii, wanta seerri hojjedhaa jedhu immoo dhiisan jechuu dha; warri akkasii Ibroota gidduutti tuffatamoo dha; Mat 9:10.

Warra saba Waaqayyoo hin ta'in: - Sabni Israa'el bara Abrahaamii jalqabanii saba Waaqayyoo waan jedhamaniif, saba Israa'el warri hin ta'in hundinuu saba Waaqayyoo hin taane. Saba biraa keessaa amantiidhaan warri dabalaman saba Waaqayyoo yoo ta'anii iyyuu duraan saba isaa hin turre jechuu dha.

Xiraanos: - Xiraanos maqaa namicha beekamaa tokkoo ti; amala warra beekumsa Griikii fudhatee keessatti iddoo tokko tokkotti barsiisuudhaaf yookiis walitti yaa'anii mari'achuudhaaf mana bal'aa in qabaatu. Phaawulos ergamaan Efesoonitti mana maqaa Xiraanosiin waamame tokko keessatti barsiisaa ture. Namichi manni kun maqaa isaatiin waamame kun garuu barsiisaa yookiis abbaa manichaa akka ture hin beekamne; HoE 19:9.

Yaa'ii warra Yihudootaa: - Yaa'ii yookiis walga'ii isa guddaa dhimma warra Yihudootaa hundumaa ilaalee murtoo itti godhuu dha. Warri yaa'ii sana keessa taa'anis luboota warra angafoota, maanguddoota warra fo'aman, barsiisota seeraas turan; Luq 22:66; Yoh 11:47.

Yesus: - Afaan Ibrootaatti "Yeshu'aa" jechuun "Waaqayyo fayyina yookiis fayyisaa dha" jechuu dha; kanaaf yeroo Masiihichi dhalatutti maqaa isaa "Yesus" jedhanii akka moggaasan ergamaan Waaqayyoo dubbateera; Mat 1:21.

Yihudoota afaan Griikii dubbatan: - Yihudoonni warri iddoo mootummaan Griikii fi ogummaan Griikii ga'etti tamsa'anii, beekumsa isaanii fudhatanii afaan Griikii dubbatan; yeroo biyyatti deebi'anis amala keessatti guddatanii, ittiin barsiifaman sana in argisiisu. Yihudoonni iddoo baay'eetti biyya keessatti bittimfaman sanaan gargar baafamanii in waamamu; HoE 6:1.

Dhagaa Garaa Garaa

Dhagaa gati-jabeeyyii Mul'ata Yohannis 21:19-20 keessatti maqaa dha'aman; garuu afaan Oromootti maqaan isaanii waan hin beekamneef, tarree galchinee bifa isaanii gabaabaatti himuuf yaalleerra.

1. Yaasphiş dhagaa gati-jabeessa; bifa waaqaa qaba.
2. Safiiros bifa waaqaa isa keessaan waa argamu qaba.
3. Kaalqedon bifa waaqaa ta'ee toora toora qaba.
4. Simaaragidos bifa margaa ifaa qaba.
5. Sardoniikis bifa garaa garaa qaba.
6. Saardiyon bifa diimollee qaba.
7. Krisoliixos bifa dangaggoo qaba.
8. Beerilos bifa margaa isa ifaa qaba.
9. Tophaaziyon bifa daraaraa kelloo qaba.
10. Krisophraasos bifa margaa isa bobbora'aa qaba.
11. Hiiyaakinxos bifa waaqaa isa ifaa qaba.
12. Ametiisxos bifa dhiilgee qaba.

Milikkitoota Garaa Garaa

Milikkitoonni garaa garaa dubbisuuf waan nama gargaaraniif, afaan biraa keessaa ergifatamanii caafamaniiru; isaanis adduma addaan bojii qabu; bojii isaanii kanaa gaditti in mul'ifna.

1. , Namicha macaaficha dubbisuudhaaf waa'ee in baasa. Milikkita kana yeroo argutti, sagalee isaa xinnoo dhaabuudhaaf akkasumas wanta garaa garaa lakkaa'uuf sagaleewwan yookiis maqaawwan gidduutti gargar baasuudbaaf isa gargaara.

2. ; Yaada dubbatamu tokko keessatti, wanti milikkita kana duratti caafame dubbii akka hubatamutti dubbatamee dhaabachuu danda'e ta'uu isaa in mul'isa.

3. ? Milikkita gaaffii waan ta'eef, yaadni isa fuula dura jiru waan tokko kan gaafatu ta'uu isaa in mul'isa; namni dubbisus qooqa gaaffiidhaa ta'uun dubbisuun isa irra jira.

4. ! Milikkita dhageettii jedhama; dubbii sagalee guddaadhaan, abboommiidhaan, dinqisiifannaadhaan, jajachuudhaan, hawwa mul'isuudhaan dubbatamu booddeetti kennamee in argama. Kanaaf dhaaba dubbii milikkinni kun booddee isaa jiru, akka hiikaa inni kennutti dubbisuun barbaachisaa dha.

5. " " Wanta kanaan dura dubbatame yookiis haasaa namaa keessaa fudhatame, akkuma jirutti isa dhi'aate ta'uu isaa argisiisuudhaaf jalqabaa isaa fi dhuma isaatti in argama; wanti kanaan dura dubbatame yookiis baasaan nama tokkoo fudhatamee dabarfamaa utuu jiruu, jechi yookiis haa-

1. Dubbiin macaafa qulqulluu keessaa inni iddoo tokkoo isa kaanii wajjin quba wal qaba. Kanas namichi dubbisu wal ilaalchisee akka itti yaadni isaa wal fakkaatu arguudhaaf, hiikaa isaas walitti hubachuudhaaf akka danda'utti, kee'ata macaafa tokko tokkoo jalatti lafti wal fakkaatu lakkoobsa lakkoobsaan galfameera.

2. Kee'ata caaffataa jalatti milikkinni urjii " * " lakkoobsa tokkoo wajjin saan nama biraa gidduutti yoo itti galfame, milikkinni kun baaqqeedhaan isa gidduutti galfamee kana duraa fi booddeedhaan in kennama. Kana malees sagaleen yookiis maqaan tokko tokko kanaan dura amala ta'ee kan hin beekamne yoo argame, iji namicha dubbisu sanaa dafee akka irra buufatuuf milikkinni dirribiin yookiis baaqqeen kun duraa fi booddeetti in caafama; fakkeenyaaf "Ameen".

6. ( ) Dallaa; milikkinni "Dallaa" jedhamu kun caaffata keessatti yeroo mul'atu si'a baay'ee wanti isa duraatti dubbatame yookiis caafame tokko maal jechuu akka ta'e in argisiisa; takka takka immoo "Yookiis" jechuu dha.

7. [ ] Macaafa kana keessatti garuu dallaan kun dubbii caaffata macaafa qulqulluu warra dura harkaan gara galfaman keessaa hunda keessatti utuu hin ta'in muraasa keessatti kan argaman ta'uu isaanii argisiisuudhaaf kenname.

8. * Milikkinni "Urjii" jedhamu kun immoo lakkoobsa tokko booddeetti yoo argame, waa'ee kanaaf wanti dubbatamu yookiis hiikaan kennamu yookiis fakkaattiin isaa jiraatii, milikkituma urjii akkasii gara gadiitti barbaadi jechuu dha. Fakkeenyaaf macaafa kana keessatti dubbiin lakkoobsota tokko tokko booddeetti kennamee in argama; egaa xinnoo isbee gad hiiqee lakkoobsi milikkinni kun dhuma irratti itti kennameef milikkinni kun caafamee dubbiin isa kana fakkaatu macaafa qulqulluu keessaa iddoo biraatti eessatti akka argamu gaggabaabaatti argisiiseera.

Wal Ilaalchisa Dubbii Macaafa Qulqulluu

caafamu dubbii gararraatti lakkoobsa kana keessatti kennamee wajjin yaada wal fakkaatu mul'isa. Kanaaf lakkoobsicha ol deebi'ii ilaali, yaada isaas dubbisi, lafa haaraa inni itti argisiisuu wajjin wal bukkee qabi jechuu dha.

Kanatti aanee maqaan macaaficha yaadni isaa keessatti argamuu, fidala gabaabaadhaan in tuqama; lakkoobsi maqaatti aanu boqonnaa isaa mul'isa,

booddee immoo boqonnicha keessaa lakkoobsa isaa in argisiisa.

3. Maqaa macaafaa gabaabaatti utuu hin kennin lakkoobsa duwwaa yoo kenne immoo macaafuma kana keessaa boqonnaa yookiis lakkoobsa yookiis lachuu kennuu isaa ti.

4. : Lakkoobsota gidduutti milikkinni kun boqonnaa fi lakkoobsa gargar in baasa.

5. , Achuma boqonnaa sana keessaa lakkoobsa haaraa in argisiisa.

6. ; Boqonnaa biraa yookiis kutaa biraa lafa fakkaattiin yaada kanaa argamu in argisiisa.

7. - Lakkoobsota gidduutti muraan kun yoo argame lakkoobsa isa dura jiru irraa jalqabee hamma lakkoobsa isa booddee jiruutti adeema jechuu dha; muraan kun "hamma" jechuu dha.


ASHKENAAZ
Tulluu Araaraat
TUBAAL
Karkemiish
Kaaraan
PHAADAAN-AARAM
Nanawwee
Kalaa
MAADA'I
Tiifsaa
ASOR
Haamaat
Qaadesh
AARAM
Efraaxiis
Damaasqoo
Tulluu Hermoon
BAABILON
Xeegros
GALAANA (CIISA BISHAAN) GALIILAA
Baabel
Susaan
Raamoot-Gil'aad
Yordaanos
KALDOOTA
FAARES
MO'AAB
GALAANA SOOGIDDAA
ELAAM
Ur
Kiilo metrii
50 100 200 300
Sukoot
Qaadesh-Barne'aa
GOOSHEN
EDOOM
Gara bitaa
Maaraa
Elaat
Eliim
ARABA
Laga Abbayyaa
Tulluu Siinaa
MIŞRAAYIIM
Biyya Abrahaam keessa naannaa'aa ture



Biyya Phalestiinaa isa iddoo gosoonni Israa'el qubatan argisiisu



Phalestiina Bara Yesus Keessa


DALMAATIYAA
GALAANA GURRAACHA
Roomaa
Trees Tabeemee
Gabaa Ashiyos
Photiyoli
MAQEDOONIYAA
TRAAQEE
IXAALIYAA
Filiphisiiyus
Tasaloniiqee
Ne'apholiis
PHONXOS
Beriyaa
SAAMOTRAQEE
BITAANIYAA
MIISIYAAS
GALAATIYAA
Niqopholiis
Xro'aas
Pergamoom
Reegiyos
FIRIIGIYAA
QAPHADOOQIYAA
AKAAYYAA
Tiyaatiraa
ASIYAA
SIQIILIYAA
Simiirnaa
Saardes
Anxokiyaa
Qorontos
Ateenaa
Efesoon
Qolosaayis
Iqoniiyum
Seraakus
Lisxiraa
Derbee
QILIIQIYAA
Miilexos
PHISIIDIYAA
Xarsees
Ataalii'aa
Phergee
Qos
Knidees
Anxokiyaa
ROOOOOS
Phaakaraa
Gara bitaa
MALAAXIYAA
Miiraa
Seluuqiyaa
QAREEXIS
Finiiqee
QOPHROS
Salmoon
Salaamiis
KAAWUDAA
Lase'aa
Phaafoos
Hojii Wangeelaaf
Adeemuu Phaawulos
isa duraa fi isa lammaffaa
GALAANA MEDITERAANIYAN
Damaasqoo
Sidoon
Xiiroos
Qareena
Phetolemaayis
LIIBIYAA
Qiisaariyaa
Yophee
Yerusaalem
Adeemsa isa duraa
Adeemsa isa lammaffaa
Kiilo metrii
50 100 200 300
Iskindriiya
GIBXI
ARABA
© United Bible Societies, 1992

DALMAATIYAA
GALAANA GURRAACHA
Roomaa
Trees Tabeemee
Gabaa Ashiyos
Photiyoli
MAQEDOONIYAA
TRAAQEE
IXAALIYAA
Filiphisiiyus
Tesaloniiqee
Ne'apholiis
PHONXOS
Beriyaa
SAAMOTRAQEE
BITAANIYAA
Niqopholiis
MIISIYAAS
GALAATIYAA
Xro'aas
Asos
Pergamoon
Reegiyos
FIRIIGIYAA
QAPHADOOQIYAA
AKAAYYAA
Tiyaatiraa
ASIYAA
SIQIILIYAA
Filaadelfiyaa
Simiirnaa
Qorontos
Ateenaa
Efesoon
Laa'odiqeyaa
Iqoniiyum
Seraakus
Lisxiraa
Derbee
QILIIQIYAA
Miilexos
PHISIIDIYAA
Xarsees
Qos
Knidoos
Phergee
Anxokiyaa
Gara bitaa
MALAAXIYAA
ROODOOS
Phaakaraa
Miiraa
Seluuqiyaa
QAREEXIS
Finiqee
QOPHROS
Salmoon
Salaamiis
KAAWUDAA
Lase'aa
Phaafoos
Hojii Waaqeelaaf Adeemuu
Phaawulos isa sadaffaa, gara
Maqdara Roomaa dhaquu isaa
GALAANA MEDITERAANIYAN
Damaasqoo
Sidoon
Xiiroos
Qareenaa
Phetolemaayis
LIIBIYAA
Qiisaariyaa
Yophee
Yerusaalem
Adeemsa isa sadaffaa
Gara mandara Roomaa
dhaquu isa
Kiilo metrii
50 100 200 300
Iskindriiya
GIBXI
ARABA
© United Bible Societies, 1991